# BARNOOTA HERREGAA

## Qajeelcha Barsiisaa

**Kutaa 1**

ISBN 978-99944-2-153-4

Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Gatiin QrIT 13.35


BARNOOTA HERREGAA Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 1

MOE

# BARNOOTA HERREGAA

## Qajeelcha Barsiisaa

**Kutaa 1**




Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

# BARNOOTA HERREGAA

## Qajeelcha Barsiiaa

## Kutaa Tokkoffaa


**Barreessitootaa fi Gulaaltota**

Abarraa Balaay

Daadhii Asaffaa

Addaamuu Nyaaroo

Taaddasaa Gammachuu

**Madaaltota**

Xilaahun Alamuu

Aliyyi Uluu

Laggasaa Tarrafaa



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa**

**Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa**

Kan maxxanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti piroojektii fooyya'insa Barnoota walii-galaatiini dha. Piroojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati . Mirgi hundi eegamaa dha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yokiin haala labsii Ripaabillikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkoofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yookiin mirga ollummaan qabu eegsisuun kan inni hayyameef irraa barreeffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin itti gargaaramuuf kaawwachuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yookiin kuusuun dhorkaa dha.

Ministeerri Barnootaa qaamota, gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiioo, Lakkoofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

**Developed and Printed by**

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

**and**

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

**ISBN 978-99944-2-153-4**

# BAAFATA


**Boqonnaa 1 LAAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9TTI............ 1**

1.1 Lakkoofsota Lakkaawwii 1-5tti Fi Tartiiba Isaanii........................................ 2

1.2 Lakkoofsota Lakkaawwii 6-9ttii Fi Tartiiba Isaanii...................................... 11

**Boqonnaa 2 IDA'UU FI HIR'ISUU LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9TTI................................................................... 15**

2.1 Ida'uu Lakkoofsota Lakkaawwii Kanneen Ida'amni Isaani 9 Hin Caallee...................................................................... 16

2.2 Hir'isuu Lakkoofsota Lakkaawwii Hamma 9tti ........................................... 23

2.3 Ida'uu Lakkoofsota Lakkaawwii Sadii Kanneen Ida'amni Isaanii 9 Hin Caalee.......................................................................... 27

**Boqonnaa 3 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI ....................... 29**

3.1 Lakkoofsa Zeeroo ........................................................................... 30

3.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20ttii Fi Tartiiba Isaanii ................................ 32

3.3 Sirna Mana Lakkoofsotaa................................................................... 34

**Boqonnaa 4 IDA'UU FI HIR'ISUU HAMMA 20TTI............................... 37**

4.1 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti Ida'uu ................................................... 38

4.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti Jiran Hir'isuii ........................................ 41

4.3 Piroobileemota Hir'isuu Fi Ida'uu............................................................ 42

**Boqonnaa 5 YUUNIITOOTA AADAATIIN SAFARUU ............................ 44**

5.1 Safara Dheerinaa............................................................................. 45

5.2 Qabee Dhangala'aa Safaruu ................................................................. 47

5.3 Hanga Safaruu................................................................................ 48

**Boqonnaa 6 SEENSA FIRAAKSHINOOTAA** ........ 49

6.1 Walakkaawwan ........ 50

6.2 Kurmaanota ........ 51

**Boqonnaa 7 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTII LAMAAN BAAY'ISUU FI LAMAAF HIRUU** ........ 53

7.1 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti Jirani Lamaan Baay'isuu ........ 54

7.2 Lakkoofsoota Guutuu Hamma 20tti Jiran Lammaf Hiruu ........ 56

**Boqonnaa 8 SARAROOTAA FI DANAALEE SASSALPHOO** ........ 58

8.1 Sararoota Qajeeloo Fi Sararoota Jajalloo ........ 59

8.2 Danaalee Sassalphoo ........ 60

**Boqonnaa 9 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 100TTI** ........ 62

9.1 Baay'attoota 10 Hamma 100tti ........ 63

9.2 Lakkoofsota Hundaa 21 Hamma 100tti Jiran ........ 64

9.3 Tartiiba Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiranii ........ 65

9.4 Mana Lakkoofsotaa Hamma 100tti ........ 66

**Boqonnaa 10 MAALLAQA ITOOPHIYAA** ........ 68

10.1 Dinaarotaa Fi Noottiiwwan ........ 69

10.2 Hariiroo Saantimaa fi Qarshii ........ 69

**Boqonnaa 11 YEROO** ........ 71

11.1 Qoqqoodama Guyyaa ........ 72

11.2 Guyyoota Torbanii ........ 72

**Boqonnaa 12 QABANNAA DAATAAT FI PAATERNII** ........ 74

12.1 Giraafota Fakkii Sassalphoo ........ 75

12.2 Paatarnii ........ 76

***Silabasii Barnoota Herregaa Kuttaa 1ffaa*** ........ *78*

# BOQONNAA 1 LAAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9TTI

## SEENSA

Boqonnaan kun iddoo itti bartoonni herrega wajjin wal baran waan ta’eef jalqabumaa kaasee fedhiin barattootaa herregarratti akka gabbatuuf kutaa of eeggannoon cimaan itti godhamuu qabu dha.

Qophiin boqonnaa kanaa yeroo jalqabu wantoota ijoo ta’an keessaa tokko barattoota barsiisuuf yeroo kutaa seennu bartoonni keenya guyyaa jalqabaa mana barumsaa dhufuu isaaniifi dubbisuu fi barreessuu kan hin dandeenye ta’uu isaanii hubachuudha.

Barattoota dubbisuu fi barreessuu hin danda’an jedhaman kana yeroo barsiifnummoo magaalaa gurguddaa keessatti bartoonni oolmaa daa’immanii keessatti carraa barumsaa argataniifi bartoonni dandeettii addaa qaban akka jiran ilaalcha keessa galchuun jalqaba boqonnaa kanaarratti of eeggannoo cimaan godhamuu qaba.

Kana waan ta’eef utuu gara barumsa boqonnaa kanaatti hin seeniin dura, sadarkaa barattoonni keenya irra jiran beekuun barbaachisaa ta’a. Keessumattuu sadarkaan bartoonni keenya irra jiran kan baay’ee wal irraa fagaate yoo ta’e barumsa idilee akkamitti akka jalqabnuufi akka barsiifnu irratti tooftaa adda addaatti gargaaramuutu nurra jira. Sadarkaan bartoota keenyaa baayyee kan wal irraa fagaate ta’ee kutaa tokkichatti kan baratan yoo ta’e, yeroo tokko tokko bartoota oolmaa da’immaniitii dhufaniifi kanniin jalqabaaf mana barumsaa dhufan waliin makuun barsiisuu yeroo biroo immoo adda addatti barsiisuun kanniin yeroo jalqabaatiif mana barumsaa dhufaniif hojii dabalataa kennuun sadarkaa bartootaa walsimsiisuuf carraaquun barbaachisaadha.

Boqonnaa kana keessatti, ilaalchi barattoonni dubbisuu fi barreessuu hin danda’an jedhu waan fudhatameef, fakkii tokkon tokkon fulaarratti kennameef ibsi yookaan barreeffamni  kenname hin jiru. Kutaa kana keessatti wanti yaalame bartoonni ibsa barsiisaan deggeramuun fakkii kenname ilaalanii kaka’umsa akka horataniifi hubannaa akka argatan gochuudha.

Ibsi fakkii fuula fuulaatiif kenname akka miiljaleetti(footer) ka’amee jira.Ibsi kenname kun barsiisaa fi maatii barattoota  ni gargaaru jedhamaniit.

### Kaayyoo Gooroo

***Barumsa boqonnaa kanaa booda, bartoonni:***

- *Lakkoofsa lakkaawwii hamma 9’tti  jiran ni dubbisu, ni barreessuu.*

- *Lakkoofsa lakkaawwii hamma 9 tti jiran tartiibaan ni kaa'u.*
- *Lakkoofsa hamma sagaliitti jiran mallattoolee akka “<”, “>”, “=”’tti gargaaramuun waliin ni madaalu.*

## Meeshaalee deggersa barnootaa boqonnaa tokkoof barbaachisan

- Wantoota lakkoofsaaf gargaaran akka qorkii, baaqelaa, boqqolloo, elellaan, filaashii kardii lakkoofsi 1-9 irratti barraa’e, loomii, burtukaana, muuzii fi kanniin lakkoofsa barsiisuuf ta’anii naannootti argaman hundi ni ta’u.

### Madda dabalataa

Kitaabilee wabii ,wantoota daa’imman herrega barsiisuuf naannootti argaman kan lakkoofsi 0-9 irratti barra’an madda dabalataaf da’immanitti argisiisuun ni danda’ama. Keessumaa lakkoofsa barsiisuuf daa’imman umriin isaanii waggaa 7 gadi ta’aniif fakkii kitaabilee Afaan Ingiliziin barreeffaman keessaa filachuun lakkoofsa barsiisuun ni danda’ama. Fakkeenyaaf navnet publications numbers 0-9.

Naannoo kompiitarri mana barumsaatti argamutti immoo lakkoofsa 0-9 gurguddisanii kompiitaraan barreessuu fi galmee jechootaa. Encarta keessaa fakkii lakkoofsa barsiisuuf mijawoo ta’anitti gargaaramuun lakkoofsa barsiisuun fedhii bartootaa kakaasuun ni danda’ama.

Kana malees maddan Intarneetii akka **Primary resources.Org. u**k’n barumsa daa’immaniirratti dhiyeessa garagaraa nu argisiisuu danda’a.

# 1.1 LAKKOOFSA LAKKAAWWII 1-5tti FI TARTIIBA ISAANII

## Kaayyoo Gooree

***Barattoonni barumsa mataduree kanaa erga xumuranii booda:***

- wantoota qabatamoo fi fakkiilee adda addaa waliin ni madaalu, ni tartiibessu , ni firoomsu
- lakkoofsa 1-5tti jiran ni dubbisu.
- sagalee ol kaasuun lakkoofsota lakkaawwii xiqqaa irraa gara guddaattitti fi guddaatii gara xiqqaatti ni dubbisu.
- lakkoofsa 1-5 jiran ni barreessu.
- mallattoolee “<”, “>”, fi “=” addaan baasanii ni fayyadamu.

### Meeshaa deggersa barnootaa kutaa kanaaf barbaachisan

Kaardii Filaashii halluu garagaraa qaban kan lakkoofsi 1-5 jiran irratti barraa'e

Mata dureen kun barattootaafis ta'ee kitaabichaaf isa jalqabaa waan ta'eef mata duricha beeksisuuf xiyyeeffannoo guddaan kennamuu qaba.

### Mala baruu fi barsiisuu

## Gocha - 1

Jalqaba boqonnaa fuula jalqabaa gocha 1 irratti hojii iddoo lamatti hirame dalaguu

Buufata gara bitaa jiru keessatti fakkiileen garagaraa iddoo lama lamatti hiramuun teessifamanii jiru. Jalqabarratti fakkii lukkuu afurii fi fakkii lukkuu lamaatu mul'ata. Asirratti wanti xiyyeeffanno argachuu qabu jalqaba baratoonni fakkicha ilaaluun baayyee yookiin xinnoo jechuun adda baasu. Fakkeenyaaf lukkuu baayyee , lukkuu xinnoo jechuun fakkiilee buufata arfan irra jiran hundaaf erga adda baasanii booda duubatti deebi'uun hin caala hin caalu jechuun fakkii hundaaf dalagu.Fakkeenyaaf lukkuu diimoon lukkuu adii ni caalu. Lakkoofsi fakkii durbaa kan warra dhiiraa akka caalu qabachiisuuf gaaffilee armaan gadii gaafachuun ni danda'ama.

**Gaaffilee ka'umsaa**

Lakkoofsa lukkuu adiiwwanii fi diddiimoo keessaa kamtu caala?

Sangootaa fi saawwan keessaa lakkoofsaan kamtu caala?

Gaaffileen kunniinii fi kan kana fakkaatan bartoonni yaadarimee baayyee, xinnoo , ni caalaa, hin caaluu jedhu akka qabatan gargaara.

Fakkiilee gocha 1 irra jiranis akkuma armaan oliitti gaaffilee kaka'umsaa ni caala, hin caaluu, baayyee, xiqqoo jedhurra deddeebiin gaafachuun barsiisuun ni danda'ama.

**Hojii garee daree keessaa**

Bartoota daree iddoo lamatti hiruun bitaa fi mirga ilaaluun kun kooti sun keeti jechaa yaada rime baayyee, xinnoo jedhu qaabachiisuun ni danda'ama

### Addaan baasuu, waliin madaaluu fi firoomsuu

## Gocha 2

Kutaan jalqabaa fuula 2 gocha 2 jalatti bartoonni tokkoon tokkoon bineensotaa akka hubatan yeroo kenna.

-bartoota gaaffilee kaka'umsaa armaan gadii gaafachuun ni danda'ama

**Gaaffilee kaka'umsaa**

- Fakkilee maalfaatu isinitti mul'ata?
- Fakkiin hoolaa eessa eessatti argama?
- Fakkiin saawwanii eessa eessatti argama?
- Fakkiin saree eessa eessatti argama?

Bartoonni fakkiilee beelandoota tuuta keessatti argamanirratti maqaafi iddoo beeladonni itti argaman addaa baasuu yoo danda'an lakkoofsa isaanii addaan baasuuf hojii dorgomsiisaa armaan gaditti kenname dalagu.

**Gilgaala 1**

**Gaaffilee ka'umsaa**

Fakkii hoolaa meeqaatu jira.

Fakkii saroota meeqatu jira.

Gaaffii Kamtu baayyeedha, sarootamoo hoolota?

Bartoonni fakkiilee tuuta keessatti argaman akka walmadaalchisan gaaffilee garagaraa gaafadhaa. Amma bartoonni yaada rime baayyee xinnoo jedhu akka ni caala hin caalu jedhuun akka debbisan gargaaruu.

**Lakkoofsa 1-5tti jiran adda baasuu**

## Gocha - 3

Gocha 3 jalatti gara bitaatti fakkilee adda addaatu mul'ata.

Barattoota kakaasuuf gaaffilee armaan gadii gaafachuun ni danda'ama.

**Gaaffilee kaka'umsaa**

- Fuulicha irratti fakkiilee maaliifaatu mul'ata?(kitaaba barataa fuula 3 Gocha 3)
- Fakkiilee kanniin keessaa kamtu baayyeedha?

Gaaffileen kaka'umsaa kun erga gaafatamanii booda bartoonni hundi sagaalee ol fuudhanii lakkoofsa 1-5 jiran akka lakka'an jajjabeessuufi darbee darbee barattoota tokko tokko kakaasuun akka isaan lakkoofsa 1-5 jiran lakka'an gochuun hamilee isaanii cimsa.

-Gochi itti aanu bartoonni baayyina fakkiilee lakkoofsa cina fakkiilee jiru wajjin akka firoomsan gochuu ta'a.

## Gaaffilee

- Lukkuu meeqatu jira?
- Gaffichaan booda 1, 2(tokko, lama) jedhanii akka lakka'an gochuun gaariidha.
- Saawwan meeqatu jira?
- Gaaffichaan booda 1,2,3,4,5 jedhanii akka lakka'an jajjabeessuu

Filaashii kardii lakkoofsa 1-5 jiran qabate bartootatti argisiisuun bartoonni sagalee ol fuudhanii suuta barsiisaa wajjin akka dubbisan gochaa akka bartoonni boca lakkoofsotaa ilaalan gochuun hubannoof isaan gargaara

Barsiisaan dabalataan bartoonni boca lakkofsaa akka hubataniif boca lakkoofsotaa qilleensa irratti yaadaan itti argisiisuun dabalanii gabatee gurraacharratti guddisanii barreessuun argisiisuun bartoonni hundi lakkoofsa tokko qilleensa irratti akka agarsiisan gochuu itti aansuun lakkoofsa 2 bartootaa wajjin qilleensarratti argisiisuuf yaaluu, akkasumas bartoota tokko tokko kaasuun akka isaan lakkoofsa 2 qilleensarratti argisiisan gochuun akka bartoonni boca lakkoofsotaa hubatan gargaara.

Gocha - 4 jalatti fakkii qubaa lakkoofsa garagaraa qabantu mul'ata.

Gara fuulduraatti bartoonni akka isaan quba isaaniitiin herregan gochuuf shaakala armaan gadii gochuun ni gargaara.

### Gocha 4

**Gocha dabalataa daree keessatti hojjetamu**

1. Qubaan agarsiisaa lakkoofsa tokko sagalee ol fuudhanii waamu
2. Qubaan agarsiisaa lakkoofsa lama sagalee ol fuudhanii waamu. Irra deddeebiin bartoonni qubaan agarsiisun lakkoofsota 1-5 jiran akka lakka'antu taassifama.

**Gaaffii kaka'umsaa**

-baratootaa quba sadii agarsiisaa

-baratoota quba shan agarsiisaa

Haala kanaan bartoonni lakkoofsa 1-5 jiran sagalee ol fuudhanii yeroo jedhanitti akka qubaan agarsiisaa lakkoofsa waaman taassifama

## Hojii garee

Dabalataan bartoota shan daree dura baasuun iddoo lamatti hiranii fakkeenyaaf 1 fi 4'tti , as barataa meeqatu jira? Asoo meeqatu jira? jedhanii gaafachuun akka isaan lakkoofsa 1-5 jiran shaakalan gochuun ni danda'ama


## Gilgaala 2

Asirratti miseensa tuuta keessa jiran lakkaa'anii akka isaan lakkoofsa 1-5 jiran wajjiin firoomsantu eegama.Bartoonni kitaaba shaakalaa(working book)kan hin qabne yoo ta'e barsiisaan gaaffii tokko tokko dabtara bartootaatti galagalchuun yookiin akka haalli toletti baayyisee kennuun kaayyoon barumsa kutaa kanaa galma akka gahu gochuutu irraa eegama.

## Gocha dabalataa

Hamma ammaatti bartoonni afaaniin sagaleessuu fi lakkoofsa wantootaa himuu ni danda'u. Gochi itti fufu boca lakkoofsotaa shaakaluu yeroo ta'u geengoo walakkeessa jiru keessatti

lakkofsi 1-5 kan barreeffaman yeroo ta'an geengolee isa walakkaatti naanna'an keessa sararoota jiran wajjin lakkoofsota sararaan walitti firoomsuu shaakalu. Hojiin kun caalmaatti akka galma ga'uuf  dabtara bartootaarratti kan armaan gadii shaakaluun ni danda'ama.




- Amma dabtararratti hojii waliin firoomu akka shakalaatti hojechiisuun ni danda'ama.

**Hubachiisa**

'Work sheet' iddoo hin jirretti yeroo tokko tokko barsiisaan akkamitti akka dabtara isaanii irratti akka deebisan qajeelchuu hojii dabalataa ta'uu danda'a.Yeroo tokko tokkos barsiisaan gaaffilee kana dabtara barataarra akka kaa'u gochuu jiraachuu danda'a.

## Gocha 5

Kutaalee darban keessatti bartoonni lakkoofsota 1-5 jiran dubbisuufi wantoota garagaraa wajjin firoomsuu danda'anii jiru. Kutaa kana keessatti immoo bartoonni qorkii hedduu akka gara mana barumsaa fidan gochuun akka isaan iddoo tokko qorkii tokko, iddoo biroo qorkii lama, sadii, afur, shan kaa'an gochuun irra deddeemuun as qorkii meeqatu jira, achimmoo meeqatu jira jechuun gaafachuudha.

Gocha kana baaqelaa hedduu iddoo shanitti qooduun wantoota naannoo jiru faana akka isaan gochuun dalagn ni danda'ama. Yoo argame immoo callee hedduu fiduun iddoo shanitti ramaduun meeshaa wajjin akka isaan firoomsan gochuun ni danda'ama.

## Gocha dabalataa

Filaashi kaardii lakkoofsa 1 - 5 irratti barreefame qopheesuun barattoonni lakkoofa qorkii lakkoofsa kaardiirra jiraan wal qixa ta'e, filaash kardicha irra akka kaa'an gochun ni danda'ama.

## Gilgaala 3

Hojiin kutaa kana keessatti hojjetamu muuzii lakkaa'uun lakkoofsa wajjin firoomsuudha.

Bartoonni hojii kana hojjechuuf kitaaba isaanii irratti barreessuun waan hinbarbaachisneef fakkilee akka gararraa jiranitti barsiisaan salphumatti dabtara irratti galagalchuun hojii firoomsuu hojjechuun ni danda'ama.

## Gilgaala 4


**Gocha firoomsuu addaa**
kitaaba barataa irratti fakkii garagaraatu argama. Bartoonni miilla fakkiiwwanii akka lakkawan gochuun lakkoofsa 2 yookiin 4 wajjin akka firoomsan barsiisaan bartoota gargaaruu qaba.

## Shaakala barreessuu

## Gilgaala 5

Fuula kana irratti bartoonni mallattoolee jiran akka barreessan taassisu. Yeroo kanatti barsiisaan gargaarsa armaan gadii barattootaaf kenna.

Mallattoolee bu'uuraa gilgaala barreessuuf gargaaran dabtara isaanii irra kaa'uun akka hojjataniif jalqaba mallattoolee tuqaan ka'aman irra qalamaan akka deebi'an gochuu, itti aansuun immoo fakkeessanii akka barreessaniif irra deddeebiin hojjechiisuu.



Mallattoolee bu'uuraa kanniin irra deddeebiin shaakaluun barreeffama shaakaluun ni danda'ama. Hojiin kun yeroo tokko qofa hojjetamee kan raawwatu utuu hin taane irra deddebiin guyyaa adda addaa shaakaluun akka bartoonni dafanii barreeffama isaanii fooyyessan gargaara.

## Gilgaala 6

Sararoota kanatti aansuun lakkoofsa 1-5 jiran tuqaa tuqaa gochuun barreessuun akka bartoonni irra deeb'uun shaakalan erga taassifamee booda akka isaan lakkofsota kana fakkeessuun barreessan gochuun ni danda'ama.

Akka haalli mijatetti shaakala barreessuu gochuuf barsiisaan shaakala barreessuu kitaaba keessatti argaman qalbiin galagalchuun yookiin fotokoppii kaasuun barattootaa raabsuun shaakala barreessuu saffisiisuu danda’a.

Kitaabileen shaakalaa(work books) jiraatee barattootaaf kan kennamu yookiin kan raabsamu yoo ta’e shaakala barreessuu caalmaatti saffisiisuu danda’a.

**Gilgaala 7**

## Hojii lakkaa’uu

Fakkilee bunaa kitaaba baratаa irra jiran lakkaa’uun lakkoofsa isaa irra deddeebiin lakkaa’uu shaakaluu

**Gilgaala 8**

**Fakkii lakkaa’uun barreessuu**

Fakkiilee kitaaba barataa jalqaba irra jiran ilaaluun jalqaba akka bartoonni jechaan lakkaa’anii deebii isaanii dareetti himan gochuun jalqabuun ni danda’ama. Itti fufuun lakkoofsa fakkiilee mallattoo lakkoofsaan akka barreessan gochuuf barsiisaan wanta bartoonni barreessan eessatti akka isaan barreessan agarsiisuun deggersa gochuu qaba.

**Tartiiba lakkoofsotaa gara duraa fi gara boodaatti lakkaa’uu**

Tartiiba lakkoofsotaa kana addaan baasuuf dhiyeessa garagaraa hordofuun ni danda’ama. Gocha irratti sadarkaa ol ba’uun tokkoo hanga shaniitti jechaan akka isaan lakka’an erga taassisamee booda haala isaan sigigaachoon itti bu’an gabatee gurraacha irratti agarsiisuun akka isaan 5 kaasanii hamma 1’tti lakka’an shaakalchiisuu.

**Gocha dabalataa**

## Hojii garee

Bartoota shan shan (garee lama dura baasuun inni jalqabaa 5 inni itti aanu 4,3,2,1 jechuun akka isaan walharkaa fuudhanii lakka’an garee lama gidduutti dorgommii geggeessuu.

**Gocha - 6**

**Gara olii fi gara gadiitti tartiibaan barreessuu**

## Hojii gochaa

Bartoonni fakkiilee sadarkaa jala lakkoofsa 1-5 jiranii fi mallattoo sigiggoo jala lakkoofsa 5-1 jiran akka isaan lakka’an gargaaraa

## Gaffii tartiibaa

**Gilgaala 9**

Bartoonni lakkoofsa 1-5tti jiran erga lakkaa’anii booda geengoo keessatti iddoo hirrate akka guutaan gochuu.

### Gilgaala 10

Tuuta fakkii keessa jiran lakkaa’uun gidduutti hojii lakkoofsota 1-5 barreeffaman wajjin firoomsuun hojjetu.

### Gocha 7

Fakkiilee tuqaan kaafaman irra deebi’uun yoo danda’ame halluun dibuun rog-sadee tuuta keessatti argaman lakkoofsa 1-5 geengoo keessatti argaman wajjin firoomsuu.

### Gilgaala 11

Fakkiilee lakkaa’uun lakkoofsa fakkiilee lakkoofsaan barreessuu shaakalu. Kana hojjechuuf bartoonni dabtara isaanii akkamiin akka gargaaraman itti agarsiisuutu barbaachisa.

Yeroof fakkiilee dabtara irratti galagalchuun rakkisaa ta’uu waan danda’uuf bartoonni lokkoofsa qofa yoo barreessan ga’aa ta’uu danda’a.

### Gocha waliin madaalchisuu 8

Hamma ammaatti bartoonni hojii lakkoofsa 5-1 jiran lakkaa’uu hojjechaa turanii jiru. Barumsa kana keessatti hojiin xiyyeeffatamu waliin madaaluu fi mallattoolee <, =,> addaan baasuu ta’a.

Akkuma armaan duratti godhame hojiin jalqaba hojjetamu tuuta lama xinnoo baayyee jechuun waliin dorgomsiisuu ta’a.

### Gocha - 8

## Gaaffii kaka’umsaa

Fakkiilee gocha 8 keessa jiran eeruun tuuticha keessaa kamtu caala? Gaaffii jedhu gaafachuun bartootatti kaka’umsa uumuun ni danda’ama.

Gocha 8 irratti tuunni gara bitaa jiran kan gara mirgaa jiran irra baayyatanii argamu. Kana waan ta’eef mallattoo (>)’n agarsiisuun ni danda’ama. Asirratti afaan mallattoo “>” gara tuuta isa guddaatti akka banamu agarsiisuun itti aansuun immoo mallattoo “<” barsiisuun innis afaan isaa gara isa guddaatti akka banamu hubachiisuun ni danda’ama

Asirratti marii kana salphisuuf fakkii naacha afaan banee jiruu kaasuun lakkoofsa guddaa gara afaan isaa kaa’uun hubachiisuun ni danda’ama.

Gochi itti aanu xiyya lakkoofsaa barsiisuu ta’a. Gabatee gurraacharratti xiyya kaasuun lakkoofsa 1-5 jiran tartiibaan irratti barreesuun ni danda’ama. Xiyya lakkoofsaa kana yeroo uumnu bartoonni

2>1, 3>2, 4>3, 5>4 akka hubatan gochuun dhumarratti akka isaan yaada 5>1, 4>1, 5>3 fi kana fakkaatan hubatan gochuun ni danda'ama.

## Gocha dareen alatti hojjetamu

Akkaataa haalli naannoo hayyamutti bartoonni dareen ala ba'uun barataan tokko lafa irratti xiyya kaasuun barataan biroon sararicharra akka tarkaanfatu gochuun bakka faana barataa sanaatti mallattoo gochuun tarkaanfii shaniif lakkoofsa 1-5 jiran duraa duubaan barreessun duraa duuba lakkoofsota 1-5 jiranii hubachiisuun ni danda'ama.

### Gilgaala 12

Lakkoofsa fakkiilee waliin madaalchiisuun mallattoollee hin caalaa,hin caaluu, walqixaa akka bartoonni gargaaraman gochuun bartoota shaakalchiisuun ni danda'ama.

### Gocha 9

Kutaa jalqabaa bartoonni mallattoo < , >, = sagalee ol kaasanii akka dubbatan gochuun kakaasuun ni danda'ama.

Guyyaa lammataa fakkiilee lakkaa'uun tuuta lammaan mallattoo <,>,=tti gargaaramuun waliin madaaluu.

### Tooftaale madaallii

Barattoonni barnoota kutaa xiqqaa kana jalatti kenname hammam akka hubatan beekuuf, tooftaalee garaa garaan fayyadamuun ni danda'ama.

1. Bartoonni quba harka isaanii kaasuun 1─5 lakkoofaa jiran sagalee ol kaasuun akka dubbisanii dabtara issaniirratts akka barreessan gaafachuu.
2. Burtakaana - 1, muuzii -2, fakkii manaa - 3, fakkilee qaruura lallaaafaa - 5, gabatee guraacharratti kaasuun baayyina tokkon-takkon isaanii jechaa fi lakkoofsaan akka ibsan gafachuu, akkasumas shaakala 13 fi 14 dabalataan hojii dareefi hojii manaatti kennuun hordofuu.

### Gilgaala 13

Lakkoofsota ilaaluun akka fakkeenya kennameetti sanduuqa kenname keessa mallattoolee

<,>, ykn = kaa'uun hojii wal madaalchiisuu hojjetu.

### Gilgaala 14

Tartiiba lakkoofsa 5-1 jiranii gara duubaatti bartoonni akka lakka'an gochuun shaakalicha keessaa iddoo lakkoofsota hir'atanii sanduuqa keessatti akka guutan barsiisaan gargaaraa bartoonni dabtara isaaniirratti galagalchatanii deebii akka barreessan gochuu.

Shaakala lammeen gararraatti eeraman hojjechuuf bartoonni gaaffilee gara dabtara isaaniitti akka galaglchatan gochuun hojii itti aanuuf shaakala ta'uu danda'a.

# 1.2 LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII 6-9TTII FI TARTIIBA ISAANII

***Bartoonni barumsa kutaa kanaa yeroo xumuran:***

- *Lakkofsa 6-9 jiran ni dubbisu.*
- *Lakkofsa 6-9 jiran ni barreessu.*
- *Duursaa fi itti fufaa lakkoofsa lakkaawwii kenname tokkoo ni murteessu.*
- *Lakkofsota lakkaawwii 1 – 9 jiran ni tartiibessu, waliin ni madaalu.*
- *Mallatto zeeroo ni gargaaramu.*
- *Lakkoofsota lakkaawwi 1 – 9 jiran xiyya lakkoofsaa irratti ni mul'isu.*

## Seensa

Barnoota darbe keessatti lakkoofsa 1 - 5 dubbisuu, lakkaa'uu fi barreessu baratanii jiru. Mata duree kana keessattis lakkoofsota dabalataan kan akka, 6, 7, 8 fi 9 addaan baasu baratu. Jalqaba bartoonni ja'a, torba, saddeet, sagal jedhanii sagalee ol kaasuun dubbisuu akka shaakalan gochuudhaan darbee darbees tokko tokkoon bartoonni lakkoofsota 6 - 9 jiran daree dura bahuun akka jedhan gochu.

**Gocha 10**

Tuqaalee lakkaa'uun lakkofsa fuuldura isaanii jiruu wajjin firoomsuu.

Bartoonni harka isaanii laman gargaaramuun akka lakoofsota 6 hamma 9 jiran lakka'an shaakalchiisuu.

lakkoofsota 6 hamma 9 jiran quba isaaniin qilleensarratti barreessuu akka shaakalan gochuu

## Tooftaale madaalli

Armaan olitti gocha 10 irratti lakkoofsota 6 - 9 jiran bartoonni hubachiisaani madaaluuf barsiisaan quba harka isaanii baasuun bartoonni baayina isaa akka agarsiisan gaafachuu, dabalataan gilgaala 15fi 16 gaafilee waliin firoomsuu daree keessatti 17fi 18 hojii manaan akka hojjetan gochuu.

## Gilgaala 15

Boca lakkoofsostaa beekuu isaanii addaan baasuuf gidduutti lakkoofsota 6 – 9 jiran tuqaalee wajjin sararaan firoomsuu.

## Gilgaala 16

Hamma ammaatti lakkoofsota 6-9 jiran barreessuun waan hin shaakalamneef ,fakkii tuuta keessa jiran lakkaa'uun lakkoofsota fuula dura jiran jechuun(6,7,8,9) itti maruun hojii lakkofsa sirrii ta'etti maruun hojjetu. Barattoonni Fakkii kana kaasuu waan hindandeenyef fakkii kana gabtee irratti kaasuun itti agarsiisuu.

## Gilgaala 17

- Fuula kanarratti bartoonni shaakala lakkofsota 6-9 jiranii akka barreessan taassisuu. Hojii kana hojjechuuf akka yeroo darbee tuqaa irra deebi'anii barreessuun itti aansanii lakkoofsota ilaaluun irra deddeebiin barreessuu shaakalu.

## Gilgaala 18

Lakkoofsota ilaaluun fuldura isaaniitti tuqaa lakkoofsota kennaman gitu kaa'uu.

## Gocha 11

Haala tartiiba lakkoofsaan lakkoofsa hir'ate guutuun lakkoofsota biroo tartiibaan kaa'uu shaakaluu.

## Lakkoofsota dursanii fi itti fufan

## Gocha 12

Gocha kana keessatti bartoonni lakkoofsota 1 - 9 jiran gara "duubaatti lakkaa'uu akka danda'aniifi jechaa dursaa lakkoofsa tokkoo" jedhuun wal barsiisuudha.

## Gilgaala 19

Hojiin as irratti hojjetamu lakkoofsa itti fufu guutuudha.

## Tooftaalee madaallii

Lakkoofsota 1 - 9 jiran keessaa dursaa kan isa kamiiyyu gaafachuun, barreessu fi dubbachuun akka deebisan gaafachuu. Dabalataanis gilgaala 20 fi 21 hojii mana kennuun dandeetti isaani madaaluuni ni danda'ama.

## Gilgaala 20

Gilgaala jalqabaa keessatti lakkoofsa itti fufu guutuu erga shaakalanii booda fakkeenya kennaman hordofuun lakkoofsa dursan iddoo duwwaa kenname guutuun hubannoo bartoonni tartiiba lakkkoofsaa irratti qaban cimsa.

## Gilgaala 21

Lakkoofsa ilaaluun hojii madaalchiisu akka hojjetaniif mallattoolee <, =, > iddoo duwwaa seeraan akka kaa'aniif hojii deggersaa raawwachutu hojjetama. Hojii kana hojjechuuf bartoonni gaaffii gara dabtara isaaniitti galagalchuun yoo deebii kennan gaarii ta'a.

## Gocha - 13

Hojii dabalataa wal-madaalchiisuu

Fuula kanarratti irra deebiin gocha wal-madaalchiisuutu dabalataan hojjetama. Fuula jalqabarratti biqiltuu gaattiraa magariisaatu mul'ata. Kanaan walqabatee kakaasuu barumsa guyyaa jalqabuuf bartoonni sagalee ol fuudhuun **Biqiltuu dhaabuun faalama qilleensaa ittisa.**

Yoo jedhan bartoonni ammumaan fedha uumama kunuunsuu akka horataniif gargaaruu danda'a.

Yaad-rimee mallattoolee <,>,= amma lakkofsota 6-9 jiraniif haa gargaaraman. Gaaffilee kanatu caala, sanatu caala yeroo barsiifnu baratoota keenya iddoo lamatti qoduun 'eenyutu biqiltuu caalmaan dhaabe? Jennee yoo gaafanne akka isaan adeemsa keessa kunuunsa uumamaa irratti hubannoo argatan gochuun ni danda'ama.

Mallattoolee seeraan akka kaa'aniif jalqabarratti lakkoofsa gaattiraa bitaa fi mirga jiran himu. Hojii kana hojjechuuf baartoota yaadaan bakka lamatti qooduun gareen mirgaa gaattiraa mirga irra jiru gareen bita ammoo kan bitaa akka lakka'uu gochuun xinnoo, baayyee jedhanii akka isaan miira dorgommii uummatan gochuun mallattoo ">" gara isa guddaa galagalchuun akka barreessan gochuun ni danda'ama. Mallattoo ">" shiboo yookiin mukarraa tolchuun akka bartoonni seeraan

gara isa guddaatti galagalchanii kaa'an gochuu ykn gabatee gurraacharratti fakkii gaattiraa lamaa kaasuun mallattoo qophaa'e baartoonni akka gabatichatti dhiyaatanii seeraan kaa'an gochuun bortoonni hafan immoo sirriidha, sirrii miti jechuun akka dubbatan gochuun baartoonni fayyadama mallattoo akka hubatan gochuun ni danda'ama.

### Tooftaalee madaalli

Baartoonni lokkoofsota 1 - 9 jiran hangam akka hubatan beekuuf gaafilee garagaraa gafachuun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf: Tolaan muuzii afur qaba. Arfanuu yoo nyaatee muuzii meeqatu hafaafii? kan kana fakaatan, dabalataanis gilgaala 23fi 24 irratti gaaffilee kennaman akka hojjetan gochuun madaaluun ni danda'ama.

### Gocha 15

- iddoo duwwaa fakkii gidduutti argaman keessatti lakkoofsota irra utaalaman guutuu
- xiyya lakkoofsaan ilaaluun lakkoofsa hirratan guutuu

### Gocha 16

## Tapha(hibboo) lakkoofsota kennaman walqabsiisuun fakkii maalii kaasuu dandeenya?

Baartoonni lakkoofsa 1 hamma 5 jiran sararaan walqabsiisuun dhumarratti gara lakkoofsa tokkootti deebi'anii wal argisiisuun fakkii uumamu akka hubatan gochuu.

Armaan duratti haala taphaan fakkiilee hojjetan jalatti kan ka'e waan ta'eef fakkilee lakkaa'uun lakkoofsa isaanii iddoo banaa kennamerratti akkamitti dabtara isaaniirratti akka guutan barsiisaan gargaarsa godha.

### Gilgaala 23

Fakkii lakkaa'uun lakkoofsa isaanii barreessuu.


### Hojii goolabaa

Boqonnaa kana keessatti baratoonni lakkoofsota 1 hamma 9 dubbisuu akka danda'an hojiin shaakalchiisuu hojjetamee jira. Hojii keessa deebii kitaaba barataa irratti kenname bartoonni yeroo hojjetan hammam sirrii akka ta'an baruun barumsa itti aanuuf hammam qophaa'oo akka ta'an irratti hubannoo nuuf kenna.


Dabalataaniis iddattoo armaan gadiitti fayyadamuun baratootaa gaaffii yaalii dhiyeessuun sadarkaa bartootaa gamaaggamuun ni danda'ama.


### Fakkiilee lakkaa'uun lakkofsaan ibsuu


1.



2.



3. 

4. 

5. Lakkoofsota itti fufan barreessu.

7 → 8 5 →


3 → 6 →

6. Lakkoofsa dursu barreessuu

4 → 5 → 9

→ 6 → 3

7. Waliin madaalchiisuu (< , =, >)



8. waliin madaalchiisuu (<, =, >)

5 3 9 6

3 2 5 8

9. Gabatee kenname irratti iddoo duwwaa guutuu

| | | |
|---|---|---|
| 1 | 2 | |
| 4 | | 6 |
| 7 | 8 | |

| | | |
|---|---|---|
| 9 | 8 | 7 |
| 6 | | 4 |
| 3 | 2 | 1 |

10. Gabatee kenname irratti iddoo duwwaa guutuu

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | | 3 | | 5 | 6 | | | 9 |

BOQONNAA 2

# IDA'UU FI HIR'ISUU LAKKOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9TTI

## SEENSA

Akkuma boqonnaa darbee boqonnaa kana keessattis bartoonni erga barumsa jalqabanii torban sadii kan hin caalle ta'uu isaafi bartoonni qubee fi lakkoofsa haalaan kan addaan hin baafanne ta'uun isaanii dhimma xiyyeeffannoo guddaa keessa galuu qabuudha.

Sadarkaa kanatti bartoonni yaad-rimee barbaachisu akka hubataniif kan duraa caalaa of eeggannoo cimaan godhamuu qaba jedhamee wanta yaadamu ta'a.

Boqonnaa kana keessatti bartoonni bu'aa barbaachisaa fidanii kutaa itti aanutti akka darbaniif tooftaan filatame fakkiirratti hundaa'uun herreguu ta'a. Boqonnaa darbe keessatti bartoonni lakkofsota 1-9 lakkaa'uu, dubbisuu fi barreessuu kan baran yeroo ta'u boqonnaalee hafan rakkoo fi danqaa tokko malee akka itti fufaniif yeroo yerootti shaakala dubbisuufi barreessuu lakkoofsota 1-9tti jiranii gochuun barbaachisaadha. Qajeelchaa fi ibsi tokkoon tokkoon kitaaba barataaf kenname barsiisaaf namoota barataa gargaaraniif kitaaba barataarratti kennamee jira.

### Kaayyoo Gooroo

***Bartoonni, barumsa boqonnaa kanaa booda:***

- *Lakkoofsota lakkaawwii lama kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle ni ida'u.*
- *Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9 tti jiranii fi kan hir'isaan hir'ataa hin caalle ni hir'isu.*
- *Lakkoofsota lakkaawwii sadi kanneen ida'amni isaanii 9 hin caallee ni ida'u.*

### Meeshaalee deggersaa barnootaa boqonnaa lamaaf barbaachisan

Meeshaalee naannootti argamanii ida'uu keessatti nu gargaaran kan akka (qorkii,baaqelaa,ellellaan, fakkiilee, kaardii, fuduraa fi kuduraa adda addaa)

Kitaabilee wabii, kitaabilee naannootti argamanii da'imman waggaa 7 gad jiran herrega barsiisuuf tolan. Kitaabileen kun afaan kamiinu yoo barreeffaman fakkii qofa irraa waanti hedduun baratamuu waan danda'uuf ni gargaaru. Fakkeenyaaf kan akka Navnet Books Mathematics age 7-9.

Toora Intarneetii Primary resource org.uk keessaa kitaaba wabii argachuun ni danda'ama

## 2.1 IDA'UU LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII KANNEEN IDA'AMNI ISAANI 9 HIN CAALLEE

### Kaayyoo Gooree

***Bartoonni barumsa mata duree kanaa baratanii yeroo xumuran:***

- *Lakkoofsa lakkaawwii hamma 5tti jiran lama kanneen ida'amni isaanii 5 hin caalle walitti ni ida'u.*
- *Lakkoofsa lakkaawwii hamma 9tti jiran kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle walti ni ida'u.*

**Meshaalee deggersa barumsaa mata duree kanaaf barbaachisan**
-wantoota ida'uuf gargaaran kan naannootti argaman (qorkii, baaqelaa, furtuu, kaardii)

### Seensa

Barumsa kutaa kanaa yeroo barsiifnu boqonnaa darbe keessatti wantoota bartoonni baratan keessa deebi'uun yoo jalqabne adeemsi baruu fi barsiisuu boqonnaa kanaa gaarii ta'a. Kanaaf akka gargaaruuf lakkoofsota 1-9 jiran bartoonni lakkaa'uu akka dandaa'anii fi lakkoofsota 1-9 jiran dubbisuu fi barreessuu akka danda'an ilaaluuf gaaffii garagaraa gaafachuun jalqabuun ni danda'ama.

**Gaaffilee kaka'umsaa jalqaba boqonnichaa**

- Lakkoofsa 1-9 jiran lakka'aa.
- **Filaash kaardii** lakkoofsota 1-9 jiran qaban baasuun bartoota tokko tokko darbanii darbanii gaafachuu.
- Baratoota tokko tokko daree duratti baasuun akka isaan lakkoofsoota1-9 jiran gabatee gurraacharratti barreessan taassisuu.

### Mala Baruu fi barsiisuu

### Gocha - 1

Gaaffileen kaka'umsaa armaan olii erga gaafatamee booda ogummaa lakkaa'uu baratoota hundaa baruu fi hojii itti aanutti darbuuf gocha 1 hojii daree kennuun ni danda'ama.Shaakala kanaaf

bartoonni lakkoofsa qofa dabtara isaani irratti yoo barreessan ga'aadha (fakkii akka galgalchatan bartootarraa hin eegamu).

Ogummaa lakkoofsa lakkaa'uu baratootaa, lakkoofsicha dubbisuu fi barreessuu guyyaa guyyaan jajjabeessuun barbaachisaa ta'a.

## Ida'uu

Barumsa ida'uu jalqabuuf wantoota naannoo jirutti gargaaraamuun hojjicha salphaa fi bartoota biratti akka salphaatti fudhatamu gargaara.

Yeroo tokko tokko wantooti qajeelcha kana keessatti heraman argamuu yoo baatan haala naannoorratti hundaa'uun wantoota naannootti argamanii bartoonni salphaatti hubachuu danda'anitti dhimma ba'uun ni danda'ama.

## Gocha Dabalataa

Horgoggee (doll) lama gama tokkoon horgoggee tokkommoo gama biroon kaa'uun jalqaba akka bartoonni tuuticha tokko tokkoon lakka'an gochuu. Itti aansuun tuuta lamman walitti makuun akka isaan lakka'an gochuun duubatti deebi'anii lamaafi tokko meeqa ta'a? jedhanii gaafachuu. Lamaafi tokko yaada jedhu jijjiiruun, lama ida'uu tokko jechuun gaafachuun ni danda'ama.

### Gocha - 2

Hojii kana lakkoofsa biraa fi wantoota biraatti fayyadamuun irra deddeebi'uun yaadichi akka caalmaatti hubatamu gargaara.


Asirratti wantoota sadii ala ykn si'a tokko hojjechuu akka qabnu hubachuutu nurra jira.

- *Tuuta tokko tokkoon lakkaa'uun lakkoofsa isaanii jalatti barreessuu*
- *Tuunni laman yeroo walitti makan meeqa akka ta'an lakkaa'uun barreessuu*
- *Lakkoofsaan booda sirna ida'uu 2+1=3 baratootaa wajjin dubbisuu*

Yaada kana shaakalchiisuuf gilgaala 1 akka bartoonni hojjetan gochuutu barsiisaarraa eegama.

Gilgaala tokko hojjechuuf sadarkaa kanatti bartoonni fakkicha kaasuu waan hin dandeenyeef gabatee gurraacharratti gaafficha gara tuqaatti jijjiiruun akka bartoonni dabtara isaaniirratti galagalfatanii deebii kennaniif jajjabeessuun barbaachisaa ta'a.

Fakkeenyaaf burtukanni 2 + burtukaana 1 akka armaan gadiitti dhiyeessuun ni danda'ama




## Gilgaala - 1

Bartoonni gocha 2 erga hojjetanii booda rakkinni bartootaa eessa akka jiru irratti hubannoo argachuun barbaachisaadha.

### Iddoolee rakkinni barattootaa sakatta'amuu qaban


Fakkii lakkaa'uu fi lakkoofsa fakkii barreessuu.

Erga walitti makanii booda ida'ama barreessuu dadhabuu.

Rakkinoota armaan olii sakatta'uun iddoo rakkinni jirurratti shaakala dabalataa kennuun ogummaa bartootaa fooyyessuu ni danda'ama.

Xiyyeeffannoon fuula kanaaf kenname wantoota tuuta adda addaa keessa jiran lakkaa'uun hima ida'uu barreessuu wajjin wanta walqabateedha.

Fakkeenyaaf



Ijoollee 3 ida'uu ijoollee 2ni ta'aa ijoollee shan fakkeenya jedhurraa hima ida'uu 3 + 2=5 akka hubatan gochuuf carraaqquun barbaachisaadha.

## Tooftaalee madaalli

Bortoonni yaadrimee zeeroo hubachuu isaanii akkasumas lokkoofsota 0 - 9 jiran hangam akka hubatan beekuuf gaaffilee garagaraa gafachuun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf: Tolaan muuzii afur qaba. Arfanuu yoo nyaatee muuzii meeqatu hafaafi kan kana fakaatanii, dabalataanis gilgaala 23 fi 24 irratti gaaffilee kennaman akka hojjetani gochuun madaaluun ni danda'ama.

Yaada kana ibsuuf jalqaba gilgaala 2 akka hojjetan gochuun barbaachisaa ta'a.

## Gilgaala - 2

Itti aansuun gilgaala 3 irratti immoo baratoonni hima fakkiin kaa'amaniifi lakkoofsaan kaa'aman waliin madaaluun iddoo duwwaa akkamitti akka guutan shaakalu.

Shaakalli kun bartoonni gara fulduraatti hima 3 + $\boxed{2}$ = $\boxed{\phantom{0}}$ jedhu akkamiin akka dhugoomsan irratti ka'umsa ta'uufii danda'a.

## Gocha - 3

Fuula kanarratti herregni ida'uu akka itti fufetti ta'ee xiyyeeffannoon addaa kennamuufiin kan irra jiru gaaffii 2+1, 1+2, 2+3, 3+2 fi wkf erga hojjetanii booda amala jijjiirraa iddoo kan ida'uu akka hubatan gochuu yommuu ta'u, yeroo kana garuu jecha "amala jijjiirama iddoo ida'uu"jedhu maqaa dha'uun barbaachisaa miti. Garuu gaaffilee gara garaa amala jijjiiraa iddoo ida'uun walqabate irra deddeebiin hojjechuun akka isaan gara murtii kenuutti dhufan haala mijeessuun ni danda'ama.

Fakkeenya gocha kan irra jiran erga hojjetanii booda fakkii fakkeenya cinaa jiruuf bartoonni akka ibsa kennan gochuun ni danda'ama

**Mucaan maalif kolfa?**

Sababiin isaa tarii yeroo 2+1 =1 +2 hojjetu walqixa taanaan dabalee 3+2 =2+3 hojjetus walqixa waan ta'aniif ta'a.

## Tooftaale madaallii

Gocha – 3 irratti ida'amtoonni iddo yoo waljijjiiranii ida'amni isaanii walqixaa ta'uu isaanii hangam akka hubatan beekuuf gaafii gara garaa gaafachuun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf: 2 + 3 fi 3 + 2 akkaataan taa'umsa isaanii maal akka fakkaatuu fi ida'amnisaanii meeqa jechuun gaafachuu. Akkasumas gilgaala – 3 akka hojjetan gochuun dandeetti baratootaa madaaluun ni danda'ama.

## Gilgaala - 3

Gilgaala 3 bartoonni erga hojjetanii booda haala barreeffama bartootaa gilgaala 3 irratti deebii gaaffileef kennaman bitaa fi mirgatti wanta isaanitti mul'atu gaafadhaa.

Deebiin gaafiilee 1 fi 4, 2 fi 5, 3 fi 6 walitti dhufeenya qaban barattoota gara garaa gaafachuun akka isaan yaada "amala jijjiiraa iddoo kan ida'uu" hubatan gochuun barbaachisaadha.

### Gocha dabalataa

Baratoonni akka kitaaba baratаa irratti agarsiifametti dhoqqeerraa callee ykn quba shan erga tolchanii booda 5 = 4 +1, 5 = 1+4 fi wkf hojjechuun amala amala jijjiiraa iddoo kan ida'uu yaaliin akka hubatan taasisaa.

## Lakkoofsa ida'amni isaanii 9 hin caalle ida'uu

## Seensa

Mata dureen xiqqaan kun kutaa lammaffaa yeroo ta'u kutaa jalqabaa keessatti lakkoofsota 1 hamma 5 jiranitti gargaaramuun hojiin ida'uu hojjetamee jira. Kanatti aansuudhan immoo lakkoofsota hamma 9 jiranitti gargaaramuun ogummaa ida'uu bartootaa gabbisuu ta'a.

**Gaffilee kaka’umsaa**

Boqonnaa darbe keessatti akka shaakalanitti bartoonni quba isaaniitti dhimma bahuun lakkofsa 1-5 akka ida’anii fi dabalataan lakkoofsa 6-9 jiran akka ida’an gaafadhaa.

## Gocha - 4

Bartoonni quba harka isaanii lakkaa’uun keessumaa lakkoofsa 5 irratti lakkoofsota 1,2,3,4 ida’uun akka walgaafachuun (5+1),(5 +2),(5+3),(5+4) itti hojjetan mari’achuun bayeessa.


Yeroo kana akkaataan itti lakka’an akka isaan jalaa wal hin dhoofneef quba 5 qofaan ida’uun ga’aa ta’a.

Kana mirkaneessuuf, bartoonni fakkeenyicha erga ilaalanii booda gilgaala 4 haa hojjetan.

## Gocha - 5

### Gadi ida’uu

Gocha kana irra fakkiilee jiran jalqaba hubachiisuun itti aansuun immoo cinaa fakkichaatti lakkoofsaa fi mallattoo barbaachisaa kaa’uun lakkoofsota xixinnoo irraa kaasanii yaadicha hubachiisuu yaaluun barbaachisaa ta’a.



$$\begin{array}{r} 3 \\ +2 \\ \hline 5 \end{array}$$

Haala armaan oliin gadee ida’uu fi akkaataa barreeffama ida’ama isaarratti mariin erga taassifamee booda deebii herreguuf yeroo tokko tokko geengoo (0000) ykn ulee [////] fayyadamuun akka hojjetaniif fakkeenya keessaa darbee darbee 4 +2 = 2 + 4 fi kan kana fakkaatan akka isaan hubatan gochuun hojiin gara fuulduraa bartootaaf salphaa akka ta’uu fi ammumaan bu’uura ta’uufii danda’a. Marii fakkeenya kennamee booda gilgaala 5 hojjechuu danda’u.

### Tooftaalee madaallii

Bartoonni gadee ida’uu hangam akka hubatan beekuuf fakkilee kitaaba baratаa irra jiranii ala kan akka mukkeenii, manaafi wkf gabatee guraacharratti kaasuun baay’ina isaanii gadee ida’un akka himan gaafachuun madaalu ni danda’ama.

## Gilgaala - 5

Lakkoofsa guddaarraa ka’uun ida’uu. Fakkii kennamerratti lakkoofsotni 1-9tti jiran ni mul’atu


| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 |

Kanatti gargaaramuun 5 + 3 ida'uuf 5 irraa ka'un gara fulduraatti 3 lakkaa'uun lakkofsa irra geenye deebiif akkamiin akka barreessinu erga mari'annee booda gilgaala-6 hojjechuun gaarii ta'a.

## Lakkoofsa hin beekamne herreguu

### Gocha 6

Bartoonni madaala suuqii arguu yoo danda'an gaarii ta'a



Madaallicharra meeshaan bitaa fi mirga jiru walqixa yoo ta'e haala inni itti dhaabbatu baratoota wajjiin mari'achuun ni danda'ama. Kun baratoonni hima walqixaa (Equation) barachuuf bu'uura cimaa waan ta'eef mariin asirratti geggeeffamu of eeggannoon ta'uu qaba. Baratoonni meeshaan madaalarra jiru yoo wal caale madaalichi garamitti akka dhuufuufi yoo meeshaan madaalicharra jiru walqixa ta'e akkamitti akka dhaabbatu gochaan yoo argan gaariidha.

Fakkicharratti gama tokkoon burtukaana lama kachoo keessattimmoo burtukaana lakkoofsi isaanii hin beekamnetu argama. Kachoo biroo madaalaa irrattimmoo burtukaana saddeettu argama (asirratti tokkoon tokkoon burtukaanaa walqixa ta'uun bartoota hubachiisuun gaariidha)

**Gaaffii ka'umsa marii**

Kachoo lamaan burtukaana lakkoofsaan walqixa ta'an yoo qabatan korojicha keessa burtukaana meeqatu jira? Kan jedhu gaafachuun marii jalqabuun ni danda'ama.

Marii kanaan booda bartoonni kutaa lammaffaa gocha 6ffaa dhuunfaan yoo hojjetan gaarii ta'a.

## Pirobileemota jechaa

Gilgaala armaan gadii keessatti pirobileemota jechaa muraasatu argama. Dhugumaan dubbachuuf sadarkaa kanatti baratoonni pirobileemota kana dubbisanii hubatu jechuu miti. Garuu, gargaarsa dubbisuu barsiisaan taassisuun baratoonni ibsa fakkii cinatti kenname wajjiin walsimachiisuu danda'u.

## Ibsa pirobileemota jechaa

1. Tolaan kubbaa afur qaba. Obboleettiin isaa kubbaa sadi yoo dabalte fi kubbaalee meeqa ta'uuf?


2. Korojoo keessa kubbaalee baayyeetu jiru. Lama yoon itti dabalee saddeeti ta'u. Jalqba korojoo kana keesaa kubbaa meeqatu turee? Kan jedhan akka iddoo bu'anfi fakkiin keenaamaniiru.

Bartoonni pirobileemota kitaaba isaanii keessa jiran erga hojjetanii booda hojii walfakkaataa hojjechuu akka danda'aniif gilgaalaa itti aanu laman akka hojjetan taassisuun cimsuun ni danda'ama.

## Gocha - 7


2 + ☐ = 6 lakkoofsi saanduqa keessa galu meeqa?

Bartoonni gaaffii akka kanaa akka hojjetaniif jalqaba geengoo lama hojjetanii itti aansuudhaan geengota hojjechaa hamma ja'a ga'anitti akka lakkaa'an gochuun ni danda'ama.




Lakkoofsi lamatti aanu sadii waan ta'eef baratoonni sadiirraa jalqabanii geengicha saanduqa guutuu danda'u. 3, 4 , 5, 6 jechaa geengoo afur 0 0 0 0 akka mul'atutti dabaluun ja'a geessisuun wanta danda'amuuf hima herregaa 2 + 4 = 6 jedhu erga hojjetanii booda gaaffii dabalataa gaafachuun ni danda'ama.

2 + 4 = 6 sirriidhaa? Kana bartoonni wanta duraan beekaniin




akka mirkaneeffatan gochuun gaariidha.

## Gilgaala 8

Gilgaalli kun kan Gocha 7 darbetti fufee jirudha. Gilgaala kana jalqabuuf gaaffii kaka'umsaa armaan gadii hojjechuun ni danda'ama.

### Gaaffii kaka'umsaa

Lakkoofsonni ida'amni isaanii shan ta'an kamiifi kami?

Gaaffii kana gaafachuun deebii gara garaa barattoonni kennan gabateerratti barreessuun gaariidha. Itti aansuudhaanis tapha kanatti aanu taphachuun ni danda'ama.

**Tapha**

Barattoota lama daree duratti baasuun inni tokko lakkoofsota 5 gadi ta'an jechuun 1, 2, 3, 4 keessaa tokko akka waamu gochuun barataan biroon immoo lakkoofsa waamametti yoo meeqa dabale shan ta'uu akka danda'u gaafachuun ni danda'ama.Deebiin deebi'e sirrii ta'uu isaa barattoota daree gaafachuun ammammoo barataan inni biroon akka lakkoofsa 5 gadi jiran keessaa tokko waamu gochuun inni biroon immo lakkoofsa meeqa yoo itti dabale 5 akka fidu gaafachuun deebii kenname gabateerratti barreessanii bartoonni hundi adeemsa keessa gaaffii akka hojjetan taassisuu. Shaakala dabalataaf akka hojii manaaf gaaffii 2 ffaa fi 3ffaa kennuun ni danda'ama

## Gilgaala 9

Gaaffilee ida'uu boqonnaa kana keessa jiran xumuruuf barsiisaan pirobileemota sadii baratootaa dubbisuun ibsa fakkiilee kennamanii wajjin akka baratoonni walsimsiisan gargaaruun gilgaala 9 akka isaan hojjetan taassisuun ni danda'ama.

Shaakala kana keessatti deebii bartoonni gaaffii 3ffaa fi kennan gargaru ta'uu waan danda'uuf baratoonni hundaa deebii walgaafatanii gaaffichi deebii gara garaa akka qabu yoo hubatan gaarii ta'a, fakkileen gaafiin kennaman piroobileemoota jechaa armaan gadii akka ibsanii:

1. Ani lakkoofsa, 2 yoo narratti ida'ame 5 ta'a. ani eenyu?
2. Ani burtukaana 6 qaba, 9 akka naa ta'uuf burtukaana meeqa dabalachuun qabaa?
3. Ida'amni isaanii 7 kan ta'e lakkoofsonni lama kami fi kamii?

# 2.2 Hir'isuu Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti

**Wayitiin Ramadameef: wayitii- 9**

## Kaayyoo Gooree

***Bortooni borumsa mata duree kanaa yeroo xumuran***

- *Lakkoofsota lakkaawwii hamma 5 jiran kan hir'isaan hir'ataa hin caalle ni hir'isu.*
- *Lakkoofsota lakkaawwi hamma 9tti jiran kan hir'isaan hir'ataa hin caalle ni hir'isu.*
- *Walitti dhufeenya ida'uu fi hir'isuutti ni fayyadamu.*
- *Hariiroo ida'uufi hir'isuu ni ibsu.*
- *Piroobileemota sassalphoo hir'isuu ni furu.*

**Jecha ijoo:** Hir'isuu

## Seensa

Barumsa darbee kana keessattis bartoonni wantoota qobatamoo naannoo isaaniitti argamaniin fayyadamuun hojii hir'isu ni hojjetu.

## 2.2.1 Lakkoofsota hamma shanii jiran Hir'isuu

Bartoonni yeroo jalqabaaf jecha hir'isuu waliin bakka itti walbaranidha. Kanaafu haala ofeegganno guddaa ta'een yaada kana baratoota waliin mari'achuun barbaachisaadha. Maree kanaafis jalqaba baratoonni kan akka qorkii, baaqelaa fi wkf gara dareetti akka fidani himu ni barbaachisa.

Barnoota hir'isuu yoo jalqabnu "dhiisuu" ykn "hambisuu" yaada jedhuun walqabsiisun jalqabuu ni danda'ama. Fakkeenyaaf qorkii shan fuuldura isaanii kaa'un, itti aansuun qorkii tokko kaasuun amma meeqan fuudhee ykn hir'ise jechuun baratoonni qorkii hafan lakkaa'an afur hafu isa akka ilaalan gochu ni dandama.

Itti ansuunis kan hojjenne kana gabatee guraacharratti $5 - 1 = 4$ Jedhama jechun barreessuun baratoonni irra deddebi'un akka dubbisanifi mallattoo (–) hir'isuu gabatee guraachaa fi kaardii filaashi irratt barreessuun irra deddebi'uun dubbisuu. Kanaan gara gocha 8ffaa darbuu ni danda'ama.

## Gochaalee baruu fi barsiisuu

### Gocha - 8

Gocha kanarratti keessaa hanbisuu mullisuuf mallattoo (X) haalluu diimaan agarsiisun yaalameera. Fakkeenyaaf **okkotee** keessa buuphaa shantu jira, sadii yoo keessaa fudhanne, meeqatu keessatti hafa? Kan gabatee guraacharratti $5 - 3 = 2$ jechuun barreessuun baratoonni akka dubbisan gochuudhan hojii ittii aanan hojjechuu ni danda'ama.

Fakkii lammaffaarratti callee fo'aan walqabatan 5 keessaa lama yoo harca'an meeqatu hafa? Asirratti calleen harca'an lamaan mallattoo (X) dhaan addaan baafamaniru. Ammaa $5 - 2 = \square$

hima jedhu keessatti bakka duwwaa lakkoofsi bu'u maal akka ta'u baratoonni gaafatamuu qabu. Lakkaa'uudhan deebii isaa argachu akka danda'amu mari'achiisuu.

Haaluma kanaan gilgaala 10 yoo hojjetan filatamaa ta'a.

## 2.2.2 Lakkoofsota hamma 9 jiran Hir'isuu

Gocha armaan olii keessatti hamma 5tti hir'isuu danda'aniiru. Kutaa kan jalqabuuf baratoonni 1 - 9 akka lakkaa'anii fi barreessan gochuun hojii itti aanuuf qopheesuun barbachisaa ta'a. Itti aansuun gocha 9ffaa jalqabuun ni danda'ama. Kana yoo hojjennus $7 - 2 = \square$ kan jedhu gabatee

gurraacharratti gadee barreessuun $\begin{array}{r} 7 \\ -2 \\ \hline \end{array}$ sirritti erga guutanii booda dandeettii isaanii madaaluuf gilgaala kitaaba isaanirra dabtara isaanirratti haala itti hojjetan mijeessuu ni danda'ama.

### Gocha - 9

Hir'isuu tooftaalee gara garaan akka shaakalaniif fakkeenyaaf sararoota hir'isuun, |||||**

7 – 2 = 5 kan jedhu mallattoo (X) sararootaa irra kaa’un kan hafe lakkaa’uu hala itti hir’isnu walmari’achisuun barbaachisaadha.

7 – 2 = 5



## Gilgaala 11

Gilgaala 11 hojjechiisun suuta suutaan dandeetti bartootaa gabbisuun ni danda’ama.

**Toofataalee madaalli**

Barumsa kutaa kana (hamma 9 hir’isuu) hammam akka hubatan beekuuf gaafii gaafachuu akkasumas gilgaala 13 hojii manatti hojjetan kennuun madaaluu.

9 – 1 = ☐

9 – 2 = ☐

.

.

.

9 – 8 = ☐

## Gocha - 10

Kaayyoon gocha kanaa yeroo darbee barumsa baratan gadi fageenyaan akka hubatani fi dandeettii isaanii gabbisuudha.

Bartoonni xiyyaa lakkoofsaan fayyadamuu akka danda’an hubachiisuu. Fakkeenya kennamerratti 7 – 3 shallaguuf jalqaba 7 irraa ka’uun gara duubaatti ramaddii 3 deebi’u kan nurra jiru ta’uu hubachiisuun 3 gara duubaatti yoo deebinu lakkoofsi argannu kami? Jechuun gaafachuun iddoo duwwaarratti akkaataa itti barreessan mari’achuun hojii walfakkaatu akka hojjetan gochuun barbaachisaadha. Hojii kana erga xummuranii booda gilgaala hojjetaniif haala mijeesuun dagatamu hin qabu.

## Gilgaala 14

Barsiisaan bartoonni gaaffi kenaaman sirriitti dabtararratti barreessuu isaanii hordofuu. Kanaa boodas daree keessa deemuun hojii bartootaa ilaaluu akkasumas gargaarsa gochuun irraa ‘eegama.

## Gocha - 11

Kaayyoon gocha kanaa inni guddaan baratoonni hariiroo ida’uu fi hir’isuu giddu jiru ofii isaanii hojjechaa akka hubatan gochuudha. Hir’isuun qooyyaba fuggisoo ida’uu isaa haala qabatamaa ta’een qooyyaboota hojjechuun ofii isaanii wanta barbaadamu irra akka ga’uu danda’an gargaaruu.

**Fakkeenyaaf:**

8 – 6 = 2 kan jedhu erga hojjetanii booda

8 – 2 = 6 kan jedhu salphaatti hojjechu ni danda'u

Itti aansuunis 2 + 6 = 8 ni hojjetu.

Hojii walfakaatan erga hojjetanii booda gocha $12^{ffaa}$ itti fufuun ni danda'ama.

**Gocha - 12**

Ida'uurraa jalqabuun gara walitti dhufeenya ida'uu fi hir'isuu ilaaluutti deemnaa. Iddoo jalqabaarratti kubbaalee 7 jiru, jechuun iddoo duraa keessa 2 kan itti aanummo 5, gadii bu'ee iddoo argamu keessa kubbaalee 5 jiru, fakki kanaan fayyadamuun 2 + 5 hojjechuun ni danda'ama: Kana jechuun kubbaan 2 gararraatti 5 immo gara gadiitti kan argamu waan ta'eef ida'uuf bartoonni lakkaa'uun 2 + 5 = ☐ akka hojjetan gargaara. Kanatti aansunis 7 – 2 kan jedhu hojjechuuf kubbaalee 7 jiranirraa lama yoo hir'isnu 5 ni hafu. 7 – 5 shalaguu fi kubbaalee torban kana keessaa shan yoo hir'isnu lama (2) nu hafu.

Maree kana boodas 2 + 5 = ☐ , 7 – 2 = ☐ fi 7 – 5 = ☐ gaaffilee jedhan bartoonni akka hojjetan gochuun 2 + 5 = 7 fi 7 – 2 = 5, 7 – 5 = 2 hima jedhan giddu hariiroo jiru akka hubachuu danda'an gargaaruu barbaachisa. Hubannoo qaban jabeessuuf 3 + 5 = ☐ akka hojjetaniifi 8 – 3 = ☐ fi 8 – 5 = ☐ waliin akka firoomsan gochuun hojii itti aanuuf qopheesuun ni donda'ama. 4 + 5 = ☐ , 9 – 4 = ☐ fi 9 – 5 = ☐ gaaffi jedhanirratti maree dabalataa gochuu.

## Tooftaalee madaallii

Hubannoon baratootaa hangam akka ta'e ilaaluufis gilgaala $16^{ffaa}$ akka hojii mana ta'e haa kennamuuf.

## Gilgaala 16

Gilgaala kanaan bartoota waliin yaada kanaa gadiirratti mari'achuun ni danda'ama.

Meeshaa mul'atu kana keessatti bunni meeqa akka argamu lakkaa'uun akka himan gaafachuu.

Itti aansuun buna meeqatu meeshaa keessaa ba'e? Jechuun gaafachuu, gaafii kana adda addaa fi waliigalaan akka deebisan gochuun, ammammo gaafficha irra deebi'uun jalqaba buna 8 ture firiin bunaa lama yoo keessaa harca'a firii bunaa meeqatu hafa? Bartoonni fakkeenyaaf sarara irraa lama hir'isuun deebii kennu. ||||||||

# 2.3 IDA'UU LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII SADII KANNEEN IDA'AMNI ISAANII 9 HIN CAALEE

**Wayitiin Ramadameef: wayitii- 4**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda bartoonni:***

- *Lakkoofsota lakkaawwii sadii kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalee ni ida'u.*

**Jechoota Ijoo:** Ida'uu fi hir'isuu

## Seensa

Kutaa xiqqaa kana keessatti bartoonni lakkoofsota lakkaawwi sadii akkaataa itti ida'an baratu.

## Mala baruu fi barsiisuu

Barnoota darban keessatti lakkoofsota ida'amni isaanii 9 hin caalle lama ida'uu danda'aniiru. Kanarraa ka'uunis lakkoofsota lakkaawwi sadii akkaataa itti ida'ani ni baratu.

Gocha $13^{ffaa}$ irratti kubbaalee bakka sadiitti qoodaman ni mul'atu. Baay'ina kubbaalee kanaa beekuuf barattoonni kan iddoo tokkoon tokkoo keessa jiran lakkaa'uun bakka duwwaarratti akka barreessan gochuun eegaluun ni danda'ama. Haaluma kanaan baratoonni 3 + 1 + 2 = □ kan jedhu irra yoo ga'an jalqaba (3 + 1) ida'uun firii isaa irratti 2 akka ida'an gochuun bakka duwwaa kennamerratti akka guutanii fi irratti mari'atani haa ta'u.

Iddoo itti aanutti callee bifaa adda addaa ta'e sadii qabanitu mul'ata. Ammas akaakuu tokkoon-tokkoon isaanii erga lakkaa'anii booda 2 + 3 + 2 = □ kan jedhu barreessuun jalqaba 2 + 3 = 5 iti aansuunis 5 + 2 = □ kan jedhu akka hojjetan gargaaru. Haala adeemsa hojii kana akka dubbatan gochuun hubannoo isaanii cimsuuf gilgaala $17^{ffaa}$ hojii daree fi manaa kenuun ni danda'ama.

Fakkeenyaa fi 2 + 3 + 4 = □ yoo hojjetan sararaan (uleen) gargaaramuun ida'u yoo shaakalan gaariidha.

(| |) + (| | |) = (| | | | |) kan lakkaa'anis haala itti deebiirra ga'an mijeessun kan hafanis foyyesuun hojjechu akka danda'an gargaaru ni danda'ama.

### Gocha - 14

Bartoonni gocha kana keessatti xiyya lakkoofsaan fayyadamuun lakkoofsota lakkaawwi sadii akkaataa itti idaa'an baratu.

## Gocha - 15

Kubbaaleen 9 quuboo keessatti ni mul'atu. Kubbaalee kana irra deddebi'un bakka sadiitti qooduun hojii saanduqa keessa kaa'uu ni hojjenna.

Fakkeenyaaf yaalii jalqabaan kubbaa 9 jiran 1, 3 fi 5 gochuun qoonne jirra. Haala kanaan

9 = 1 + 3 + 5 jechuu ni dandenya. Akkasumas 3 + 2 + 4 gochuun qoqqooduun 9 = 3 + 2 + 4 ta'uu isaa ibsuu ni dandeenya. Yaalii kana bartoonni gareen ta'uun hojii adda addaa akka hojjetaniifi firii argatan akka barreessan gargaara.

## Tooftaalee madaalli

Bartoonni lakkoofsi ida'amni isaanii 9 kan hin caalle lakkoofsota sadii ida'uu danda'uu ilaaluuf gabatee guraacharratti lakkoofsota sadi sadii barreessuun xiyyaa lakkoofsaa irratti akka argarsiisan gochuu dhaaf gilgaala 18 akka hojjetan gochuun dandeetti isaanii madaaluun ni damda'ama.

## Gilgaala 18

Kutaa jalqabaa gilgaala kanaarratti baratoonni xiyya lakkoofsaan fayyadamuun ni ida'u.

☐ + ☐ = 7 kan jedhu sarara lakkoofsaan 2 + 3 + 2 = 7 jedhanii akka guutan ni eegama. Dhumarattis tooftaalee garagaraan fayyadamuun lakkoofsoota sadii ni ida'u.

Sadarkaa amma jiranitti baratoonni piroobileemoota jechaa salphaa ta'an furuu jalqabuu qabu. Kanas fakkiilee kennamaniin haa fayyadamani. Fakkeenyaaf gaaffin jalqabaa ijoolleen sadii **qalama** lama lama harkatti qabatani jiru, kanaaf 2 +2 + 2 = ☐ akka hojjetan gargaaruu.

Gaafii lamaffaa: mallattoon gaaffi lakkoofsa hin beekamne akka iddo bu'u ta'e kaa'ameera.

Sadaffaan gaaffii deebii xumuraa lama walmadaalchisuu ta'a.

# BOQONNAA 3 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI

## SEENSA

Boqonnaa darban keessatti baratoonni lakkoofsota hamma 9 jiran dubbisuu, barreessuu ida’uufi hir’isuu hojjetaa turaniiru. Boqonnaa kana keessatt immo dandeetti barattootaa lakkoofsaan fayyadamuu guddisuuf hamma 20tti lakkoofsota argamanin walbarsiisun wantoota naannoo saaniitti argaman walitti firoomsun hubannoo isaanii cimsuuf hojiin garagaraatu hojjetama.

Gocha baruu fi barsiisu haala mijaa’aa ta’een gaggeessuuf akka tolutti boqannaan kun kutaa sadiitti qoodameera. Kutaa jalqabaa keessatti beekumsa Zeeroorratti qabnu erga cimsannee booda kan dura baratan jabeessuun 10-20 lakkoofsota jiran wantoota naannootti argamaniin walitti firoomsuun hanga danda’ametti dandeetti barattootaa bal’isuun kutaa sadaffaa keessattimmoo sirna manneen lakkoofsotaa barsiisuun beekumsa lakkoofsarratti qaban sadarkaa foyyaa’eerra geesisuuf ni yaalama.

## Kaayyoo Gooroo

***Xumura, Barumsa Boqonnaa kana booda barattoonni:***

- *Zeeroo jechuun maal jechuu akka ta’e ni ibsu.*
- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti  jiran ni dubbisu, ni barreessu ni tartiibessu.*
- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran mana lakkoofsaan ni ibsu.*

## Meeshaale deggersaa barbaachisan

- Abaakasii
- Filaashii kaardii lakkoofsi hanga 20 irratti barreefaman.
- Maarkaroota, boronqii halluu adda addaa qaban
- Qorkii, baaqelaa, ulee (sticks), fo'aa.

# 3.1 LAKKOOFSA ZEEROO

**Wayitiin Ramadameef: wayitii -3**

## Kaayyoo Gooree

*Barattoonni barumsa kana booda:*

- *Zeroo jechuun maal akka ta'e ni ibsu.*
- *Mallattoo zeeroo ni barreessu, ni dubbisu.*
- *Zeeroon ("0") fayyadamuun lakkoofsota ni tartiibeessu, waliin ni madaalu.*
- *"0"tti fayyadamuun, ni ida'u, ni hir'isu.*

**Jechoota IJoo:** Zeeroo, walqixa, zeeroo ida'uu, Zeeroo hir'isuu.

## Mala baruu fi barsiisuu

Jalqaba kutaa kanaatti zeeroon hojii walbarsiisuutu hojjetama. Ittaaneesi ida'uu fi hir'isuu hojii beekumsa waa'ee zeeroo qabnuun walitti hidhuutu hejjetama.

## Gocha - 1

Jalqaba mukeen afurtu jira, bartoonnis sumbirroota mukeen kana irra jiran akka lakaa'an gochuu. Muka jalqabaa irra sadi itti aanee, lama, tokko ta'u erga lakkaa'anii booda muka isa xumuraa irra homtuu akka hin jirre kunis zeeroo akka jedhamu qabatamaan agarsiisuu fi zeeroo gabatee guraacharratti barreessuun waliin barsiisuu.

Gocha -1 fakkii lamaffaarratti fakkii beeladoota adda addaatu mul'ata. Fakkii kanarratti gara miragaa jalqaba sarooti meeqa akka jiran lakkaa'anii 2 barreessanu, adurree jiran lakkaa'uun 4 jedhanii barreessu erga shaakalanii booda fakkeenyaaf fakkii hoolaa cinatti hoolonni meeqa akka argamani gaafachuun hoolaan akka hin jirre lakkoofsi hoolootaas 0 ta'uu isaa itti aansuun tuuta kana keessa lukkuwwan meeqatu jira? Jechuun barrattoonni lukkuun kan hin jirre ta'uu hubachuu akka danda'anii fi deebiisaas zeeroo ta'uu akka hubatan gochuu ni danda'ama.

Fakkeenyaafi fakkii armaan gadii dabtara barrattootaarratti hojjechuun yaada kana caalmaatti akka huubatan gochuun ni donda'ama

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| ● ● ● ● ● | ● ● ● ● | ● ● ● | ● ● | ● | |
| 5 | ? | ? | ? | ? | ? |

## Gocha -2

Gocha kana keessatti lakkoofsa tokko zeeroorratti yoo ida'anu firiin argamu lakkoofsichuma akka ta'u akkasumas lakkoofsa tokkorraa zeeroo yoo hir'isnu bu'an isaa ammas lakkoofsichuma ta'u isaa hubachiisu ta'a. Kana hojjechuuf gacha 2ffaa barattoota wajjin hojjechuun barbaachisaa ta'a.

Fakkiin akka mul'atutti kubbaa 6 wanta keessati jiran irraa kubbaan tokko yoo kufee (mallattoo X ibsameera) wanta kana keessattii kubbaaleen meeqa akka hafan barattootaa gaafachuun hima hir'isu

6 – 0 = [?] gabatee gurraacharratti barreessuun barrattoonni bakka mallattoo gaaffii lakkoofsa iddo bu'u akka dubbatan jajjabeessuudhaan hojii itti fufuun ni danda'ama.

Haaluma walfakkaatuun 5 – 0 = [ ]

4 – 0 = [ ]

3 – 0 = [ ]

2 – 0 = [ ]

1 – 0 = [ ] akka hojjetan gochuu.

Hubannoo ga'aa ta'e erga uumnee booda 4ffaa irratti kubbaa jiranirratti tokko yoo dabalame meeqa ta'a? kan jedhu ibsuun haaluma walfakkaatuun barrattoonni 6 + 3 = [?] akka deebisan gochuu.

Deebii kanatti fufee dhumaratti kubbaa 6 jiranirratti homtuu hin dabalamne kan jedhu 6 + 0 wajjin walitti firoomsuun barrattoonni gaafichaaf deebii akka kennan gochuun gaaffii walfakkaatu armaan gadii gaafachuun hubannoo isaanii guddisuun ni danda'ama.

1 + 0 = [ ]

2 + 0 = [ ]

3 + 0 = [ ]


4 + 0 = [ ]

5 + 0 = [ ]

## Gilgaala 1

Fakkeenya kennamen gilgaala kana hojjechuuf barattoonni riqaa (ladder) mul'atu jalatti lakkoofsota kennaman tartiibaan ka'umsaa hamma gubbaatti (top) akka barreessani jajjabeessuun ni danda'ama.

xiyya lakkoofsaan fayyadamuun baattoonni tartiiba lakkoofsaa akka hubatan gochuun ni danda'ama.




Akka armaan olitti xiyyaarratti barreessuun gara mirgaatti yoo adeemnu lakkoofsi akka dabalaa deemu huubachiisu ni danda'ama.

# 3.2 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTII FI TARTIIBA ISAANII

**Wayitiin Ramadameef: wayitii 6**

## Kaayyoo Gooree

***Barrattoonni barumsa kanaa booda:***

- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti xiqqaa irraa guddaattii fi guddaa irraa gara xiqqaatti ni lakkaa'u.*
- *Lakkoofsota 10 - 20 diddiriirsuun ida'ama 10 fi mana tokkee gochuun ni ibsu.*
- *Dursaa fi ittifufaa lakkoofsota hanga 20tti jiranii addaan baasuun ni ibsu.*
- *Mallattoolee "=", "<", ">"tti fayyadamuun lakkoofsota hamma 20 jiran ni waliin ni madaalu.*
- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiranii fi duursaa ti itti fufaa isaanii ni himu.*

## Mala baruu fi barsiisuu

**Gocha - 3**

Hojii jalqabaa kan ta'u lakkoofsa 10 walbarsiisuudha. Lakkoofsa itti fufu argachuuf sirna 1 ida'uun fayyadamuun 1 jalqabsiisuun 1 + 1 = 2, 2 + 1 = 3, 3 + 1 = 4, 4 + 1 = 5, 5 + 1 = 6,


6 + 1 = 7, 7 + 1 = 8, 8 + 1 = 9 keessa deebi'uun 9 + 1 = ? kan jedhu gaaffii barrattootaa dhi'eessuun 9 + 1 = 10 kan jedhu ibsuu ni danda'ama.

Barattoonni lakkofsa 10 erga baratanii hojiin ittaanu 11 - 20 lakkoofsota jiraniin walbaru ta'a. Hojii kana hojjechuufis bakka lamatti qooduun haa ilaallu.

## Lakkoofsota lakkaawwii 11 – 15tti jiran

**Gocha - 4**

Yeroo kanatti uleen kudhan yoo hidhaman lakkoofsa 10 yaadachuu danda'aniiru.


Hidhaa kana 10 wajjin wallitti firoomsuu erga danda'anii hojiin ittaanu

$10+1=\boxed{11}$

$10+\square=12, 10+\square=13, 10+\square=14$ fi $10\square=15$ hima jedhu bakka duwwaa guutu.

Barsiisaan barumsa kana cimsuuf lakkoofsota 11 - 15 jiran gabatee gurraacharratti barreessuun barattoonni akka dubbisan gochuun barbaachisaadha.

## Tooftaalee madaallii

Dandeetti barrattootaa madaaluuf lakkoofsa tokko kennuun dursaa fi itti fufaa lakkoofsichaa gaafachuu ykn gilgaala 2 hojii manaa ykn hojii daree gachuun akka hojjetan kennu. Beekumsa qaban cimsuuf gilgaala -3 tooftaa addaan geeddaruun, fakkeenyaaf

1 _____ ______ ______ 5 _____ _____ ______ 9 _____ 11 ____ 13 _______ haala kanaan hojjechiisuun, ni danda'ama.

## Lakkoofsota lakkaawwii 16 - 20

**Gocha - 5**

Ulee 10 hidhamaniin fayyadamuun 16 - 19 lakkoofsa jiran 10 + □ = 16 dhugoomsuuf 6 bakka duwwaarratti guutuun haaluma walfakkaatuun hanga 19tti hojjechuun 10 + 10 irratti xiyyeefannoo addaa kennuun 20 haala mul'atuun gabatee gurraacharratti barreessuun lakkoofsa addaa guyyaa kanaa ta'e barrattoonni lakkoofsa 20 irra deddeebi'un sagalee olka'een akka dubbisan gochuun addaan baafachuu akka danda'ani taasiisun dandeetti isaanii gabbisuun ni danda'ama.

### Dabalataan



Xiyya lakkoofsaan fayyadamuun 0 - 20 lakkoofsota jiran tartiibeessuu akka danda'anii fi gilgaala - 5, 6, 7 fi $8^{ffaa}$ hojjechuun hubonnoo ol'aanaa uumuun ni danda'ama.

### Gocha - 6

Hojii lakkoofsota hanga 20 jiran walmadaalchiisuuf hojjetamu, Mallattoolee >, = fi < fayyadamun barbaachisaa ta'a.

### Gilgaala 9

Gabatee kenname dabtararratti erga barreessanii booda bakka duwwaa lakkoofsa sirrii ta'een akka guutaniif gargaarsa gochuun barreessuu fi lakkoofsota tartiibeessuu akka shaakalani gechuun ni danda'ama.

### Gilgaala 10

Barattoonii lakkoofsa gara dubaatti lakkaa'uu akka danda'an gargaaru.

# 3.3 SIRNA MANA LAKKOOFSOTAA

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 3**

## Kaayyoo Gooree

***Barattoonni barumsa kana booda:***

- *Sirna mana lakkoofsaa lakkoofsa hamma 20tti ni ibsu.*

**Jechoota ijoo:** mana tokkee, mana kurnanii


## Seensa

Mata duree kana keessatti barattoonni gatii mana lakkoofsotaa beekuun boqonnaa aananitti barumsa baraniif akka qophaa'an ta'a.

## Mala baruu fi barsiisuu


Barumsa mata duree kanaa jalqabuuf kutaa lamaffa boqonnaa kanaa jalatti lakkoofsota 11 - 20 jiran barsiisuuf haala itti fayyadamne yaadachuun eegaluun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf: 13 = 10 + 3



10 + 3


Abaakasii fayyadamuun kurnan tokko qubeelaa (geengoo) tokkon iddoo buusuun yoo danda'ame halluun addaan baasuun mana tokkeefi mana kurnanii ibsu.




Mana kurnani irra geengoon jiru tokko 10 iddoo bu'a geengoon sadii mana tokkeetti mul'atu 3 iddo bu'a haala kanaan abaakasii kanaan 13 ilaaluu ni danda'ama. Abaakasii qorkii ykn baaqelarraa qopheessun ni dandama. Itti aansuun gocha 7ffaa barattoota waliin hojjechuun ni danda'ama.

**Gocha - 7**

Kitaaba barataarra lokkoofsa jiran 18fi 12 haala walfakkaataa ta'een ibsu. Jalqaba 18 uleen ibsu



18 = 10 + 8

Abaakasii kitaaba barataa ilaaluun

| Mana kurnanii | Mana tokkee |
|---|---|
| 1 | 8 |

1 fi 8 akka guutan gochaan ni danda'ama.

## Gilgaala 11

Barattoonni jalqaba dabtara isaan irratti akka barreessani gochuu. Itti aansuun mana lakkoofsota kennaman kurnanii fi tokkeen addaan baasanii gabaticha haala mul’atu kanaan haa guutani.

| | Kurnan | Tokkee |
|---|---|---|
| 16 | 1 | 6 |
| 11 | 1 | 1 |
| 17 | 1 | 7 |
| 19 | 1 | 9 |
| 20 | 2 | 0 |

## Gocha dabalataa

Barattoonni gilgaala 11 erga hojjetanii booda abaakasiin fayyadamanii hojjechun hubannoo qaban cimsuun ni donda’ama. Fakkeenyaaf lakkoofsa 16 abaakasiin mul’isa, haala walfakkaatuun 15, 17, 18, 19, 20 akka agarsiisanii fi 20 immo ilaalcha adda gochuun barbaachisaadha. Sababni isaa ammo lakkoofsonni kan biraa mana kurnanii isaanii 1 yoo ta’u kan 20 garuu 2 waan ta’eef akkasumas mana tokkeen 20 zeeroo ta’uu isaa akka addaan baafatani gochun barbaachisaa waan ta’eefidha.

**Gocha - 8**

Gocha - 8 jalatti hojii dhiyaatan bakka saditti qoodaman ni argina. Jalqabarratti 14 akka 10 + 4 barreessuu fi gadi bu’ees 14 = 10+ [4] ilaalcha jedhu akka qabaatanii fi bakka

duwwaa lakkoofsi iddoo bu’uu 4 ta’uu isaa erga ilaalanii booda mana tokkeen 4, mana kurnanii 1 ta’uu akka dubbachuu danda’an ni eegama.

Gocha - 8 jalatti ammo abaakasii kan dura ilaalani akka meeshaa lokkoofsa lakkaa’uuf fayyaduutti argatu.

Asirratti 10 + [ ] = 15 hima jedhu bakka duwwarratti 5 guutamuu akka qabu lakkaa’un erga hojjetanii booda gabatee itti aanutti 15 mana tokkee 5 fi mana kurnanii 1 n akka guutani eegama.

Sadaffaa ulee kudhan walitti hidhamanii fi kan hin hidhamiin 7 arganna. Kan walitti hidhame kudhan mana kurnaniin 1 ta’uu, kan hafan (kan hin hidhamin) 7 mana tokkee ta’uu mul’isu.

Barattoonni 17 = 10 + [ ] gaafii jedhu bakka duwwaarratti erga guutanii booda gabatee itti aanuratti mana tokkee, akkasumas mana kurnaniin 1 guutamuu akka qabu hubachu irraa eegama.

## Tooftaalee madaallii

Gatii bakkaa mana lakkoofsota barattoonni hangam akka hubatani ilaaluuf:

1. Lakkoofsa 10 - 20 keessaa muraasa isaani gatii bakkaa mana afaaniin dubbachuniifi barreessuun akka deebisan kennuu.
2. Gilgaala- 12 irratti gaaffi kennaman akka hojii manaatti haa hojjetan.

## Gilgaala 12

Gilgaalli kun dabtara barattootaa irratti erga barreeffamee booda lokkoofsa sirri ta'een bakka duwwaa haala fakkeenya armaan gadiitti haa guutan.

Fakkeenya 12 = 10 + ☐

Deebii 12 = 10 + [2]

# BOQONNAA 4 IDA’UU FI HIR’ISUU HAMMA 20TTI

## SEENSA

Boqonnaa kana keessatti wanta qabatamaa naannoo isaaniitti argamaniin fayyadamuun lakkoofsota 0 - 20 ida’uu, hir’isuu fi piroobileemota jechaa barattoonni furuu akka danda’an deggersa gochuun barbaachisaadha.

Dandeettiin ida’uu fi hir’isuu barnoota boqonnaa itti fufuuf hundee waan ta’eefis barattoonni ida’amtoota lakkaa’u, ida’amtoota diddiriirsu, pirobileemotaa fi shaakala adda addaa fayyadamuun beekumsa argatanis akka gabbifatan gochuu ni barbaachisa.

## Kaayyoo Gooroo

***Barattoonni xumura boqonnaa kanaa booda:***

- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen ida’amni isaanii 20 hin caallee ni ida’u.*
- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiranii fi kanneen hir’isaan hir’ataa hin caalle wal irraa ni hirisu.*
- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran irratti pirobileemota ida’uu fi hirisuu ni furu.*

## Meeshaalee deggersa barnootaa

- Qubeessaa, cirracha.
- Filaash kaardii gara garaa
- Gabatee mana lakkoofsaa ibsu guddifamee qophaa'e.

# 4.1 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI IDA'UU

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 7**

## Kaayyoo Gooree

***Barnoota kana booda, barattoonni:***

- *Lokkoofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen ida'amni isaanii 20 hin caalle ni ida'u.*
- *Damee ida'uu lakkoofsotaa hojjechuun lakkoofsota hundaa 1-20tti jiran dame dameetti ni qoodu.*
- *Ida'uutti fayyaamuun hariiroo irra xiqqaa fi irra guddaa ni kennu.*

## Mala baruu fi barsiisuu

## Gocha - 1

Gocha kana hojjechun dura himoota ida'uu salphaa ta'an boqonnaa lama jalatti furan irra deebiin muraasa shaakalsisun ni fayyada. Itti aansunis boqonna - 3 keessatti lakkoofsota baratani ida'uu akka danda'an gochuudha. Barattootarraa kan eegamu fakkeenya kennameen fayyadamuun fakkii kennaman lakkaa'un bakkaa duwwaa lakkoofsa sirrii ta'een guutuudha. Borattoonni deebii sirrii ta'e argachuu isaanii hordofuun yoo sirri hin taane irra deebiin akka lakkaa'an gochuudha.

Fakkenya 12 + 5 argaanuuf

12 + 5 uleewwan kudhalama harkaa qaba yoon shan itti ida'e (ulee 5 → 13, 14, 15, 16, 17).

| | | | |

13, 14, 15, 16, 17 kunis 12 + 5 = [17] ta'uu mul'isa.

## Gocha - 2

Gaaffiin gocha - 2 jalatti kennaman gocha - 1 waliin kan walfakkaatan yoo ta'aniyyuu hubannoo barattotaa cimsuuf ni ta'a. haaluma kanaan 7 + 11 argachuuf

11 + 7

| | | | | | |

12, 13, 14, 15, 16, 17, 18 kanaafu 11 + 7 = [18]

Haala kanaan 7 + 11fi 11 + 7 walqixa ta’uu isaani fi iddoo jijjiraan firii ida’amaa akka hin jijjiire hubachuu akka danda’ani gaaffii dabalataa kennuun barbaachisaa ta’a.

## Gilgaala 1

Barattoonni gocha – 1 fi gocha - 2 haala itti hojjetaniin akka hojjetani gargaarsa gochuun barsiisaarraa ni eegama.

## Fakkeenyaaf

8 + 3

(| | | | | | | |) + (| | |) = (| | | | | | | | | | |)

Kanaaf 8 + 3 = (11)

## Gilgaala 2

Xiyya lakkoofsaan fayyadamuun ida’uun akka danda’amu agarsisuudha.

## Gilgaala 3

Lakkoofsota gadee ida’uun akka danda’amu agarsiisuudha. Kanaaf fakkeenya irratti gabatee kennameen fayyadamuun akka ida’ani gochuudha.

## Gilgaala 4

Gilgaala kana keessatti lakkoofsi tokko ida’ama lakkoofsota garagaraa lamaa ta’uu akka danda’u agarsiisuudha. Barattoota daree keessaa shan kaasuun garee barattoota lamaa fi sadii ykn afurii fi tokko uumuun taphaan ida’amtoota shanii barsiisuudha.

## Gilgaala 5

Gilgaala - 4 kanitti fufu yoo ta’u fakkii fayyadamun tooftaa ida’amaa itti argannuu dha.

Fakkeenyaaf

| 12 | 15 |
|---|---|
| 1 + 11 | 1 + 14 |
| 2 + 10 | 2 + 13 |
| 3 + 9 | 3 + 12 |
| 4 + 8 | 4 + 11 |
| 5 + 7 | 5 + 10 |
| 6 + 6 | 6 + 9 |
| | 7 + 8 |

### Gocha - 3

Lakkoofsota ida’amani 9 kennani halluu adda addaan dibaman halluu itti dibame fi lakkofsota argatan akka dubbatan gochuudha.

### Gilgaala 6

Barattoonni gadee ida’uu akka danda’amuu fi yoo ida’anis mana lakkoofsotaa eegun akka barreessan gochuudha. Fakkeenyaaf garagarumaan $\begin{array}{r}15\\+3\\\hline 45\end{array}$ fi $\begin{array}{r}15\\+3\\\hline 18\end{array}$ giddu jiru mana lakkoofsota sirritti otoo hin eegiin barreessurraa dogoggora dhufe ta’uu isaa akka hubatan gochuudha.

### Gilgaala 7

Gilgaala barbaachisummaa mana lakkoofsotaa ida’uu keessatti agarsiisu dha.

### Gocha -4

Xiyya lakkoofsota irratti zeeroorra gara mirgaatii yoo adeemnu lakkoofsi gara bitaa isa gara mirgaa jirurraa xiqqa ta’u ni ilaalla. Haaluma kanaan 12 fi 15 yoo walmadaalchisnu 12 gara bitaa 15 tti waan argamuuf 12 irra xiqqaa 15ti jechuu ni dandeenya. Kanas 12 < 15 ykn 15 > 12 jechun ibsina. Ykn 12 = 10 + 2, 15 = 10 + 5 kana jechuun 2 < 5 waan ta’eef 12 < 15 ta’a jenna.

### Gilgaala 9

Barattoonni tooftaa gocha - 6 hojjetaniin gilgaala kana hojjechuutu irraa eegama. Asirratti hojii hojjetaniifis sababa dhiyeessuu ni shaakalu. 15 = 12 + 3 kanaaf 12 < 15 ykn 15 > 12 jechuun sababa dhiyeesuu ni danda’u.

## 4.2 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI JIRAN HIR’ISUII

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 7**

### Kaayyoo Gooree

***Barattoonni barumsa kanaa booda:***

- *Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen hirisaan hir’ataa hin caalle ni hir’isu.*

### Mala baruu fi barsiisuu

### Gocha - 5

Yaadrimee hir’isuu barattootaan wal barsiisuuf keessaa hanqisu (hambisu) yaada jedhuun fayyadamuun dandeetti isaanii akka guddifataniif fakkii jalqaba turan irraa mallattoo “X” kan irratti kaa’ame yoo baafne meeqa akka hafu bakka duwwaatti akka barreessani gochuudha. Kanas wantoota akka qorkii, baaqelaa bishaanin laafe foo’aan (wire) walqabsiisuun fayyadamuu ni danda’ama. Kunis yaadrimee hir’isuu ifa taasisa.

Callee 12 jiran yoo shan hir'isnu meeqatu hafa?

Barattoonni lakkaa'anii akka deebisani godhaa.

## Gilgaala 10

Fakkeenya kennameratti hundaa'un mallatto "X" ulee hir'atanirratti kaa'un firii isaa argachu akka danda'aniif deggersa godhaaf.

**Fakkenya**

12 – 3 = □

| | | | | | | | |

12 – 3 = 9

## Gocha - 6

Barrattoonni fakkii fayyadamanii 7, 8, 9, 12, 13 fi 16 akka caalmaa lakkoofsota lama gochun haa ibsanu. Filannoo deebii garagaraa jiraachuun ni mala. Kan akka hubataniifis deebii barattoota daree duratti dhiyeessuun ni barbaachisa.

**Fakkenya:**

7 + 1 = 8 kanaafuu 8 – 1 = 7

7 + 2 = 9 kanaafuu 9 – 2 = 7

7 + 3 = 10 kanaafuu 10 – 3 = 7

7 + 4 = 11 kanaafuu 11 – 4 = 7 wkf.

12 + 1 = 13 kanaafuu 13 – 1 = 12

12 + 2 = 14 kanaafuu 14 – 2 = 12

12 + 3 = 15 kanaafuu 15 – 3 = 12

12 + 4 = 16 kanaafuu 16 – 4 = 12 wkf.

## Gilgaala 11

Mana lakkoofsotaan hir'isuu.

## Gilgaala 12

Lakkoofsota 1 – 20 jiran xiyya lakkoofsa irrati barreesuun hir'ataa irraa jalqabuun gara bitaatti hamma lakkoofsa hir'isaa deemuun caalmaa argachuu.

## Gilgaala – 13

Lakkoofsa gara bitaa jiru, caalmaa lakkoofsota lamaa gochuun barreessu.

## Gilgaala – 14

Hir'isaa ykn hir'ataa hir'ate bakka duwwaa irratti guutuu.

# 4.3 PIROBILEEMOTA HIR'ISUU FI IDA'UU

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 3**

## Kaayyoo Gooree

***Barattoonni barumsa kana booda:***

- *Pirobileemota sassalphoo yaadrimeewwan ida'uu fi hir'isuu lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran of keessa qaban ni furu.*

## Gilgaala 15

Pirobileemota jecha fakkiin walqabatani furuu akka danda'an deggersa gochuu.

7 + ☐ = 15 (Toorbarratti meeqa yoo idaane 15 ta'a?)

16 – ☐ = 9 (16 irraa meeqa yoo hir'isnu 9 hafa?)

17 – 6 = ☐ (Barattoota hiriiranii turan 17 keessaa 6 gara daree yoo seenani meeqatu hiriirarratti hafa?)

☐ – 3 = 2 himi jedhu pirobileemii jechaa akka iddoo bu'an barattootatti himaa.

## Gilgaala 16


Kaayyoon gilgaala kanaa inni guddaan barattoonni fakkii ilaalun himoota ida'uu fi hir'isuu akka hojjetan gochuudha.

Gilgaala kanaaf kan armaan gadii deebii ta'uu danda'u.

- "Gammachun burtukaana 13 qaba. Caaltuun burtukaana 5 qabdi. Baay'inni waliigalaa burtukaana Gammachu fi Caaltuun qaban meeqa?"
- "Sinbirroota 12 mukarra turan keessaa 2 yoo barrisan meeqatu hafaa?"
- "Muka tokkorra sinbirrota 8tu ture. Sinbirrooti lama yoo dhufanii qubatan, amma mukicharra meeqatu jiru?"
- "Burtukaana 20 jiran keessaa 7 yoo tortoran, kan hin tortoriin meeqatu hafa?

Xiyya lakkoofsaan fayyadamuun hir'isuun akka danda'amu agarsiisuun barbaachisaadha.


Fakkeenyichi kan mul’isu 17 irraa ka’uun gara duubaatti (gara bitaa) ramaddi 5 yoo deemnu kan geenyu 12 irra ta’a. kun kan argisiisu 17 – 5 = 12 ta’a. Haala walfakaatuun gilgaala- 13 hojjechiisaa.




**Tapha Kaardii** (1 – 10)

Tapha armaan gadii barattoonni lama lama ta’uun akka taphatani gochun barumsa Herregaa caalmaatti akka jaallatan gochuun ni danda’ama jedhame ni amanama.

1. Waraqaa bal’inni isaanii walqixa ta’e 20 qopheessu. Kaardoota 10 irratti 1 - 10 barreessuun gadii galgalchuun walcinaa kaa’u.



2. Kaardoota hafani 10 irratii 1 - 10 barreessuun gadi galgalchuun waliin makuun kaa’u.
3. Waraqaa (kaardii) lama toora adda addaarraa fuudhuun lakkoofsa irratti barreefame akka dubbisan gochuu.
4. Ida’amni lakkoofsa lamaanii 10 yoo ta’e qofaatti kanneen biraatti addaan qoodun kaa’u. 10 yoo hin taane garuu deebisuun walitti maku. Gocha kana darbe darbee yeroo muraasaf itti fufsiisuu.
5. Dhumarattis kan waraqaa (kaardii) baay’ee harkaa qabu injifataa ta’a.

Tapha kana ida’ama gegeedaruun barattoonni akka shaakalan gochuun ni danda’ama.

# BOQONNAA 5 YUUNIITOTA AADAATIIN SAFARUU

## SEENSA

Safaruun jiruufi jireenya barattootaan walitti hidhannoo yaada qabudha. Waanta'eefuu boqonnaa kana hojii gocha adda addaan walqabsiisun hubannoo isaani cimsuun barbaachisaadha. Keessumattuu barumsa herregaa amma barachaa jiran akka jaallataniif haala gaarii waan uumuuf qophe miidhagaa fi hawwachiisaa ta'een dhi'aachu qaba.

Boqonnaan kun barrattoonni jiru fi jireenya guyya guyya waliin qabate safartuu dheerinaa, qabee dhangala'oo fi hangaa hubachuun (xiinxaluun) kitaaba barataa keessatti gocha kennaman tooftaa itti hojjetan mijeessu gaafata.

### Kaayyoo Gooroo

***Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda; barattoonni:***

- *Jireenya guyyuu isaanii keessatti barbaachisummaa safaruu ni ibsu.*
- *Jecha mijaawwaadhaan dheerina, hanga fi qabee dhangala'aa ni ibsu.*
- *Yuunitoota waaltaa'aa hin taaneen dheerina, qabee dhangala'aa fi hanga ni safaru, waliin ni madaalu.*

## Meeshaalee deggersa barnootaa

- Fowaa ykn funyoo
- Ulee dheerina garaa garaa
- Xaasaa, qaruuraa garaa garaa
- Qubeessaa, dungoo, sarartuu
- Kubbaayyaa

# 5.1 SAFARA DHEERINAA

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 3**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barnoota mataduree kanaa booda, barattoonni:***

- *Faayidaa waa safaruu ni ibsu.*
- *Yuunitoota safara dheerinaa waalta'aa hin taanee kanneen akka kaballaa harkaa, faanaa fi taakuudhaan ni safaru.*
- *Jechoota mijaawoodhaan dheerina ni ibsu.*
- *Safartoota dheerinaa waliin ni madaalu.*

**Jechoota Ijoo:** Gabaabaa, Dhundhuma, Tarkaanfii, Faana , Fowaa

## Mala baruu fi barsiisuu

Gaaffilee dadammaqinaa kanaa gadii gaafachuun barumsa eegaluun ni danda'ama

## Gaaffii dadammaqinaa

- Daree kana keessaa baratаa dheeraan eenyu?
- Daree kana keessaa baratаa gabaabaan eenyu?
- Foddaa kanaa fi karra kanarraa kamtu dheerata?

## Gocha - 1

Gaffilee dadammaqinaa kanaa oliitti aansuun gocha - 1 irratti waliin mari'achuun ni danda'ama.

- Jalqaba fakkiin mul'atan maal malfaa akka ta'an gafachuun ni danda'ama.
- Halluu fakkii gabatee keessaa addaan baasanii beekuu isaanii ilaaluuf gaafachu.
- Qubeessaa diimaamoo isa cuquliisa dheeraadha?
- Funyoo isa diimaa fi qubeessaa isa cuquliisa keessaa kamtu dheerata?
- Sarartuu diimaa fi cuquliisa keessaa kamtu dheerata?
- Riqaa dimaamoo isa cuquliisa irra dheerataa?
- Dungoo diimaa fi cuquliisa keessaa kamtu irra dheerata?
- Kursii isa diimaamoo cuquliisatu dheerata?

**Gaaffilee armaan olii karaa biraatiin gaafachuu**

- Qubeessaa diimaa fi cuquliisa keessaa kamtu gabaabaadha?

- Funyoo isa diimaa fi cuquliisa keessaa kamtu gabaabaadha?
- Sarartuu diimaa fi cuquliisa keessaa kamtu gabaabaadha?
- Dungoo diimaa, fi cuquliisa keessaa kamtu gabaabaadha?

Gaaffilee armaan oliif meeshaale adda addaa daree keessatti argaman fayyadamuun barrattoonni jechoota dheeraa fi gabaabaa jedhamanirratti walmari'achuun barbaachisaadha.

## Gocha garee

Uleewwan shani daree fiduudhaan barattoonni gareen ta'anii dheeraa fi gababaa akka adda baasan gochuu.

## Gocha - 2

Gocha - 2 kana jalatti yaadi ijoo ilaallu yuunitoota dheerinaa kan aadaa ta'anin walbarsiisudha. Barrattoonni hojii walmadaalchisuu safarurratti hundaa'e akka hojjetan gochu ta'a.

## Tarkaanfii

Kutaa jalqabaa gocha-2 kitaaba barataa irratti argamu dheerina gabatee gurraachaa tarkaanfiin hangam akka ta'u argachuuf fakkii yaalutu mul'ata. Kana fiixaan baasuuf barsiisaan tarkaanfiin dheerina gabatee gurraachaa safaruun itti aansuunis barrattoota muraasa daree duratti baasuun gabatee gurraacha tarkaanfiin akka safaran gochuun dheerinni isaa tarkaanfii sadi ykn afur jedhanii hiriyyoota isaanii daree keessatti akka himan gochuu. Kanatti aansuun keenyaa daree gartokkee isaa tarkaanfiin erga safaranii booda dheerina gabatee gurraachaa kan caalu ta'uu akka hubatan gargaaruun yuunitii dheerinaa isa itti aanutti ce'uun ni danda'ama.

**Taakkuu:** Kitaaba baratarratti fakkiin taakkuu ni mul'ata.

## Gaafii Ka'umsaa

- Dheerinni minjaala kitaaba barataa irra jiru taakkuu meeqa ta'a?
- Dheerinni funyoo kitaaba barataa irra jiru taakkuu meeqa?

Gaaffilee kanarraa ka'uun barattoonni meeshaalee daree keessaa kan akka foddaa, balbalaa, barcumaa fi wkf safaruun hiriyyoota isaaniitti akka himan gochuun gocha kana gabbisuun ni danda'ama.

## Dhundhuma:

Ammas barsiisaan gabatee gurraacha dhundhumaan safaruun barattoota gaaffii itti aanu kana gaafachuu ni danda'ama.

Dheerinni dalgee minjaala kana dhundhuma meeqa ta'aa?

Gaaffii gaafatame kanaaf barattoonni muraasni deebii isaanii dareef erga dhi'eesanii booda dheerina olee fi dalgee daree safaruun akka irratti waliin mari'atan hojii dabalataa kennuun barbaachisaadha.

## Faana

Ammas dheerina olee fi dalgee daree faanaan safaruun barattoonnis hojii wal fakkaataa akka hojjetani gochuun safara adda addaa irratti hubannoo qabani gabbisuun ni danda'ama.

## Funyoo

Yeerodhaaf funyoo dheerinni isaa meetira tokko hin caalle qopheessuun barattootaan waliin ta'uun wantoota naannootti argamani kan akka dirree kubbaa saaphanaa, dirree kubbaa miilaa fakkaatani safaruu.

# 5.2 QABEE DHANGALA'AA SAFARUU

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 3**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barnoota mata duree kanaa booda, barattonni:***

- *Qabee dhangala'aa meeshaalee kanneen akka kubbaayyaa ykn qaruuraadhaan ni safaru.*
- *Qabee wantoota addaa addaa waliin ni madaalu.*

**Jechoota Ijoo:** Duwwaa, Guutuu, Xaasaa

## Seensa

Barumsa mata duree kanaa eegaluun dura meeshaalee dhangala'aa qabachu danda'ani kan akka qaruuraa, xaasaa gara dareetti fidanii akka dhufan barattootatti himuun barbaachisaadha.

## Gocha - 3

Hojii jalqabaa kan ta'u barattoota wajjiin jechoota duwwaa, hir'uu guutuu jedhanirratti mari'achuu ta'a.

Kanas gocha – 3 kitaaba barataa jalatti fakki jalqabarratti argamanin fayyadamuun ni danda'ama.

- Xaasaan jalqabaa guutu yoo ta'u kan cinaa isaa jiru hiruu.
- Kan toora lammaffarra jiran bitaa gara mirgaatti guutuu hir'uu, duwwaa jechuun qoodanii barattoota waliin mari'achuu ni danda'ama.

Kanatti aansuunis meeshaa barattoonni fidanii fi bishaaniin fayyadamuun yaada kana gabbisuun ni danda'ama.

## Gocha - 4

Gocha kana jalatti qabee dhangala'aatiin akkaata itti safarru ilaalla.

- Baaldiin bishaan joogii meeqa baata?
- Bishaan kubbaayyaa meeqatu jaarkaanii guuta? gaaffi jedhan kaasuun barumsa safara qabeef bu'uura kaa'uun ni danda'ama.

## Gocha - 5

Gocha kana jalatti hojjin hojjetamu qabee meeshaalee gara garaa walmadaalchisuu ta'a.

Barattoota muraasa gara fuldura dareetti baasuun bishaan qaruuraa fi xaasaatti ykn qaruura laastikii fi qaruura dhugaatii lallaafaatti guutuun xaasaatiin safaruun meeshaa kamtu irra gudda/xiqqaa akka ta'e hojii addaan baasu hojjechiisuun ni danda'ama.

### Gocha - 6

Barattoota dandeetti addaa qabaniif gocha ta’u dha.

Gocha – 6 Kitaaba barataa irra jiru ilaaluun baaldii kamtu duursee guutama?

## 5.3 HANGA SAFARUU

**Wayitiin Ramadameef: wayitii - 3**

### Kaayyoo Gooree

***Barumsa kana booda barrattoonni:***

- *Hanga meeshaalee adda addaa waliin ni madaalu.*

**Jechoota Ijoo**: Salphaa, Ulfaataa, Irra guddaa, Irra xiqqaa

### Seensa

Haala matadureewwan armaan olitti barumsa mataduree kana jalattis barattoonni hammamtaa meeshaalee garagaraa tooftaa adda addaan walmadaalchisuun beekumsa safaruurratti qaban gabbifatu jedhame ni eegama.

### Gocha - 7

Gocha - 7 irratti barattoonni wantoota akaakuun jiran tooftaa garagaraan addaan baasuun salpha ykn ulfaata jechuu akka danda’an deggersa gochuudha.

### Gocha dabalataa

Barattoonni meeshaalee gara daree fidan barru harka isaanii lamaan lamaan irra kaa’uun jecha salphaa fi ulfaataa jedhu akka shaakalan dabalataanis wantoota lama lama olkaasuu ykn lafarra harkisuu yaaluun hojii hojjetan kana jechoota salphaa fi ulfaata jedhamaniin xiinxalu akka danda’an gochuun hubannoo hammamtaa safaruuf qaban cimsuun ni danda’am.

### Gocha - 8

Hojii walmadaalchisuu irratti shaakalli dabalataa akka godhaniif gareedhan wantoota qooduun “kun salphaadha”, “kunimmo ni ulfaata” jechuun barattoonni gareen ykn tokko tokkoon akka walmadaalchisan gochuun wantoota naannootti argamanin fayyadamun hammamtaa safaruun akka danda’amu agarsiisuun hubannoo qaban gabbisuun ni danda’ama.

# BOQONNAA 6 SEENSA FIRAAKSHINOOTAA

## SEENSA

Wantoota naannoo keenyatti argaman bakka adda addaatti qooduun ni danda'ama. Wanta guutu tokkos safara garagaraan qooduun wanta jirudha. Fakkenyaaf haati ijoolle daabbo tokko ijoolle ishiif ni qooddi, ijoolleen burtukaana tokko waliin qooddatanii ni nyaatu. Taphattoonni garee walqixa lamatti qoodamuun kubba taphatu . . . wkf kaasuun ni danda'ama. Kanaaf yaada firaakshinootaa hubachuuf wanta qabatamaa ta'erraa ka'uun barbaachisaadha. Haala kanaan barnoota herregaa fi boqonnaa kanaaf barattoota haaraa ta'an walakkaa (½), kurmaana (¼), sadii arfeentaa (¾) waliin barsiisuuf mataduree lamaan dhi'aateera.

## Kaayyoo Gooroo

***Xumura Barumsa boqonnaa kanaan booda, barrattoonni:***

- *Wantoota bakka walqixa lamatti qoodanii yaada walakkaa* $\left(\frac{1}{2}\right)$ *jedhu ni xiinxalu.*
- *Wantoota bakka walqixa afuritti qoodahii yaada kurmaana jedhu ni xiinxalu.*
- *Kurmaanaa (¼) fi sadii afraffaa (¾) ni beeku.*

## Meeshaale boqonnaa kana barsiisuuf barbaachisan:

- Burtukaana
- Baala, Shankoora
- Danaale rog sadee, rog afree fi geengoo waraqaarratti fakkeefame
- Markaroota halluu adda addaa
- Boronqii halluu adda addaa.

# 6.1 WALAKKAAWWAN

**Wayitiin Ramadameef: wayitii – 3**

## Kaayoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda, barrattoonni***

- *Maalummaa walakkaa ni ibsu.*
- *Walakkaa wantootaa ni agarsiisu.*
- *Walakkaawwan meeqatu guutuu tokko akka ta'an ni himu.*
- *Walakkaawwan kanneen hin taane ni himu.*

**Jechoota ijoo:** walakkaa, walqixa/Guutuu

## Seensa

Mata duree kana jalatti barattoonni wanta tokko bakka lamatti qoodanii walqixummaa isaanii mul'isuu/ibsuu akka danda'an barbaadama. Hojii hojjetan kanaratti hundaa'anii yaada jecha walakkaa $\left(\frac{1}{2}\right)$ hirama lamaan waan tokkoon akkaata itti firomsuu danda'an gochaaleen armaan gadiin dhi'aateera.

## Mala baruu fi barsiisuu

Boqonnaan kun barattootaaf haaraa waan ta'eef wanta qabatamaa naannootti argamuun fayyadamuun barbaachisaadha.

## Gocha – 1

Barattoonni qoodiin ijoollee gamachiisu ykn fooyya'aa ta'e kam akka ta'e fakkiirratti/chaartiirratti hunda'uun dubbachuu akka danda'an gargaaruu. Deebii kennan maaliif akka filatan sababa dhi'eesuun waliin haa mar'atan.

Deebii fi firii maree barattootaa erga dhaggeefatanii booda yoo danda'ame bixillee tokko garagara qooduun/hiruun ykn gabatee guraacharratti fakkeessun garee lamaanuu qooddii gamachiisu danda'u mul'isuun ni danda'ama.

### Gocha – 2

Gocha – 2 kitaaba barataa irratti fakkeenya kennameen fayyadamuun haala wal fakkaatuun walakkaa fakkii kennamee waliin firoomsuu. Hojii kanaaf mijataa akka ta’uuf barrattoonni dabtara irratti akka fakkeessan gochuun, yoo dandaameef halluu dibuun gocha kana hojjechu.

### Gocha – 3

Gocha – 3 hojjechuuf barattoonni wantoota akka shankooraa, baala bakkaniisaa burtukaana wkf gara dareetti fidanii akka dhufan duraan dursanii itti himamuu qaba.

Gareen ta’uun wantoota fidan bakka lamatti qooduun hojiin walqixa ta’uu isaanii mirkanneessuu (walakkaa tokko kan biraarra kaa’uun) hojjechuun beekkumsa argatan akka gabbifachuu danda’an gargaaruun barbaachisaadha.

### Toftaale madaallii

Barumsa mata duree kana jalatti kenname hangam akka hubatan ilaaluuf deggersa barbaachisaa ta’e gochuudhaaf xumura barnoota guyyaarratti hojii armaan gadii hojjechuun ni danda’ama.

Gabatee gurraacharratti danaa geengoo, rog arfee fakkeessuu. Barattootni muraasni walakkaa danaa kanaa boronqii halluu qabuun akka diban gochuu, hojii sirrii ta’e hojjechuu isaaniis mirkaneessuu, yoo sirrii hin taanes sirreessuun barsiisaarraa eegama. Gilgaala – 1 hojii manatti hojjetan akka ta’uuf kennuun hubannoo barattootaa madaaluun ni danda’ama.

## 6.2 KURMAANOTA

**Wayitiin Ramadameef: wayitii – 3**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda barattoonni:***

- *waa’ee kurmaana* $\left(\frac{1}{4}\right)$ *hubachu isaanii ni mul’isu.*
- *Kurmaanaa fi sadi afraffa* $\left(\frac{3}{4}\right)$*wanta tokkoo gochaan ni agarsiisu.*
- *wanti tokko walakkaa meeqa ykn kurmaana meeqa akka ta’u hojjetanii gabaasa ni dhi’eessu (himu).*

**Jechoota ijoo:** Kurmaana $\left(\frac{1}{4}\right)$,sadii-arfaffaa $\left(\frac{3}{4}\right)$

## Seensa

Mata dure armaan olii keessatti barattoonni jechi walakkaa jedhu maal akka ta'e hubatanii jiru. Mata duree kana jalattimmoo kurmaana $\left(\frac{1}{4}\right)$ ykn sadi arfaffaa $\left(\frac{3}{4}\right)$ akka baratani godhama.

## Mala baruu fi barsiisuu

Barumsa mata dure armaan olii (6.1) irratti hundaa'uun gaaffii kanaan eegaluun ni danda'ama.

- Walakkaa waraqaa tokkoo agarsiisaa?

Waraqaa walakkaa ta'e kana akka walakkaa isaa agarsiisan gaafadhu. Kana booda hojii barattoonni hojjetan inni dhumaa kurmaana (¼) akka jedhamu itti himuun gara gocha – 4tti darbuun ni danda'ama.

## Gocha – 4


Barattoonni dabtara isaaniirratti fakkii kennaman haa fakkeessani. Fakkii kanas bakka walqixa afuritti qooduun barsiisaan/tuun daree keessa adeemuun hojii barattootaa ilaaluun, deeggersa barbaachisaa ta'e kennuun ni danda'ama.

Gabatee gurraacharrattis danaalee rog-sadee, rog-arfee, geengoo fi wkf fakkeessuun kurmaana (¼) halluun dibuun barattootatti agarsiisuu. Dabalataan fakkiilee kana waraqaarratti fakkeessuun ykn wantoota kan akka burtukaanaa bakka afuritti, bakka lamatti qooduun kurmaanaa fi sadii arfaffaa (¾) barattootatti agarsiisuu dhumarratti kurmaanni arfanuu walqixa ta'uu isaanii muraa tokko kan biraa irra kaa'uun mirkaneessuun beekkumsa mata duree kana jalatti argatani gabbifachuu akka danda'ani gargaaruudha.

## Tooftaale madaalli

## Gilgaala 2

$\frac{1}{2}, \frac{1}{4}, \frac{3}{4}$ danaa halluun dibameen firoomsuu. Yoo walakkaan kan dibame ta'e ½ wajjin firoomsuu.

Fkn: $\frac{1}{2}$ 

Akkasumas Gilgaala – 3fi 4 dabtararratti barreessuun akka hojii daree fi hojii manaatti kennuun dandeettiisaanii cimsuun ni danda'ama.

BOQONNAA 7

# LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTII LAMAAN BAAY'ISUU FI LAMAAF HIRUU

## SEENSA

Boqonnaa darbani keessatti barattoonni lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran barreessuu, tartiibeessuu fi lakkoofsota kanaan fayyadamani hir'isuu fi ida'uu akka danda'an godhameera. Boqonnaa kana jalattimmoo barattoonni qooyyaboota baay'isuu fi hiruu akka beekan gochuuf baay'ataan isaanii lakkoofsota 20 hin caalle 2n baay'isuu. Lakkofsoota guutuu hanga 20 jiran 2f hiru mata duree jedhan qabatee dhi'aateera.

## Kaayyoo Gooroo

***Xumura barumsa boqonnaa kanaa booda barattonni:***

- *Lakkoofsota baay'aataan isaanii hanga 20 ta'e 2n baay'isuu ni danda'u.*
- *Lakkoofsota guutu hanga 20tti jiran 2f ni hiru.*
- *Mallattoolee baay'isuu " × " akkasumas hiruu "÷ " addaan baasanii ni beeku.*

## Meeshaalee deeggersaa barnootaa

- Qorkii, baaqelaa, cirracha, filaash kaardii 0 – 20 irratti barreefamani callee fi wantoota lakkoofsaaf fayyadani adda addaa.

# 7.1 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMAA 20TTI JIRANI LAMAAN BAAY'ISUU

**Wayitiin Ramadameef: wayitii 10**

## Kaayyoo Gooree

***Barattoonni barumsa mata duree kanaa erga xumuranii booda:***

- *Baay'isuun tooftaa gabaabaa irra deddebi'uun ida'u ta'uu ni huubatu.*
- *Mallattoon baay'isuu fi jechoota 'si'a' jedhaman addaan baasuu ni danda'u.*
- *Lakkoofsota hundaa baay'ataan isaani hanga 20 ta'an 2n bay'isuu ni hubatu.*

## Seensa

Mata duree kana jalatti kaayyoon inni guddaan lakkoofsota baay'ataan isaani hamma 20 ta'an lamaan baay'isuu jechuun lakkoofsicha si'a 2 ida'uu ta'u akka beekanii fi jechoota baay'isaa fi baay'ataa jedhaman addaan baasuu akka danda'an gochuudha.

## Mala baruu fi barsiisuu

**Gocha 1**

Fakkii gocha -1 kitaaba barataa irratti kennamanin fayyadamuun daree keessatti garee barattoota shamarrani sadii qabu lama uumuu. Gara dura dareetti baasuudhaan:

1. Gareen meeqa akka jiru barattoonni akka ilaalanii hubatan gochuu.
2. Baay'inni miseensa garee tokkoon tokkoonii meeqa akka ta'e gaafachuu.
3. Barattoonni shamarree 3 garee 2 keessa jiraachuu akka dubbatan (3 si'a 2) jajabeessuu.
4. 3 si'a 2 jechuun 3 + 3 = 6 ta'u akka hubatan gochuu.

## Gocha 2

Gocha kana jalatti hojji garee hojjechuuf: barattoonni garee nama 8 of keessaa qabu uumuun garee kanas bakka lamatti qooduun 4 si'a 2 jechuun 8 ta'uu fi akkaataan itti barreeffamus 2 × 4 = 8 ta'uu isaa mallattoon " × " kun mallattoo baay'isuu akka ta'e itti himuu. Haala walfakkaatuun barattoota shan shan gara daree duratti baassuun 2 × 5 = 10 ta'uu akka xiinxalanii argataniif deeggersa gochuu.

Gocha kanarratti qoyyaba baay'isuu akka ida'uutti ibsuun danda'amu isaa hubachisuu dha.

**Fakkeenyaaf** : 2 × 4 = 8 jechuun 4 + 4 = 8

2 × 5 = 10 jechuun 5 + 5 = 10

2 × 2 = 4 jechuun 2 + 2 = 4

## Tooftaalee madaalli

Barattoonni 2n bayisuun lakkoofsaa irra deebi'uun ykn si'a lama ida'uu ta'uu hubachuu isaani madaaluuf gaaffii armaan gadii kana gaafachuun ni danda'ama.

1. Loon lama miila meeqa qabu?
2. Baay'inni miila lukkuu sadii meeqa?

## Gilgaala 1

Gilgaala kanarratti gaaffii kennaman deebisuuf saanduqa kibriitiin fayyadamuun ni danda'ama.

## Gocha -3

Barattoonni cirracha ykn baaqelaa lakkaa'uun bakka duubisa deebii sirrii ta'een akka guutani gochuu. Asirratti 2 baay'isaa ta'uu fi firiin immo baay'ataa akka ta'e addaan baasuun dubbachu shaakalsiisuu.

## Gilgaala 2

Bakka duwwaa deebii sirrii ta'een erga guuttanii booda baay'isaa, baay'ifamaa fi baay'ataa akka addaan baasanii hubatan gochuu.

## Gilgaala 3

Haala gilgaala -2 irratti hojjetaniin hojjetu.

## Gocha 4

Fakkiin kennaman garee fakkii lama qabuun qoodamuu fi dhiisuu hojii addaan baasuutu hojjetama. Haala kanaan fakkiin namaa fi daraaraa (abaaboo) lama lamaan qoodamuu danda'amuu isaa garuu fakkiin finjaala lama lamaan qoodamu akka hin danda'amne tokko qofaatti hafuu isaa hubachuu akka danda'ani deeggersa gochuun jajjabeessuu. Gaaffi kan calleen hojjechuun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf:- Callee 14 lama lama gochuun bakka 7tti qooduun ni danda'ama. Yoo 3 ta'ani garu walqixa hiruu hin danda'amu.

## Gocha 5

Fakkiin kennaman lama lamaan qooduun akka danda'amuu fi hin danda'amne lakkaa'uun haa yaalan.

Lama lamaan qoodamu (bakka lamatti) kan danda'an yoo ta'e lakkoofsota kana mana tokkeen isaanii 0, 2, 4, 6fi 8 kan ta'e kan akka 10, 12, 14 wkf. Yoo hin qoodaman ta'e garu mana tokkeen lakkoofsota kanaa 1, 3, 5, 7fi 9 ta'uu fi isaanis 11, 13, 15 wkf, jechuun tooftaa addatti akka fayyadamuu danda'an gargaaruudha.

### Gilgaala 4

Tuuta lakkoofsota kennamanii keessaa kan lama lamaan qoodamuu danda’an filaachuun saanduqa kan biraarratti akka barreessan gochuudha. Kana raawwachuuf wantoota lakkaa’aman kan akka cirracha, callee fayyadamuun barbaachisaadha.

### Gocha 6

Gocha kanarratti barattoonni barcumootti haala lamaan taa’u isaani akka qalbeefatan gochuu. Jalqabarratti barcumuti 6 sadi sadiin inni lamaffammo 6 lama lamaan qooduu dhumarrattis $2 \times 3 = 3 \times 2 = 6$ akka ta’u xiinxaluun irra ga’uu akka danda’an gochuudha. Iddo jijjiraan baay’ifamaa baay’isaa firii ykn baay’ataa akka hinjijjiirre dhumarrattis ammalli iddoo jijjiirraa baay’isuu dhugaa ta’uu akka huubatan gochuu.

### Tooftaale madaallii

### Gilgaala 5

Callee ykn cirrachaan fayyadamuun hojjechuun ni danda’ama

### Gilgaala 6

Xiyya lakkoofsaa fayyadamuun firii bay’isuu kennaman mirkaneessu.

### Gilgaala 7

Gilgaala kanarratti fakkiin kennaman pirobileemota jechaa bakka bu’uun, qophaa’e

1 Roobaa fi Daraartuun muuzii torba torba yoo walitti buusani waliigalaan muuzii meeqa ta’aafii?

2 Obbo Dabalaan hoolota qaban ijoollee isaanii lamaaf walqixa qoodanii lamaanuu afur-afur yoo iisaan ga’e, hoolonni Obbo Dabalaa meeqa turan? Pirobileemota kana barattoonni ida’uu fi baay’isuun ibsuun deebi isaa bakka duwwaarratti akka guutan (barreessani) gochuudha.

Deebii $7 \times 2 = 14$ fi $2 \times 4 = 8$

## 7.2 LAKKOOFSOTA GUUTUU HAMMA 20TTI JIRAN LAMAAF HIRUU

**Wayitiin Ramadameef: wayitii-12**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa mata duree kanaa booda barattoonni:***

- *Lamaaf hiruun bakka wal qixa lamatti qooduu akka ta’e ni himu.*
- *Mallattoo hirua “ ÷ “ fi jecha “hiruu” jedhamutti ni fayyadamu.*
- *Hariiroo 2n baay’isuu fi 2f hiruu ni ibsu.*
- *Pirobileemota ni furu.*

## Seensa

Mataduree kana jalatti barattoonni lakkoofsota 0 – 20tti jiran hafte male 2f isaan hiramaniin hiruu baratu. Hiruun qooyyaba fuggisoo baay'isu ta'uu fi lakkoofsi 2f hiramu, lakkoofsa guutuu qofa akka ta'e, hubachuu akka danda'an bakka itti tasifamudha.

## Mala baruu fi barsiisuu

## Gocha 7

Yaada rime 2f hiruu barsiisuuf

Barattoota 6 bakka lamatti qooduun hiriiraan akka dhaabbatani gochu. Hiriira lachuurra barattoota sadi sadiitu jira. Hiriira kanas qooyyaba ida'u fi baay'isun ibsu ni dandaama. 3 + 3 = 6 fi 2 × 3 = 6 ta'a. Kunis 6 bakka walqixa lamatti yoo qoodamu 3 akka ta'u barreeffamaanis 6 ÷ 2 = 3 ta'uu fi 6 Qoodamaa, 2 – qoodaa fi 3 immo ga'ee ta'u hubachisuu. Hiruun qooyyaba baay'isuun yoo ibsamus 6 ÷ 2 = 3 jechuun ykn 2 × 3 = 6 ta'a . Fakkii kennaman lakkaa'uun firii hiruu bakka duwwaarratti guutu.

## Gocha 8

Fakkii kennaman lakka'un bakka duwwaa guutuudha.

## Tooftaale Madaalli

## Gilgaala 8

Gaaffi shaakala kanarratti kennaman wantoota lakkaa'amu danda'an kan akka cirrachaa, callee fi wkf fayyadamuun furu. Hiruun qooyyaba fuggisoo baay'isuu waan ta'eef, hiruu qooyyaba bay'isuun ibsuun bakka duwwaa lakkoofsa sirrii ta'een guutuudha.

## Pirobileemoota Jechaa

## Gilgaala 9

Fakkilleen kennaman pirobileemota jechaa iddoo bu'u.

1. Qubeessonni 16 barattoota 2f meeqa meeqa ga'u?
2. Millii lukkuu 14, yoo mul'atan baay'inni lukku meeqa ta'a?
3. Ani lakkoofsa. Yoon 2n baayadhu 18n ta'a, ani eenyu?

Kan jedhani yoo ta'u, fakkii kenname lakkaa'uu fi hiruun furuun ni danda'ama.

# BOQONNA 8 SARAROOTAA FI DANAALEE SASSALPHOO

## SEENSA

Sararoonni bu'uura danaa garagaraati. Fakkeenyaaf gamoon magaalaa keessatti mul'atan ijaaramuundura waraqaarratti sararaan agarsiisuun qophaa'u. Qaamni konkolaataa fi warshaalees haaluma kanaan jalqaba waraqaarratti sararaan qophaa'u. Kanaafuu barattoonni umurii isaanii kannatti beekumsa bu'uuraa sararootaa fi danaalee sassalphoo argachuu qabu. Boqonnaan kunis sarara qajeelaa fi dabaa, danaalee sassalphaa mata duree jedhaman bakka lamatti qoodamuun barattootaan walbarsiisuuf qophaa'eera.

## Kaayyoo Gooroo

***Xumur barumsa boqonnaa kanaa booda barattoonni:***

- *Sararoota qajeeloo fi jajalloo addaan ni baasu, ni fakkeessu.*
- *Danaalee sassalphoo kan akka rog-sadee, rog-afree fi geengoo addaan ni baasu, ni fakkeessu.*

## Meeshaalee Deeggersa barnootaa

Funyoo, sarartuu, kompaasii (compass), danaalee rog-sadee, rog-afree fi geengoo waraqaarratti guddifamanii fakkeeffaman, boronqii halluu garagaraa k.k.f.

# 8.1 SARAROOTA QAJEELOO FI SARAROOTA JAJALLOO

**Wayitiin Ramadameef: wayitii – 4**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa mata duree kanaa booda, barattonni:***

- *Sararoota qajeeloo fi jajalloo addaan baasanii ni himu.*
- *Sarara qajeelaa fi daddaboo ni fakkeessu.*

**Jeechoota Ijoo:** Qajeelaa, Jallaa, Sarara.

## Seensa

Mat-dureen kun barattoonni wantoota naannoo isaanii jiran sarara mul'isu danda'an qajeeloo fi daddaboo jechuun addaan baasuu fi fakkeessuu akka danda'aniif akkaataa itti dandeetti uumutti dhi'aateera.

## Mala baruu fi barsiisu

## Gocha 1

Fakkii namoota lamaa kan kitaaba barataarratti mul'aturratti hundaa'uun gaaffii kana gaafachuun eegali.

- Namoonni kun maal hojjechaa jiru? Deebii barattootaatti aansuunis, funyoo namicha kamiitu qajeelaadha, kan isaa kamiitu dabaadha? Kana booda barsiisaan inni gara bitaa jiru qajeelaa ta'uu isaa kan isa, gara mirgaammoo sarara dabaa akka mul'isani ibsuun gocha itti aanu hojjechuun ni danda'ama.

Kutaan lamaffaa gocha kanaa barattoonni fakkeessuu bakka itti shaakalaniidha. Jalqaba quba harka isaaniin qilleensarratti haa yaalan, itti aansuun dabtararratti sararoota kennaman fakkeessuu haa shaakalani.Yeroo kana barsiisaan/tuun daree keessa naanna'uun barattootaaf deeggarsa godhu. Dhumarratti barattoonni fakkii fakkeessanii sarara qajeelaa ykn dabaa jechuun akka dubbataniif carraa kennuun barbaachisaadha.

## Gocha 2

Kaayyoon gocha kanaa baraattoonni barumsa baratan kana wanta qabatamaa naannoo isaaniin walqabachiisun ilaalcha qaban akka gabbifachuu dandaan gochuudha.

Fakkii jalqabaarratti sinbirroo mukaa mukatti barristutu (barartu) mul’ata. Daandiin irra balaliitu dabaa akka ta’e ilaalanii dubbachuu akka danda’an barattootaa carraa laachuun ni barbaachisa. Haaluma walfakkaatuun danaalee mul’atanirratti wantoonni argaman yoo socha’an sararri isaan uuman maal akka fakkaatu barattoonni mari’achuun akka himan deeggarsa gochuun hubannoo isaanii gabbisuun ni danda’ama.

### Tooftaalee madaalli

Barattoonni barumsa kana hangam akka hordafaa jiran madaaluuf muraasa isaanii kaasuun sarara gara garaa gabatee gurraacharratti akka fakkeessan gaafachuun ni danda’ama. Akkasumas gilgaala 1fi 2 hojjechiisuun hubannoo isaanii madaaluun ni danda’ama.

### Gilgaala 1

Jalqaba barattoonni dabtara isaaniirratti haa fakkeessanii.

Akka fakkeenya kennameetti qajeelaa ykn dabaa yoo ta’e qubee danaa cinaa jiru bakka duwwarratti barreesuun deebisu.

**Fakkeenya:** Qajeelaa $\underline{\ A\ }$ .

### Gilgaala 2

Gara harka bitaatti sararoota a-d tti moggaafaman ni mul’atu. Gara mirgaa tokkoon tokkoon danaalee kanaa tuqaa lakkoofsa 1fi 2n bakka buufamantu jira. Baraattoonni danaa qubeen kennaman tuqaalee lamaan walqabsiisuun irra deebi’uun haa hojjetan. Gocha dabalataas sarartuu ykn kitaabaan fayyadamanii sarara gara garaa fakkeessuu akka shaakalan gochuun barbaachisaadha.

## 8.2 DANAALEE SASSALPHOO

**Wayitiin Ramadameef: wayitii 6**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa mata duree kanaa booda barattoonni:***

- *Dandaalee ji’oomeetirii sassalphoo akka rog sade, rog-afree fi geengoo ni fakkeessu, addaan ni baafatu.*

### Seensa

Mata duree kanarratti wanta naannootti argamuun barattoonni rog sadee, rog-afree fi geengoo akka fakkeessuu fi addaan baasuu danda’an ni godhama.

## Mala baruu fi barsiisuu

### Gocha 5

Danaa kitaaba barat. gocha – 5 jala jiran ilaalanii isa akka himan godhi.

### Gocha 6

Baraattoonni dabtara isaaniirratti sararoota kitaaba barataa gocha-6 irratti kennaman fakkeessuun wal qabsiisanii danaa xiyyaan mul'ifame fakkeessuu akka shaakalanii fi maqaa danaalee kanaas akka himan godhi. Yeroo kana deeggarsa godhuufiin barbaachisaa dha.

### Gocha garee

### Gocha 8

Barattoonni gareen ta'uun gocha danaalee kennaman rog-sadee, rog-afree fi geengoo jechuun addaan baasuu hojjetu. Gareen mari'atanii erga hojjetanii booda dabtarratti fakkeessuun deebiisaani barreessu.

**Fakkeenyaf:** Rog sadee _B_ jechuun bakka duwwaa guutu.

### Gocha 9

Danaan manaa kan gocha -9 kitaaba barataa irratti mul'atu rog-sadee fi rog-afreedhaan kan hojjetameedha. Fakkeenya kanaan barattoonni danaa mataa isaaniin akka uuman gargaaruu.

## Tooftaalee madaallii

Dandeettii barattootaa madaaluuf gilgaala 3, 4, 5 fi 6 hojii daree keessaa fi hojii manaa gochuun barbaachisaa ta'a.

### Gilgaala 5

Sararoota ciccitaa walqabsiisuun rog sadee, rog afree fi geengoo fakkeessuu shaakalchiisuu.

### Gilgaala 6

Danaa jalqabaarratti bakka duwwaa, qubee sirrii ta'een guutuu. Fakkeenya rog sadee a

Danaa lamaffaarratti baay'ina rog sade _3_

rog afree _9_

geengoo _2_ jechuun bocoota danaa kana

ijaaruuf itti fayyadamne lakkaa'uun bakka duwwaarratti barreessuudha.

# BOQONNAA 9 LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 100TTI

## SEENSA

Barumsa boqonnaa darbanii keessatti barattoonni lakkoofsota hundaa hamma 20 jiran dubbisuu, barreessuu, tartiibeessuu fi wal madaalchiisuu baratanii jiru. Akkasumas lakkoofsota kanarratti qoyyaboota ida'uu, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu akkaataa itti hojjetan akka beekan taasifameera. Boqonnaa kana jalattis lakkoofsota hamma 100 lakkaa'uu, ida'uu, hir'isuu fi baay'isuu akkasumas wal madaalchisuu ni baratu.

## Kaayyoo Gooroo

***Barumsa boqonnaa kanaa booda barattoonni:***

- *Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran kudhan, Kudhaniin ni lakkaa'u.*
- *Baay'attoota 10n hamma 100tti jiran ni ida'u, ni hir'isu.*
- *Lakkoofsota baay'ataa 10n hamma 100 jiran ida'uu fi hir'isuu ni danda'u.*
- *Mallattolee "< ", ">", "="tti fayyadamuun lakkoofsota hamma 100tti jiran waliin ni madaalu.*
- *Mana tokkee fi mana kudhanii lakkoofsotaa ni ibsu.*

## Meeshaalee deggersa barnootaa

Ulee waliitti hidhaman 10, abaakasii, cirracha ykn wanta lakkaa'amuu danda'urraa qophaa'e, kaardii filaashii baay'ataan 10 hamma 100 jiran irratti barreeffame.

# 9.1 BAAY'ATTOOTA 10 HAMMA 100TTI

**Wayitiin Ramadameef: wayitii – 6**

## Kaayyoo Gooree

***Barattoonni barumsa kana booda:***

- *Baay'attoota 10 hamma 100tti jiran adda ni baafatu, ni dubbisu, ni barreessu, <, > fi = tti gargaaramuun ni madaalu.*
- *Baay'attoota 10 hamma 100 jiran ni ida'u, ni hir'isu.*
- *Baay'attoota 10 tti gargaaramuun pirobileemota jechaa ni furu.*

## Mala baruu fi barsiisuu

### Gocha 1

Ulee 10 wallitti hidhaman qopheessuu. Hidhaan tokko lakkoofsa 10 akka iddoo bu'u ifa gochuu. Hidhaa lama jechuun $10 + 10 = 2 \times 10 = 20$ ta'uu isaa erga hubachiiftee booda haala walfakkaatuun baraattoonni hidhaa kana lakkaa'uun baay'ataa 10 akka dubbisanii fi barreessan gochuu.

### Gocha -2

Baay'ina hidhaa ulee 10 irratti hundaa'uun barattoonni hidhaan 3 hidhaa 2 irra akka caalu kunis $3 \times 10 > 2 \times 10$ ta'uu erga hubatanii booda haala walfakkaatuun danaa qubeessaa hidhamanii $4 \times 10 < 5 \times 10$ ta'uu isaa fi $40 < 50$ akka ta'e barattoonni xiinxaluun argachuu akka danda'aniif deeggersa gochuu.

## Tooftaalee madaallii

### Gilgaala 2

Baay'ataa 10n ulee hidhamaniin fayyadamuun wal madaalchisuun ala mana kudhanii lakkoofsotaan fayyadamuun wal madaalchisuun akka danda'amu hubachiisuu.

Fakkeenyaaf : 3 mana kudhanii 30 yoo ta'u 5 immoo mana kudhanii 50 waan ta'eef $30 < 50$ sababni isaa $3 < 5$ ykn $5 > 3$ ta'uu isaati.

### Gilgaala 3

Tooftaa gara garaan fayyadamuun baay'ataa 10 barattoonni caalatti akka hubatani gochuudha.

1. Lakkoofsota 1 – 9 jiran 10n baay'isuun firii isaanii argachuu.
2. Lakkoofsota mana tokkeen isaanii 0 ta'ee fi manni kudhanii isaanii lakkoofsa 1- 9 ta'e baay'ataa 10 ta'uu akka hubatan gochuudha. Kana bu'uureffachuun

1. Bakka duwwaa gabatee kennamee guutuu.
2. Qooyyaba baay'isuun baay'ataa 10 ibsuu.

### Gocha 3

Gochi kun 1 Abaakasiin fayyadamuu,

2 Gabatee ida'uun waa'ee baay'ataa 10n tooftaa itti barbaaduu danda'an kan mul'isuudha.

Barattoonni baay'attoota 10n ida'uu akka danda'an madaaluuf gaafii 30 + 40 = _____ fi 50 + 20 =_____ jedhu abaakasii fi gabatee ida'uun fayyadamanii akka deebisan gaafachuun akkasumas gilgaala – 4 irratti gaaffii kennaman hojii manatti hojjetan kennuun ni danda'ama.

### Gocha 4

Lakkoofsota baay'ataa 10n ta'an hir'isuu barsiisuuf

1. Abaakasiirraa qorkii baasuun hir'isuun,
2. Gabatee hir'isuun immo mana kudhanii hir'isuun fayyadamuu ni dandeenya.

### Gilgaala 5

Akka dabalataatti tooftaa kanaan fayyadamanii akka hojjetani gochuu.

### Gilgaala 6

Ibsa danaa kennamanii

1. Dallaa horsiisee bulaa tokko keessa saawwan 60, jiboota 10 fi jabboota 20 tu jira. Waliigala baay'inni hoorii dallaa kana keessaa meeqa?
2. Bakka walga'ii tokkorratti dubartoota 20 fi dhiira 80tu argame. Baay'inni namoota walga'ii kana hirmaatanii meeqa?
3. Daree tokko keessa barattoota 40tu jiru. 30n shamarran yoo ta'an, baay'inni dhiiraa meeqa?
4. Ani lakkoofsa. 50 yoo anarratti ida'an 90 ta'a, ani eenyu?

## 9.2 LAKKOOFSOTA HUNDAA 21 HAMMA 100TTI JIRAN

**Wayitiin Ramadameef: wayitii 6**

### Kaayyo Gooree

***Xumura barumsa kana booda barattoonni:***

- *Lakkoofsota hundaa 21 – 100 tti jiran ni barreessu, ni dubbisu..*

**Fakkeenya:** $42 = 4 \times 10 + 2$

### Gocha baruu fi barsiisu

### Gocha -5

Ulee walitti hidhaman 10fi ulee – 9 qopheessuun, fakkeenya kanaan fayyadamuun kan hafan hojjechu akka danda’an agarsiisuu.

Fakkeenya: Ulee hidhaa tokkoofi qeentee (1) jechuun 10 + 1 = 11

### Gocha 6

Bakka duwwaa akkaata fakkeenya kennameetti abaakasiin fayyadamuun guutuu.

Fakkeenya: 67 = 6 × 10 + 7 = 60 + 7

Gilgaala – 8 haala walfakkaatuun hojjechutu barattootarraa eegama.

## 9.3 TARTIIBA LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 100TTI JIRANII

**Wayitiin Ramadameef: wayitii – 3**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda barattoonni:***

- *Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran waliin ni madaalu, ni tartiibessu.*
- *Lakkoofsota tartii fi lakkaa’ota addaan ni baafatu.*

### Seensa

Mata duree kana jalatti barattoonni lakkoofsota hamma 100 jiran walmadaalchisuu fi tartiibeessuu baratu.

### Mala baruu fi barsiisuu

### Gocha 7

Fakkeenya kenname irratti hundaa’un mana tokkee lakkoofsotaa ilaaluun bakka duwwaa lakkoofsa sirrii ta’een guutuun tartiibaan kaa’uu.

### Tooftaalee madaalli

Barattoonni lakkoofsa tartiibaan barreessuu danda’uu isaanii beekuuf

1. Lakkoofsota mana kudhanii walfakaataa qaban kennuun mana tokkeerratti hundaa’anii (mana tokkee lakkoofsotaa walmadaalchisuun) akka tartiibessan gaafachuu.

**Fakkeenya:** 24, 23, 28, 27

$3 < 4 < 7 < 8$ waan ta’eef $23 < 24 < 27 < 28$ ta’a.

2. Lakkoofsota mana kudhanii adda addaa qaban kennuun lakkoofsota mana kudhaniirratti hundaa'uun akka tartiibeessan gochuu.

Dabalataanis gilgaala – 9 akka hojii manaatti kennuun hojjetanii dandeettii qaban akka gabbifatan gochuun ni danda'ama.

### Gocha 8

Gochi kun barattoonni lakkoofsota hamma 100 jiran tartiibaan akka beekaniif kan gargaaruudha. Bakka duwwaa gabatichaarratti argamu guutanii erga fixanii booda sagaleel tokkoon akka lakkaa'an gochuu.

### Gocha 9

Gocha barattoonni dursaa fi ittifufaa lakkoofsaa akka hubatan gargaaruudha. Ramaddii jalqabaarratti dursitoota lamaffaarratti itti fuftoota, sadaffaarratti lakkoofsa giddutti argaman bakka duwwaarratti guutuudha.

Fakkeenya: 19 dursaa 20 yoo ta'u 21 itti fuftuu 20ti

### Gocha 10

Barattoonni lakkoofsota tartiibessuu fi waa'ee lakkoofsota tartii hubachuu akka danda'an gocha mul'isudha. Sadarkaa atileetoota kaachaa jiran akka fakkii kennameen mul'ifametti himu danda'an gochuun barsiisuu.

Kan uffata haalluu keelloo uffatu $1^{fa}$, dimaa uffate $2^{fa}$… jechuun sadarkaa ibsuun akka himan gochuudha.

Gilgaala 11 gaaffii sadarkaa hojii daree keessaa ykn kan manaa gochuun akka hojjetaniif haala mijeessuun dandeettii barattootaa madaaluun ni danda'ama.

## 9.4 MANA LAKKOOFSOTAA HAMMA 100TTI

**Wayitiin Ramadameef: wayitii 3**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda, barattoonni:***

- *Mana lakkoofsaa lakkoofsota dijiitota lama qabnii ni ibsu.*

### Seensa

Yaad-rimee mana lakkoofsaa herrega keessatti faayidaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf lakkoofsota ida'uu, hir'isuu, baay'isuu, hiruu fi tartiibeessuu itti fayyadamna. Mata duree kana jalattis barattoonni mana lakkoofsaa addaan baafachuu akka danda'an gochuun ni yaalama.

## Mala baruu fi barsiisuu

## Gocha 11

Gochi kuni mana lakkoofsaa tooftaa lamaan fayyadamuun, barsiisuuf kan qophaa'edha. Inni jalqabaa abaakasii qorkiirraa qophaa'een qorkii mana tokkee fi mana kudhaniirraa hir'isuu fi itti dabaluun yoo ta'u, inni 2ffaa tooftaa diddiriirsutiin. Fakkeenyaaf 25 = 2 × 10 + 5 waan ta'eef 2 mana kudhanii yoo ta'u 5 immo gatii mana tokkee 25 ta'a.

## Tooftaale madaalli

Barattoonni mana lakkoofsaa irratti dandeettii qaban madaaluuf lakkoofsota barreessuun mana lakkoofsaa isaanii barattoonni dubbachuun, akkasumas barreessuun akka deebisan gochuu. Gilgaala 12 akka hojjetan gochuun madaaluun ni danda'ama.

# BOQONNAA 10 MAALLAQA ITOOPHIYAA

## SEENSA

Boqonnaa kana jalatti barattoonni mallaqa Itoophiyaa, dinaarotaa fi nootiiwwaan adda addaa beekanii akka ibsuu danda'an yaalii guddaan ni taasifama.

## Kaayyoo Gooroo

***Barattoonni barumsa boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:***

- *Noottiiwwanii fi dinaarota Itoophiyaa ni hubatu.*
- *Hariiroo dinaara abba saantima 10 fi qarshii tokko gidduu jiru ni himu.*
- *Maallaqa Itoophiyaatiin ni bitu, ni gurguru.*

### Meeshaale deeggarsaa

- Dinaarotaa fi nootiiwwan ykn fakkii isaanii.

## 10.1 DINAAROTAA FI NOOTTIIWWAN

**Wayitiin ramadameef: wayitii : 3**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barnoota matadure kanaa booda, barattoonni;***

- *Noottiiwwanii fi dinaarota addaa addaa kan Itoophiyaa addaan ni baafatu.*

### Mala baruu fi barsiisuu

- Dinaaroota ykn fakkii isaanii barattootatti agarsiiisuu.
- Hariiroo qarshii tokkoo fi qarshii abbaa kudhanii gidduu jirurratti mari'achiisuu.
- Hariiroo qarshii tokkoo fi saantimoota gidduu jirurratti maree taasisuu.

### Gocha – 1

Dinaarota akka addaan baasan gochuudha. Akka fakkeenya kennameetti gocha waliin firoomsuu raawwatu.

### Gocha – 2

Duubaa fi fuldura qarshii ilaaluun addaan baasanii gatiisaa himuu.

## 10.2 HARIIROO SAANTIMAA FI QARSHII

**Wayitiin ramadameef:wayitii – 2**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barnoota matadure kanaa booda, barattoonni;***

- *Hariiroo qarshii fi saantimaa ni ibsu.*
- *Hariiroo maallaqaa gocha bittaa fi gurgurtaa keessatti itti ni fayyadamu.*

### Mala baruu fi barsiisuu

- Barattoonni maallaqa gatii walqixa ta'e qaban akka agarsiisan gochuu.
- Tapha bittaa fi gurgurtaarratti hirmaachuun akka shaakalan gochuu.

### Tooftaalee madaallii

- Maallaqa akaakuu adda addaa barattootatti agarsiisuun akka gatiisaa dubbatan gochuu.
- Qarshiin tokko saantima abbaa 10 meeqa ta'a?

### Gilgaala – 1

Ida'ama saantimoota kennamanii bakka duwwaarratti akka barreessan gochuu.

## Gilgaala – 2

Dinaarota gara harka bitaa jiran ida'uun maallaqa gatii walqixa ta'e qaban kan gara mirgaan walitti firoomsuu.

## Gilgaala – 3

Ijoolleen arfan saantima meeqa meeqa of harkaa akka qaban akka ilaalanii deebisan gochuu.

## Gilgaala– 4

Gatiin dabtara – 1, sarartuu – 1, qalama – 1, qubeessaa – 1 fi karameellaa – 1 danaa tokkoon tokkoon meesharratti barreeffameera. Haala kanaan akka hojjetan deeggaruudha.

# BOQONNAA 11 YEROO

## SEENSA

Gochi guyyaa keessatti raawannu yeroo mataasaanii qabu. Guyyaa ni barrattu, galgala ni ciiftu, ganam-ganama ciisaa ka'uun fuula keessan erga dhiqqattanii booda gara mana barumsaa ni deemtu. Aduu guyya, jiia (addeessa) fi urjii halkan argu ni dandeenya. Kunis seera uumamati.

Boqonnaa kana keessatti barumsi argannu inni guddaan akkaataa itti fayyadama yeroo fi namni yeroo adda addaatti gocha raawatan xiinxaluun mareen gabbisuudha. Fakkeenyaaf ganama ciisichaa kaana, fuula keenya dhiqqannaa wkf. Yoo dhi'u gara mana kenyaatti galla, irbaata nyaanna, halkan ni ciifna. Kanarraa wanti hubannu gochi adda addaa yeroo mata isaanii akka qabanidha. "Hundumtu yeroo mata isaa qaba" sababni itti jedhamus kana.

Boqonnaa kana yoo baratan wantoota naannoo barattootaatti argamaniin shaakalaa fi gocha gara garaa hojjechisun barbaachisaadha. Yeroo sa'aatiin ni beekan. Bara durii namoonni aduu fi gaaddiduu ilaaluun yeroo addaan baasu turan. Bara keenyattimmo yeroo sa'atiin beeku. Kanaaf barattoonni danaa sa'aatii fakkeessuun itti fayyadamu akka danda'ani jajjabeessuun barbaachisa dha.

### Kaayyoo Gooroo

***Barumsa boqonnaa kanaa erga xumuranii booda, barrattoonni:***

- *Gocha guyyaa kessatti raawatamani ganama waree dura, wareen boodaa fi galgala jechuun ni ibsu.*
- *Guyyoota torbanii ni tarreessu.*
- *Sa'aatii meeshaa irraa dubbisanii himuu ni danda'u.*

# 11.1 QOQQOODAMA GUYYAA

**Wayittiin ramadameef: wayitii – 3**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:***

- *Qoqqoodama guyyaa jechoota adda addaan ni ibsu.*
- *Sa'aatii (yeroo) sa'aatii (meeshaa) irraa ni dubbisu.*

## Meeshaalee deggersa barnootaa

- *Sa'aatii anaalogii (analoge)*
- *Fakkii sa'aatii waraqaarratti fakkeefame.*

## Mala baruu fi barsiisuu

## Gocha – 1

Danaan gocha gara garaa mul'isani kennamanii jiru. Yeroo gocha kana itti raawwatan akka ibsan gochuu. Barattoonni guyyaatti gocha raawwatan dareef gabaasa akka dhiyeessan haala mijeessuu.

## Tooftaa madaallii

## Gilgaala 1

Danaa kennamerratti sa'aatiin meeqa akka ta'e barattoonni gareen ta'uun mari'atanii kutaa keessatti haa dhiyeesan.

## Gilgaala 2

Yeroo (sa'aatii) lakkoofsaan kenname danaarratti fakkeessun akka mul'isan gochu. Gilgaala – 1 akka fakkeenyaatti fayyadamuun ni danda'ama.

# 11.2 GUYYOOTA TORBANII

**Wayitiin ramadameef: wayitii – 2**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaanaa booda, barattoonni:***

- *maqaa guyyoota torbanii ni himu.*
- *gocha guyyoota torban kessatti raawwatan ni ibsu.*

## Meeshaa deeggersa barnootaa

- Taattoo maqaan guyyoota torbani irratti barreeffame.

## Mala baruu fi barsiisuu

## Gocha – 2

Gabatee maqaan guyyootaa irratti barreefameen fayyadamuun faarfannaa akka faarfatan gohcuu. Gaaffi kennamanis akka deebisan gochuu. Guyyaa guyyaatti gocha raawwatani barattoota duratti gabaasa akka dhiyeesan gochuu. Guyyoota torbanii tartiibaan yoo waaman guyyaa adda addaarra eegaluun ni danda'ama. Fakkeenyaaf Kamisa ykn  sanbataan eegaluun ni danda'ama.

## Tooftaa madaallii

Barattoota lama lamaan (ykn gareen) qooduun walduraa duubaan maqaa guyyootaa tartiibaan akka waaman gochau.

## Gilgaala 3

Wiixataa hanga Dilbataatti tartiibaan akka waaman gochuu. Akkasumas Dilbataa eegaluun hanga Wiixataatti sirriitti akka waaman hordofuun shaakalsiisuu.

# BOQONNAA 12 QABANNAA DAATAA FI PAATARNII

## SEENSA

Akkuma beekamu naannoon keenya kennaa uumaman badhaadhaadha. Guyyaa guyaattis wanti haaraa baay’een kessatti ni mul’ata. Kanneen kessaa jijjiirama qilleensaa, jijjirama guyyaa fi halkanii wkf ni mulatu. Kennaa uumamaa fi wanta haaraa guyyaa guyyaatti uumaman keessaa baay’ee nu kan barbaachisan jiru. Itti fayyadamuufis beekuu fi kunuunsuun ni barbaachisa.

Jijjiramoota uumamaanis gadi fageenya isaanii hubachuuf jijjiirama kana daataa ibsu qabuu fi dorgomsiisuun barbaachisaa dha. Boqonnaa kana jalatti barattoonni danaa salphaa ta’een daataa funaanuu fi giraafota salphaatti dubbisuuf mata duree gargaaran qabatee jira. Akkasumas maalummaa paatarnii boca, halluu fi lakkofsoota garagaraa bakka itti baratanidha.

## Kaayyoo Gooroo

***Xumura barumsa boqonnaa kanaa booda barattoonni:***

- *Danaalee sassalphoon data ni galmeessu.*
- *Daataa giraafota sassalphoo irraa ni dubbisu.*
- *Paaterniiwwan sassalphoo kan bocootaa, halluuwwanii fi lakkoofsotaa beekuun itti ni fufu, ni uumu.*

### Meeshaalee Daggersa barnootaa

- Haala qillensa guyyaa taattoo mul'isuu danda'u fakkenyaaf danaa aduu, duumessaa, rooba wkf.
- Giraafota kan akka chaartii paayii, giraafii sararaa.
- Haallu dhangala'oo ykn maarkaroota adda addaa.
- Boronqii halluu adda addaa qabu.

## 12.1 GIRAAFOTA FAKKII SASSALPHOO

**Wayitiin ramadameef: wayitii – 3**

### Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda, barattoonni:***

- *Danaaleen fayyadamun haala guyyaa ni gabaasu.*
- *Giraafota dubbisuun hiika itti ni kennu.*

### Seensa

Barattoonni mata duree kana jalatti daataa jechuun maal jechu akka ta'e akka beekanni taasifama. Guyyaa keessattis waan isaan qunnaman galmeessuu fi hiika itti kennuu akka shaakalan bakka iti taasifamudha.

### Mala baruu fi barsiisuu

### Gocha – 1

Barattoonni danaa salphaa ta'aniin daataa galmeessuu akka danda'an gochuudha. Fakkeenyaaf haalli qileensaa aduu yoo ta'e danaa aduu, dumeessaa yoo ta'emmoo danaa duumessaa wkf chaartiirratti qopheesun barsiisun ni danda'ama.

### Gocha – 2

Gochi kun daataa beeladootaa mana nama tokkoo funaanuuf qophaa'e. Barattoonni gareedhaan danaa beeladootaa lakkaa'uun taalii fi lakkoofsaan fakkeenya kenname bu'uureefachuun gabaterratti akka guutani gochu. Kanatti aansuunis gaaffii armaan gadii akka deebisan gochuudha.

1. Beeladi baayinan xiqqaa kami?
2. Belladi baay'inaan argamu kami?
3. Baay'inni belladoota nama kanaa meeqaa?

### Gocha – 3

Barattoonni danaa taattoo fayyadamuun gabaticha taalii fi lakkoofsaan akka guutan gochuu fi baay'ina barattootaa umuriin addaan baasuu akka danda'aniifi dha. Gaaffi itti aanani kanas deebisuu.

1. Barattoonni umuriin isaani meeqaatu baay’inaan xiqqaadha?
2. Harki baay’een barrattoota umuriin isaani meeqa?
3. Baay’ini barattota kanaa meeqa?

## Tooftaalee madaallii

Barattoonni barumsaa kana hangam akka huubatan beekuuf gocha daree kana akka hojjetanu gochuun ni danda’ama.

1. Baay’ina barattoota shamaranii fi dhiiraa daree keessatti argaman gabateerratti akka mul’isani gochu.

| | Shamaran | Dhiira | Ida’ama |
|---|---|---|---|
| Taalii | 𝍸 | | |
| Lakkoofsa | 5 | | |
| | | Ida’ama | |

2. Barrattoota dare (kutaa) isaani umuriin qooduun baay’ina isaanii ibsu akka yaalan gochu.

| Umurii | Baay’ina |
|---|---|
| 4 | 𝍷𝍷𝍷𝍷 |
| 5 | 𝍸 |
| 6 | |
| 7 | |
| 8 | |
| 9 | |
| 10 | |
| Ida’ama | |

# 12.2 PAATARNII

**Wayitiin ramadameef: wayitii – 2**

## Kaayyoo Gooree

***Xumura barumsa kanaa booda, barattoonni,***

- *Paatarnii bocootaa, haaluuwwanii fi lakkoofsotaa kanneen kennaman itti ni fufu.*
- *Paatarnii haarawaa ni uumuu.*

## Seensa

Boqonnaa darban keessatti lakkoofsota hundaa hanga 100f danaa salphaa akka beekan godhameera. Wanta baratan kanas tooftaa adda addaan qooduun ni danda'ama.

## Fakkeenyaaf:

1. Lakkoofsota guutuu tartiibeessuu 2, 4, 6, 8, . . .
2. Lakkoofsota mangoo tartiibessuu 1, 3, 5, 7, 9, . . .
3. Danaa rog sadee fi rog afree walduraa duubaan fakkeessu

△ □ △ □ △ □ ________, ________, ________,

## Mala baruu fi barsisuu

## Gocha – 4

Paatarnoota jalqabaman akka itti fufaanii dandeettii isaanii gabbifatan gochuudha. Dandeettii horatan madaaluuf gocha armaan gadii daree Keessatti hojjechiisun gaaffi itti aanus gaafachuun ni danda'ama.

Jalqaba shamarree tokko itti fufees shamarree, dhiira, shamarree hiriiranii akka dhaabbatan gochuun kan itti aanu dhiiramoo shamarree ta'uu qaba? gaaffi jedhu gaafachuun paatarnicha itti fufuun akka hojjetan barattootaaf dhiisuun fiixaan ba'umsa isaa hordofuun madaaluun ni danda'ama.

Akkasumas kan itti aanu kana akka shaakalaniif haala mijeessuu:

(1) ○ ○ △ ○ ○ △ ___ ___ ___ ___ ___ ___

(2) Halluu dibuu

Diimaa magariisa Diimaa magariisa

(3) 10, 20, 30, 40, ______ ______ ______ ______ ______ ______ ______

# SILABASII BARNOOTA HERREGA KUTAA TOKKOOFFAA

## Baruu fi Barsiisuu Barnoota Herregaa Kutaa Tokkoffaa

Barnoota herregaa barachuun ijaarsa keenyaan manaa waliin walfakkaata: bu'uurri cimaan ijaarsi iraatii raawwatu xiyyeeffannoo argachuu qaba. Sirnni barnootaa kun hallan barachuu afuritti qoodamee jira. Isaaniis lakkaa'uu fi lakkoofsotaatti fayyadamuu, safaruu, bocuu fi qabannaa daataa fa'i.Matadureewwan marti matadureen dursaa ta'e sirritti hubatamuun isaa erga mirkanaa'ee booda kan dhiyaatu ykn itti darbamu dha.

Barattoonni qabbiyyeewwan barnoota herregaa beekuu fi itti fayyadamuu qoa osoo hinta'iin yadrimeewwan isaanii sirritti hubachuu qabu.Kun xiyyeeffannaa addaa qabaachuu qaba.Wantoonni daa'imman osoo hinbarreessiin jecha qofaan ykn sagaleen hojjatan kutaa tokkooffaa irratti heddu barbaachisaa dha. Kunis barsiisaa qofa dhageeffachuu caala daa'imman dudubachaas akka waa baran gumaacha taasisa.

Barnootni herregaa jireenyaa guyyuu kan barattootaa waliin walqabachuun isaa baay'ee barbaachisaa dha.Barnoota baratan kana waantota qabatamaa ta'an kanneen naannoo jireenyaa isaanii jiraniin waliin walqabsiisuun heddu barbaachisa.

Barannoo yadrimee tokko irratti xiyyeeffate daa'immaniif dhiyeessuuf barbaachisumaan malleen baruu barsiisuu hedduutti gargaaramuunis dagatamuu hin qabu. Kanneen keessaas:marii, gochaalee barattootaa adda addaa, tapha, hibboo,farfannoolee, qorachuu fi paatarniiwwan lakkoofsotaa akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Gahee hijii barsiisota kutaalee jalqabaa keessaa in guddaan tokko daa'imman miidhagina barnoota herregaa akka hubatanii fi gammachiisaa ta'uu isaa haala hubatan mijeessuu dha.

### Kaayyoowwan Barnoota Herregaa Kutaa 1

Dandeettii barattoonni gama qooyyabuutiin qaban cimsuu fi gabbisuu malees barnnoowwan barnoota herregaa kutaa tokkoffaa kanneen armaan gadii irratti xiyyeeffachuu qabu.

- Dandeetii pirobleemota furuu gabbisuu;
- Barnoota herregaa barachuu isaanitti gamadoo ta'uu fi itti fufuun herrega qo'achuuf fedhii horachuu akaa danda'an jajjabeessuu,
- Wantoota baratan jireenya guyyuu isaanii keessatti hojii irra oolchuu akka danda'an gargaaruu.
- Amala fi ilaalcha barattootaa fooyya'aa fi gaggaarii ta'an jajjabeessuu.

Kanneen armaan olitti ibsaman irra qaqqabuuf , kaayyoowwan armaan gadii irratti xiyyeeffachuun barbaachiisaa ta'a. Kanaaf, xumura barnoota herrega kutaa okkoffaa booda barattoonni:

- Lakkofsota hndaa hamma 100 tti jiran ni lakkaa'u, ni dubbisu, ni barreessu.
- Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran mana lakkoofsotaan ni ibsu.
- Qabannaa fi sharafa maallaqaa irratti hubannoo ni argatu.
- Walakkaawwanii fi kurmaanota ibsuuf wantoota qabatamoo ta'an kanneen naanno isaanii jiranitti ni fayyadamu.
- Yuuniitota safarota dheerinaa, hangaa fi qabee dhangala'ootti gargaaramuun dheerina, hangaa fi qabee dhangala'oowwan naannoo isaan jiranii ni ibsu.
- Reektaangiloota,rogsadeewwanii fi geengoowwan hubachuun ni fakkeessu.

- Pirobleemota ida'uu fi hir'isuu lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiranii ofkeesssaa qabaan saffisaa fi qulquliinaan ni furu.
- Pirobleemota lakkoofsota 2 fi 10n baay'isuu lakkoofsota hundaa hamma 100tti ofkeessaa qaban ni furu.
- Pirobleemota lakkoofsota hamma 100tti jiran 2f hru ofkeesaa qabu ni furu.
- Hariiroowwan qoyyaboota bu'uuraa arfan giddu jiran keessa hamma tokko ni tarreessu.
- Pirobleemota jechaa kanneen jireenya isaanii guyyuu waliin walqabatan qooyyaboota bu'uura arfan Lakkofsota hndaa hamma 100 tti jiran ofkeessaa qaban ni furu.
- Waa'ee yeroo safaruu ni hubatu.
- Fakkiiwwanitti gargaaramuun daataawwan sassalphoo bakka ni buusu, ni dubbisu.

***BOQONNAA 1: LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9 TTI*** ***(Wayitii 20)***

***Kaayyoo Boqonnaa*:** Xumura Barnoota Boqonnaa kanaatti, Barattoonni:

- Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti ni dubbisu, ni barreessu.
- Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti jiran ni tartiibeesu.
- Mallattolee “<”, “>” fi “=” tti fayyadamuun lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti jiran waliin madaalu.

*Barattoonni wantoota naannoo isaanitti argamanii fi fakkiwwanitti fayyadamuun lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti jiran waliin walbaruu.*

*Yaadrimee lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti jiran waliin walbaruuf lakkoofsota kana baay’ina wantootaa wajjin walitti ni firoomsuu.*

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree xiqqaa kanaatti, barattoonni:<br>• Wantoota qabatamoo fi fakkiiwwanitti gargaaramuun lakkofsota waliin ni madaalu, ni tartiibeessu, walitti ni firoomsu.<br>• Dijiitoota 1-5 jiran ni dubbisu.<br>• Sagalee oli kassanii lakkoofsota lakkaawii xiqqaa gara guddattii fi gudda gara xiqqaatti ni dubbisu.<br>• Lakkoofsota lakkaawwii 1-5 jiran ni barreessu.<br>• ***Mallattoolee “<”, “>” fi “=” addaan ni baasu, Ittis ni fayyadamu.*** | ***1. LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9 TTI***<br><br>**1.1. Lakkoofsota Lakkaawwii 1-5 Fi Tartiiba Isaanii**<br>**(*Wayitii 10*)** | Barattoonni gareen wantoota akka qadada qaruura, ija baaqeelaa cirrachaa fi k.k.f yookiin fakkiwwan wantoota ykn tuqaalee baay’inni isaanii 5 hin caalle tartiibeessuu. Walitti firoomsuu fi waliin madaalan shaakalsiisuu.<br>Jechoota akka “irra guddaa”, irra xiqqaa dha, “Wal qixaa” fi “baay’ee dha” jedhamanitti fayyadamuun wantoota bakka lamaatti walitti qabamee irratti gareen akka marii’atan gargaaruu, qajeelchuu fi raawwii isaanii hordofuu..<br>Wantoota naannoo isaanii jiranitti fayyadamuun mallattolee lakkoofsota lakkaawwii 1,2,3,4,5 waliin wal barsiisuu. Barattoonni mallatoolee lakkoofsotaa baay’ina wantootaa wajjin haala walitti firoomsuu itti shaakalan mijeessuu. Barattoonni lakkoofsota lakkaawwii 1-5 jiran xiqqaa gara guddaa fi guddaa irraa gara xiqqaatti akka lakkaa’uu shaakalan gargaaruu. Barattoonni bocoota adda addaa hojjachuu shaakalluun lakkoofsota 1,2,3,4,5 akka barreessuu shaakalan gargaaruu.<br>Barattoonni wantootaa qabatamootti fayyadamuun lakkoofsota akka waliin madaalan gochuu. Lakkoofsota lakkaawwii 1-5 jiran tartiiba eegan barreessuu shaakalsiisuu.<br>Sarara lakkoofsota dheeraa lafa irratti ykn gabatee gurraacha irratti fakkeessuu fi lakkoofsota 1-5 jiran irratti moggaasuun mallattoolee “<”, “>” “=” wajjin walbarsiisuu.<br>Barattoota Wantootaa qabatamoo fi sarara lakkoofsatti fayyadamuun mallattoolee lakkoofsota lakkaawwii 1-5 jiran shaakalsiisuu. |

### *Hordooffii fi Madaallii*

Baay’ina wantootaa lakkawwaman akka tartiibeessan, walitti firoomsanii fi waliin madaalan gaafachuu. Lakkoofsota lakkaawwii 1-5 jiran sagalee oli kaassaanii akka dubbisan gaafachuu. Lakkoofsota lakkawwii 1-5 jiran hammam barreessuu akka danda’an mirkaneessuu. Mallattoolee “<”, “>” fi “=” akka addaan baasan gaafachuu. Lakkoofsota lakkaawwii 1-5 jiran irraa olii fi irraan gadi akka lakkaa’an gaafachuu.

Barattoonni lakkoofsota lakkaawwii 6-9 jiran akka dubbisan gaafachuu. - Lakkoofsota lakkaawwii 6-9 jiran akka barreessaniif hojii daree kennuu. Lakkoofsota hamma 9tti jiran akka barreessaniif hojii mana kennuu. Lakkoofsota hamma 9tti jiran akka tartiibeessan gaafachuu. Dursaa fi itti fufaa lakkoofsa lakkaawwii 6-9 jiru kenname tokko akka himan gaafachuu..

**BOQONNAA 2:IDA'UU FI HIR'ISUU LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9TTI (*Wayitii 22*)**

***Kaayyoo Gooroo Boqonnaa* :**Xumura Barnoota Boqonnaa kanaatti, Barattoonni:

- Lakkoofsota lakkaawwii lama kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle ni ida'u.
- Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti jiranii fi kan hir'isaan hir'ataa hin caalle ni hir'isu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree xiqqaa kanaatti, barattoonni:<br>• Lakkoofsota lakkaawwii hamma 5tti jiran lama kanneen ida'amni isaanii 5 hin caallewalitti ni ida'u.<br>• Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti jiran kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle walitti ni ida'u. | **2:IDA'UU FI HIR'ISUU LAKKOOFSOTA LAKKAAWWII HAMMA 9TTI**<br><br>***2.1. Ida'uu Lakkoofsota Lakkaawwii Kanneen Ida'amni Isaanii 9 Hin Caalle (Wayitii 9).*** | Barattoonni wantootaa qabatamoo fakkiwwanii fi Abakasitti gargaaramuun lakkoofsota lakkaawwii lama kanneen ida'amni isaanii 5 hin caalle akka ida'an shaakalsiisuu. Mallattoole "+" fi "-" waliin walbarsiisuu fi ida'uu lakkoofsota lakkaawwii lama mallattoo kanaatti fayyadamanii dalga akka barreessan gaafachuu. Yaada "ida'uu" fi ida'ama jedhu waliin wal barsiisuu fi jechaan akka itti fayyadamuu shaakalan gochuu.<br>Wantootaatti fayyadamuun qofa amala jijjiiraa iddoo kan ida'uu akka hubatanii fi itti gargaaraman taasiisuu. Wantootaa qabatamoo fi gilgaalotatti fayyadamuun yaada ida'uu lakkoofsota lakkaawwii kanneen ida'amni isaanii 9 hin caallee akka cimsatan gochuu (jechaa fi barreeffaman). -Barattoonni ida'uu lakkoofsota lakkaawwii dalgaa fi irraan gade akka ida'ani barreessan gochuu.<br>-Barattoonni pirobleemota jechaa kan ida'uu of keessaa qaban akka furan taasiisuu. **Fkn.** Ani mataa koo keessatti waa'ee lakkoofsa tokkoon yaada. Lakkoofsan mataa koo keessatti yaade kanaatti lakkoofsa 5 yoon ida'e 8 ta'a yoo ta'e, lakkoofsiin anni yaade kun enyu? |
| Xumura barnoota mata duree xiqqaa kanaatti barattoonni:<br>• Lakkoofsota lakkaawwii kan hir'isaan hir'ataa hin caalle kanneen caalmaan isaanii 5 hin caalle ni hir'isu.<br>• Lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti kanneen hir'isaan hir'ataa hin caalle ni hir'isu.<br>• Hariiroo ida'uu fi hir'isuu gidduu jiru ni ibsu.<br>***Piroobilemota sasalphoo*** | ***2.2. Hir'isuu Lakkoofsota Lakkaawwii Hamma 9tti (Wayitii 9)*** | Wantootaa qabatamoo lakkaa'amanitti, abaakasiitti, fakkiwwan ykn filaash kaardootatti fayyadamani lakkoofsota lakkaawwii lama kanneen hir'isaan hir'ataa hin caalle hamma 5tti hir'isuu shaakalaa yaadrimee hir'isuu akka cimsatan gargaaruu.<br>Hir'isuu jechaa fi mallattoo isaa waliin walbarsiisuu fi dalgaa fi irraan gadee barattoonni hir'isuu akka shaakalan haala mijeessuu.<br>Yaada "hir'isuu" fi "caalmaa barbaduu" jedhuun wal barsiisuu fi jechaan barattoonni akka shaakalan haala mijeessuu.<br>Hir'isuu lakkoofsota lakkaawwii hamma |

| | | |
|---|---|---|
| ***hir'isuu ni furu.*** | | 9tti irran gadee fi dalga hir'isuun shaakala gahaa taasiisuun barattoonni yaad rimee hir'isuu akka cimsataan gochuu.<br>Hariiroo ida'uu fi hir'isuu gidduu jiru, hir'isuun qooyyaba galgaltoo ida'uu ta'u barattoonni baay'ina wantootatti fayyadamuun haala itti hubatan mijeessuu.<br>**Fkn**: 8-2 = 6 jechuun 2 + 6 = 8<br>Piroobilemoota hir'isuu akka furan shaakalsiisuu. |
| Xumura barnoota mata duree xiqqaa kanaatti, Barattoonni:<br>***Lakkoofsota lakkaawwii sadii kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle ni ida'u.*** | *2.3.* ***Ida'uu Lakkoofsota Lakkaawwii Sadii Kanneen Ida'amni Isaanii 9 Hin Caalle*** *(Wayitii 9)* | Wantoota qabatamoo fi gilgaalota fayyadamuun ida'uu lakkoofsota lakkaawwii sadii kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle akka ida'uu shaakalan haala mijeessuu.<br>***Fkn:*** 1 + 3 + 5 fi 2 + 3 + 4<br>Piroobilemoota jechaa sasalphoo kanneen ida'uu lakkoofsota lakkaawwii sadii hamma 9tti ofi keessaa qaban kennuufin furuu akka shaakalan taasisuu.<br>Piroobilemoota jechaa sasalphoo kennuutin furuu shaakalsiisuu. |

- Lakkoofsota lakkaawwii sadii kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle ni ida'u.

***Hordoffii fi Madaallii***

Jechaan(osoo hin barreessiin) ida'uu lakkoofsota lakkaawwii kanneen ida'amni isaanii 5 hin caalle gaafachuu. Ida'uu lakkoosota lakkaawwii lama kanneen ida'amni isaanii 5 hin caalle ilaalchisee hojii daree yookiin mana kennuu. Ida'uu lakkoofsota lakkaawwii lama kanneen ida'amni isaanii 9 hin caalle jechaan(osoo hin barreessiin) gaafachuu.

Gaafilee hir'isuu hamma 5tti gaafatan jechaa fi barreeffaman kennuu.

***Fkn:*** 5-2=?

Jechaa fi barreeffamaan gaafilee hir'isuu lakkoofsota lakkaawwii hamma 9tti gaafatan kennuu. Ida'uu ida'amtoota sadii irratti hojii daree fi hojii mana kennuu

***Fkn:*** 2+4+1=?

***BOQONNAA 3: LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI*** ***(Wayitii 12)***

***Kaayyoo Gooroo Boqonnaa***

Xumura Barnoota Boqonnaa kanaatti, Barattoonni:

- Zeroo jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu;zeeroo mallattoo isaatiin ni ibsu.
- Lakkoofsota Hundaa hamma 20tti jiran ni dubbisu, ni barreessu, ni tartiibeessu.
- Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran mana lakkoofsotaan ni ibsu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura mata duree xiqqaa kanaatti, barattoonni:<br>• Zeroo jechuun maal akka ta'e ni ibsu.<br>• Mallattoo zeroo ni barreessuu, Zeroo ni dubbisu.<br>• Zeroo (0)tti fayyadamuun lakkoofsota ni tartiibeesu.<br>• Lakkoofsota waliin ni madaalu.<br>• Zerootti fayyadamuun ni ida'uu, ni hir'isu. | ***3. LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI***<br><br>**3.1. Lakkoofsa Zeroo**<br>(***Wayitii 3***) | Wantoota lakka'amanitti gargaaramuun barattoonni yaada lakkoofsa zeeroo haala itti hubatan mijeessuu.<br>Barattota mallattoo zeroo barreessuu shaakalsiisuu.<br>Barattoonni lakkoofsota hundaa zeroo dabalatee jiran akka tartiibeesanii fi waliin madaaluu shaakalan gargaaruu.<br>0 tti fayyadamuun gilgaalota ida'uu fi hir'isuu ni furuu akka shaakalan gargaaruu. |
| Xumura barnoota mata duree kanaatti, barattonni lakkoofsota hundaa hamma 20tti xiqqaa irraa gara guddaa fi guddaa irraa gara xiqqaatti ni lakkaa'u,<br>-Lakkoofsota hundaa gidduu 10 fi 20 jiran akka ida'ama 10 fi lakkoofsa abbaa dijiitii 1ttiin ni ibsu.<br>-Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiraniif dursaa fi itti fufaa isaanii ni himu.<br>-Lakkoofsota hundaa | **3.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20 Fi Tartiiba Isaanii**<br>(***Wayitii 3***) | Gaafilee qomaatiin barnoota darbee waa'ee lakkoofsota hundaa hamma 9 jiran keessaa akka deebi'an qajeelchuu.<br>-Lakkoofsota hundaa 10 hamma 20tti jiran wantoota qabatamoo fi ida'uutti fayyadamuun wal barsiisuu.<br>***Fkn:*** 10 + 1 = 11     10 + 3 = 13<br>10 + 2 = 12     10 + 10 = 20<br>-Lakkoofsota hundaa 20tti barreessuu shaakalsiisuu.<br>-Barattoota lakkoofsota hundaa abbaa dijiitii lama gara ida'ama 10 fi lakkoofsa abbaa dijiitii 1tti qoodu shaakalsiisuu.<br>***Fkn:*** 17 = 10 + 7 (Yoo jiraate Abaakasitti fayyadam).<br>Barattonni sarara lakkoofsaa fi qomaatti fayyadamuun lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran mallatolee "=", "<", ">" gargaaramuun akka waliin madaallan gochuu.<br>***Fkn:*** 17 = 10+7 (yoo jiraate Abaakasitti fayyadam). |

| | | |
|---|---|---|
| hamma 20tti jiran mallattolee “=”, “<”, “>” tti fayyadamuun waliin ni madaalu. | | -Barattonni sarara lakkoofsaa fi qamaatti fayyadamuun lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran mallatolee “=”, “<”, “>” gargaaramuun akka waliin madaallani gochuu. |
| Xumura barnoota mata duree xiqqaa kanaatti barattonni.<br>Sirna mana lakkoofsa lakkoofsota hamma 20tti ni ibsu. | **3.3. Sirna Mana Lakkoofsotaa**(***Wayitii 3***) | Sirna mana lakkoofsotaan barattonni lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran mana kudhanii fi mana tokkootti akka ramaduu fi ibsuu shaakalan gochuu. Kanas abaakasitti ykn muka kuidhan- kudhaniin hidhame fi tokko tokkoon jirutti fayyadamuu hubannoon isaanii akka cimu gargaaruun ni mala. |

## *Hordoffii fi Madaallii*


Barattootaf hojii daree fi mana itti fayyadama lakkoofsa ‘0’ ida’uu fi hir’isuu lakkoofsota irratti kennuun hojii isaanii madaaluu.
***Fkn:*** 5 + 0 = ?, 5-0 = ?
Lakkoofsota hundaa hamma 20tti akka lakkaa’anii fi akka barreessan barattoota gaafachuu.

Lakkoofsota hundaa 10 fi 20 gidduu jiran akka ida’ama 10 fi lakkoofsa abbaa dijiitii tokkotti akka barreessan barattoota gaafachuu.
Lakkoofsota hundaa kennaman lama gidduu mallattolee“<”,“>” ykn “=” keessaa tokko akka ka’an gaafachuu.
Mana lakkoofsotaa kan lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran akka himan gaafachuu

***BOQONNAA 4: IDA'UU fI HIR'ISUU HAMMA 20TTI*** ***(WAYITII 17)***

***Kaayyowwan Boqonnaa:*** Xumura barnoota boqonnaa kanaatti, barattonni:

- Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen ida'amni isaanii 20 hincaalle walitti ni ida'u.
- Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiranii fi kanneen hir'isaan hir'ataa hincaalle walirraa ni hir'isu.
- Lakkoofsota hundaa hamma 20 jiran irratti piroobileemota ida'uu fi hir'isuu ni furu.

| *Kaayyoowwan* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree xiqqaa kanaatti, barattonni:<br>• Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen ida'amni isaanii 20 hincaalle ni ida'u.<br>• Damee ida'uu lakkoofsotaa hojjachuun lakkoofsota hundaa 1-20 jiran damee demeetti ni qoodu.<br>• Ida'uu fayyadamuun hariiroo irraa xiqqaa fi irraa guddaa ni kennu. | ***4. IDA'UU fI HIR'ISUU HAMMA 20TTI***<br><br>***4.1. Ida'uu Hamma 20tti. (Wayitii 3)*** | Barattonni dandeetii ida'uu lakkoofsota hundaa ida'amnii isaanii hamma 20 babal'isuuf wantoota qabatamoo fayyadamuun akka shaakalan gargaaruu.<br>o o o o o o o o \| o o o o o o \| o o o o o oo oo oo o o o<br>8 + 6 = 14<br>Barattonni damee ida'uu lakkoofsota hundaatti gargaaramuun dandeettii ida'uu isaanii akka cimisatan gargaaruu.<br><br>Toftaa ida'uun hariiroo irraa xiqqaatiif barattonni sababa akka kennan gaafachuu. ***Fkn.*** 6 < 8 sababni isaas 8 = 6+2 fi 9<13 sababni isaas 13 = 9 + 4. Kana agarsiisuuf sarara lakkoofsaattis fayyadamuu. |
| Lakkoofsota hundaa hamma 20 jiran kannen hir'isaan hir'ataa hin caalletti fayyadamuun ni hir'isu. | ***4.2. Hir'isuu Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti (Wayitii 3)*** | • Wantoota naannoo isaanii jiranii fi lakkaa'uuf mijaa'oo ta'anitti fayyadamuun lakkofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen hir'isaan hir'ataa hincaalle walirraa hir'isuu akka shaakalan haala mijeessuu. |
| Xumura baranoota mata duree kanaa booda, baratt oonni,Pirobleemota sassalphoo yaadrimeew wan ida'uu fi hir'isuu lakkoo fsota hundaa hamma 20tti jiran of keessaa qaban ni furu. | ***4.3. Pirobleemot Ida'uu fi Hir'isuu (Wayitii 3)*** | Barattoonni cimdii cimdiin ta'anii pirobleemota kanneen akka armaan gadii furu akka shaakalan gargaaruu.<br>Lakkoofsa bade barbaaduu.<br>$5 + ? = 12 \geq$ fi $18-? = 4$<br>• Pirobleemota akkanaa qopheessani furuun barattoota maddii isaani jiran akka gaafatan qajeelchuu. |

***Hordoffii fi Madaallii***

Ida'uu lakkoofsota hundaa ida'mni isaanii 20 hincaalle hamma 20 irratti hojii daree fi mana kennuu.

Lakkoofsota hundaa hamma 10tti jiran bifa adda addaatiin barattonni akka qoodan gaafachuu fi hojii isaanii madaaluu.

Dandeetii yaada kennuu barattoota xiinxaluu.

Hir'isuu lakkoosota hunda hamma 20 irratti hojii daree fi mana kennuu.

Gaafilee hir'isuu lakkofsota hundaa hamma 20tti jiran kanneen hir'isaan hir'ataa hincaalle fi liqeeffannaa hinqabne akka hojjatan gaafachuun hojii isaanii madaaluu.

Pirobleemota sassalphaa qopheessuun akka furan gaafachuu

## *BOQONNAA 5: YUUNIITOTA AADAATIIN SAFARUU (WAYITII 9)*

***Kaayyoo Gooroo:*** Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda; barattoonni:

- jireenya guyyuu isaanii keessatti barbaachisummaa waa safaruu ni ibsu.
- jecha mijaawwaadhaan dheerina, hanga fi qabee dhangala'aa ni ibsu.
- yuuniitota waalta'aa hintaaneen dheerina, qabee dhangala'aa fi hanga ni safaru, waliin ni madaalu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree kanaa booda, barattonni:<br>• Fayidaa waa safaruu ni ibsu.<br>• Yuunitota safara dheerinaa waalta'aa hintaanee kanneen akka kaballaa harkaa, faanaa fi taakuu dhaan ni safaru.<br>• Jechoota mijaawoodhaan dheerina ni ibsu. | ***5: YUUNIITOTA AADAATIIN SAFARUU***<br>***5.1. Safara Dheerinaa***<br>***(Wayitii 3)*** | Jireenya isaani guyyuu keessatti barbaachisummaa waa safaruu fakkeenyotaan gargaaramuun akka mariyatan qajeelchuu.<br>Safaroota dheerina wantootaa dheeraa ykn gabaabaa jechuun akka waliin madaalan (wal bira qabuun) gargaaruu.<br>***Fkn*** qubeesota ykn mukkeen gaggabaaboo fi wantoota kutaalee keessa akkasumas naannoo isaanii jiran |
| • Qabee dhangala'aa meeshaalee kanneen akka kubbaayyaa ykn qarooraadhaan ni safaru.<br>Qabee wantoota addaa addaa waliin ni madaalu. | ***5.2. Qabee Dhangala'aa Safaruu (Wayitii 3)*** | qabee dhangalaa'oo safaruuf wantoota gargaaran akka fidan qajeelchuu.<br>Wantoota safara dhangala'ootti bishaan naquun jechoota "guutuu", fi "duwwaa" tti gargaaramuun ibsuu akka shaakalan gargaaruu.<br>Qaruuraa kenname tokko guutuuf bishaan kubbayyaa meeqaa barbaachisa jechuun jechoota "irra caalaa" fi "xiqaa" tti gargaaramanii akka ibsuu shaakalan gargaaruu. |

***Horodoffii fi Madaallii***

Barattoonni dheerina deeskii isaanii taakkuudhaan safaranii akka gabaasan gaafachuu

Barattoonni cimdiin ta'anii dalgee of olee (fakkeenyaaf : dirree taphaa) tarkaanfii fa'aan akka safaran gaafachuu.

## BOQONNAA 6: SEENSA FIRAAKSHIINOTAA

***( Wayitii 6 )***

***Kaayyoo Gooroo: Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda;***

barattoonni wantoota qabatamoo ta'an bakkeewwan walqixaa ta'an lama lamattii fi afur afuritti qoqqooduun jecha "walakkaa", "kurmaana" fi kurmaanota sadii jedhutti ni fayyadamu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree kanaa booda, barattoonni:<br>• Hubannoo walakkaawwani ilaalchisuun qaban ni ibsu.<br>• Walakkaawwan meeqaa guutuu tokko akka ta'an ni himu.<br>• Walakkaawwan kanneen hintaanes ni himu. | **6. SEENSA FIRAAKSHIINOTAA**<br><br>**6.1. Walakkaawwan**<br>(***Wayitii 3***) | Wantoota naannoo isaanitti argamanii fi mataduree kana hubachuuf mija'oo ta'an (**fkn.** waraqaa, fi kkf) bakka lama lamatti qoqqooduun kanneen walakkaa ta'anii fi hintaanee addaan baasanii akka ibsuu shaakalan gargaaruu. |
| • Hubannoo kurmaanota ilaalchisun qaban fakkeenyaan ni ibsu.<br>• Kurmaanonni meeqa guutuu tokko akka ta'an ni himu. | 6.2.**Kurmaanota (Irboowwan)**<br>(***Wayitii 3***) | Wantoota mummuruun ykn waraqaa irratti fakkeessuun kurmaanota sadii fi kurmaan tokko akka agarsiisuu shaakalan qajeelchuu.<br>Kurmaanonni meeqa guutu tokko akkasumas walakkaa tokko akka ta'an irratti akka mariyatan qajeelchuu. |

### *Horodoffii fi Madaallii*

Walakkaa waraqaa tokkoo akka fakkeessan gaafachuu.

Geengoo fakkeessuun kurmaana (irboo) tokko guraacheessani akka ibsan gaafachuu.

## BOQONNAA 7: LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI LAMAAN BAAY'ISUU fI LAMAAF HIRUU *(Wayitii 22)*

**Kaayyoo Gooroo:** Xumura barnoota boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Mallattooee baay'isuu fi hiruu addaan ni baafatu.
- Lakkoofsota hundaa hamma 10tti jiran lamaan ni baay'isu.
- Lakkoofsota hundaa hamma 20tti jiran lamaaf ni hiru.

Boqonnaa kana jalatti barattoonni, seensi lamaan baay'isuu ni kennamaaf. Baay'isuu akka irra deddeebi'uun ida'uutti hubachuun mallattoo baay'isuu waliin wal ni baru. Jechoota "baay'isuu", "baay'ataa", "si'a," fi "hirmataa" tti ni fayyadamu. Wantoota qabatamoo bakka walqixaa lama lamatti qoqqooduun walqabsiisuun lamaaf hiruu ni shaakalu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mataduree kanaa booda, barattoonni:<br>• baay'isuu akka irra deddeebi'anii ida'uutti ni ibsu.<br>• Mallattoo baay'isuu fi jechoota "si'a", "baay'isuu", "baay'ataa", fi "hirmaataa" jedhanitti ni fayyadamu.<br>• Lakkoofsoota hundaa kan baay'ataan isaanii 20 hincaalle lamaan ni baay'isu. | **7. LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 20TTI LAMAAN BAAY'ISUU fI LAMAAF HIRUU**<br><br>***7.1. Lamaan Baay'isuu Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti Jiranii***<br>***(Wayitii 10)*** | Wantoota qabatamootti gargaaramuun lamaan baay'isuu bifa irra deeddeebi'uun ida'uu tti akka hubatan gargaaruu.<br>***Fkn:*** 2 x 3 = ***2 + 2 + 2*** = **6**<br>Jechoota haarawaa "si'a" "baay'isuu" "baay'ataa" fi "hirmaataa" jedhaniin haala itti shaakalan mijeessuu.<br>Gabatee 2n baay'isuu qopheessuun akka dubbisuu shaakalan qajeelchuu.<br>Amala jijjiirraa iddoo haala itti hubatan mijeessuu. ***Fkn.*** 2 x 3 = 3 x 2.<br>Pirobleemota jechaa sassalphoo baay'isuun walqabatan akka furuu shaakalan gargaaruu. |
| • Lamaaf hiruun bakka walqixaa lamatti qooduu akka ta'e ni himu.<br>• Mallattoo hiruu fi jechoota "hiruu" jedhutti ni fayyadamu.<br>• Hariiroo 2n baay'isuu fi 2f hiru gidduu jiru ni ibsu.<br>• Piroblemota ni furu. | ***7.2. Lakkoofsota Hundaa Guutuu fi Hamma 20tti jiran 2f Hiruu***<br>***(Wayitii 12).*** | Yaadrimee 2f hiruu wantoota bakka walqixaa lamatti qooduu ta'uu isaatiin walqabsiisuun haala itti hubattan mijeessuu.<br>Cimdii cimdidhaan ta'anii wantoota qabatamootti gargaaramuun lamaaf hiruu fi lamaan baay'isuu akka shaakalan gargaaruu.<br>Barattoonni hariiroo hiruu fi baay'isuun waliin qaban fakkeenyaan ibsuu akka shaakalan gargaaruu.<br>**Fkn.** 2 x 3 = 6 jechuun 6 ÷ 2 = 3 ykn 6 ÷ 3 = 2 jechuudha.<br>Pirobleemota jechaa lamaaf hiruu ofkeessa qaban haala fuuruu itti shaakalan mijeessuu. |

### *Horodooffii fi Madaallii*

Mallattoo baay'isuu akka addaan baasanii ibsan gaafachuu.

Hima baay'isuu kan akka 2x3 = 6 akka dubbisan gaafachuu.

Baay'attoota lamaa walitti aananii fi 20 hincaalle akka tarreessanii fi dubbisan gaafachuu.

Wantoota baay'inna hamma 20tti qaban bakka walqixaa 2tti akka hiran gaafachuu.

Mallattoo hiruu akka addaan baasanii himan gaafachuu.

## BOQONNAA 8: SARAROOTAA fI BOCOOTA SASSALPHOO *(Wayitii 10)*

***Kaayyoo Gooroo:*** Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni:

- Sararoota qajeeloo fi kanneen qajeeloo hin taane addaan baasanii ni fakkeessuu.
- Reektaangilota, geengowwan, rogsadeewwanii fi bocoota sassalphoo addaan ni baafatu, ni fakkeessuu.

Boqonnaa kana jalatti bocoonni addaa addaa naannoo barattootaatti argaman ni hubatamu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mataduree kanaa booda, barattoonni:<br>• sararoota qajeeloo fi daddaboo addaan baasanii ni himu, ni fakkeessu. | **8. SARAROOTAA fI BOCOOTA SASSALPHOO**<br><br>***8.1. Sararoota Qajeeloo fi Sararoota Daddaboo***<br>***(Wayitii 4).*** | Barattoonni wantoota naannoo isaanii jiraniin walqabsiisanii fakkeessaa haala itti hubatan mijeessuu.<br>Sarartootti fayyadamuun sararoota qajeeloo fi sararoota daddaboo fakkeeessu  akka shaakalan gargaaruu. |
| • Bocoota sassalphoo wantoota  naannoo isaanitti argamanitti gargaaramuun rogsadoota, reektangiloota, fi geengoowwan addaan ni baafatu. | ***8.2. Bocoota Sassalphoo***<br>***(Wayitii 6).*** | Naannoo isaaniin walqabsiisanii fakkeenyota reektaangilii, geengoo fi rogsadee addaan baasanii himuu akka shaakalanii fi agarsiisan gargaaruu.<br>Waraqaa ykn waan biraa irraa boca kennameef muraanii baasuun fakkii manaa, rogsadee ykn kkf akka ittin hojjachuu shaakalan gargaaruu.<br>Harkaan qubeessatti gargaaramani bocoota addaa addaa fakkeessuu akka shaakalan gargaaruu. |

### *Horodooffii fi Madaallii*

Wantota naannoo isaanii jiran irraa sararoota qajeeloo fi sararoota daddaboo akka addaan baasanii himanii fi fakkeessan gaafachuu.

Bocoota addaa addaa akka addaan baasanii himan, muranii baasuun agarsiisanii fi fakkeessan gaafachuu

***BOQONNAA 9: LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 100TTI*** ***(Wayitii 18)***

**Kaayyoo Gooroo:** Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni:

- Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran 10, kudhan-kudhaniin ni lakkaa'u.
- Baay'attoota 10 hamma 100tti jiran ni ida'u, ni hir'isu.
- Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran ni dubbisu, ni barreessuu, mallttoolee <, =, ykn > tti gargaaramanii waliin ni madaalu.
- Lakkoofsota lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran mana kurnanii fi mana tokkeen ni ibsu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi Madda* |
|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree kanaa booda, barattoonni;<br>• baay'attoota 10 hamma 100tti jiran addaan ni baafatu, ni dubbisu, ni barreessuu,<, = , fi > tti gargara uun waliin ni madaalu, walitti ni ida'u, walirra ni hir'isu.<br>• baay'attoota 10ttigargaaram uun piroblemota jechaa sassalphoo ni furu. | ***BOQONNAA 9: LAKKOOFSOTA HUNDAA HAMMA 100TTI***<br><br>***9.1. Baay'attoota 10 Hamma 100tti***<br>***(wayitii 6)*** | **-** hdihaa mukaa ykn kan biraatti gargaaramuun baay'attoota 10 hamma 100tti jiran lakkoofsota **1** hamma 10tti jiraniin baay'isuun walqabsiisanii addaan baafachuu akka shaakalan qajeelchuu.<br>Diddriirsuun, lakkaa'uun, dubbisuun, waliin madaaluu, problemoota jechaa furuu fi toftaalee addaa addaatiin baay'attoota 10 addaan baafachuu akka shaakalan gargaaruu. **Fkn.** 70 >40. Sababni isaas 7 > 4 .Akkasumas 20 < 30 . sababiin isaas 20 + 10 = 30 waanta'eefi. |
| • lakkoofsota hundaa 21-100tti jiran ni barreessuu, ni dubbisu. | ***9.2. Lakkoofsota Hundaa 21 Hamma 100tti Jiran***<br>***(wayitii 6).*** | Abaakasii ykn wantoota mijaa'woo ta'an kan birootti gargaaramuun lakkoofsota 21-100 tti jiran, bifa baay'ataa 10 fi ida'ama lakkoofsa 1-10 jiruun ibsuu, lakkoofsota kanniin dubbisuu, fi barreessuu akka shaakalan gargaaruu.<br>***Fkn:*** 20 + 23= 23<br>45 = 4 × 10 + 5 |
| Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran waliin ni madaalu,ni tartiibessu,<br>• Lakkofsotaa tarti fi lakkaa'ota addaan ni baafatu. | ***9.3. Tartiiba Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran (wayitii 3)*** | Chaartii lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiraniitti gargaaramuun, lakkoosota hundaa hamma 100tti jiran waliin madaaluu, tarhiibessuu, lakkoofsota lama kennaman gidduu lakkofsota tartii jiran akka himuu fi lakkaawotaa fi lakkoofsota addaan baasanii ibsuu akka shaakalan gargaaruu. |
| - Mana lakkoofsota lakkoofsota dijiitota lama qabanii ni ibsu. | ***10.5 Mana Lakkoofsotaa Hamma 100tti***<br>***(wayitii 3)*** | - Lakkoofsota hamma 99tti jiran bifa ida'ama kurnanii fi tokkeewwaniitiin ibsuu shaakaliisuun haala mana lakkoofsotaa itti hubatan mijeessuu. |

### *Horodooffii fi Madaallii*

Baay'attoota 10 hamma 100tti jiranii akka, dubbisanii fi tarreessan gaafachuu. Baay'attoota 10 < 100 ta'an lama walitti akka ida'an ,walirraa hir'isanii fi waliin madaalan gaafachuu. Lakkoofsota hundaa lamma 100tti jiran akka dubbisan fi barreessan gaafachuu.

Lakkoofsota hundaa hamma 100tti jiran akka tartiibessanii fi waliin madaalan gaafachuu

Lakkoofsa kennamee mana lakkoofsaan akka ibsan gaafachuu.

***BOQONNAA 10: MAALLAQA ITOOPHIYAA*** ***(Wayitii 5)***

**Kaayyoo Gooroo:** Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni

- Nootiiwwanii fi dinaarota Itoophiyaa ni hubatu.
- Hariiroo dinaara abba saantima 10 fi qarshii tokko gidduu jiru ni himu.
- Maallaqa Itoophiyaatiin ni bitu, ni gurguru.

Boqonnaa kun seensa maallaqa Itoophiyaa ti. Barattoonni hariiroo dinaara abba saantima tokkoo fi qarshii tokko gidduu jiru ni baru.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda* | *Tooftalee madaallii* |
|---|---|---|---|
| Xumura barnoota mataduree kanaa booda, barattoonni:<br>• nootiiwwanii fi dinaarota addaa addaa kan Itoophiyaa addaan ni baafatu. | ***10. MAALLAQA ITOOPHIYAA***<br><br>**10.1. Dinaarotaa Fi Nootiiwwan** ***(Wayitii 3)*** | Dinaarootaa fi nootiiwwan ykn fakkii isaaniitti gargaaramuun dinaaroota abbaa saantima 1, abbaa saan himoota 5, 10, 25 fi 50 akkasumas nootiiwwan abbaa qarshii 1,5,10,50 fi 100 addaan baafachuu akka shaakalan gargaaruu. | |
| • Hariiroo santimaa fi qarshii gidduu jiru ni ibsu.<br>• Gahee taphachuu keessatti bittaa fi gurgurtaaf maallaqa Itoophiyaatti ni fayyadamu. | **10.2. Hariiroo Saantimaa Fi Qarshii Gidduu Jiru** ***(Wayitii 2).*** | Hariiroowwan dinaaroota addaa addaa itti gargaaramuun gahee taphachuun bittaa fi gurgurtaa haala itti shaakalan gargaaruu. | . |

***Horodooffii fi Madaallii***

Notiiwwanii fi dinaarota addaan baasanii akka himan gaafachuu.

Dinaarotaa abbaan saantima 10 meeqa qarshii tokko akka ta’u gaafachuu

***BOQONNAA 11: YEROO*** ***(Wayitii 5)***

***Kaayyoo Gooroo:*** Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni:

- Waree dura, waree booda fi galgala jechuun jireenya guyyuu isaaniin walqabsiisanii yeroo ni himu.
- Guyyoota torbanii ni tarreessu.
- Sa'aatii (meeshaa) irraa sa'aatiin meeqa akka ta'e ni himu.

| ***Kaayyoowwan Gooree*** | ***Qabiyyee*** | ***Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda*** | ***Tooftalee madaallii*** |
|---|---|---|---|
| Xumura barnoota mata duree kanaa booda, barattoonni:<br>• qoqqoodama yeroo guyyaa jechoota addaa addaan ni ibsu.<br>• Sa'aatii (yeroo) saatii (meeshaa) irraa ni dubbisu. | ***11: YEROO (Wayitii 5)***<br><br>**11. 1. Qoqqoodama Yeroo Guyyaa**<br>***(Wayitii 3).*** | Yeroowwan addaa addaa guyyaa tokko keessa jiran jireenya guyyuu isaaniin ganama, waree dura, waaree booda, galgalaa fi halkan jechuun jireenya guyyuu isaaniin addaan baasanii ibsuu, meeshaa saa'aatii irraa sa'aa dubbisuu akka shaakalan gargaaruu. | |
| • Guyyoota torbaani tartiiban ni himu.<br>• Maal gaafa kam torban keessatti akka hojjatan ni himu. | **11.2. Guyyoota Torbanii**<br>***(Wayitii 2).*** | Chaartiitti gargaaramuun guyyoota torbanii waliif dubbisaa akkasumas torban keessatti yoom maal akka hojjatan waliif himaa akka shaakalan gargaaruu. | . |

***Horodooffii fi Madaallii***

Yeroo meeshaa saa'aatii irraa akka dubbisan gaafachuu.

Guyyoota torbanii akka tarreessan gaafachuu

***BOQONNAA 12: QABANNAA DAATAA fI PAATARNII*** ***(Wayitii 5)***

***Kaayyoo Gooroo:*** Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni

- danaalee salsalphoon daata ni galmeessuu.
- daataa fakkiiwwan sasalphoo irraa ni dubbisu.
- Paatarniiwwan sasalphoo kan bocootaa, halluuwanii fi lakkoofsota itti ni fufu, ni uumu.

| ***Kaayyoowwan Gooree*** | ***Qabiyyee*** | ***Gocha Baruu fi Barsiisuu fi madda*** |
|---|---|---|
| • fakkiiwwan sassalphoo fayyadamanii wantoota guyyuutti isaan qunnaman ni rageessu.<br>• Daataa fakkii irraa ni dubbisu. | ***12: QABANNAA DAATAA fi PAATARNII***<br><br>**12.1. Giraafota Fakkii Sassalphoo *(Wayitii 3)*** | Fakkiiwwan sassalphootti gargaaramuun haala qileensaa guyyota torbanii galmeessuu fi giraafota fakkiitti gargaaramuun daata kan biroos kuufachuu fi ibsuu akka shaakalan gargaaruu. |
| • Paatanii bocootaa, haaluuwwanii fi lakkoofsotaa kanneen kennaman itti ni fufu.<br>• Paatarnii haarawaa ni uumuu. | **12.2. Paatarnii**<br>***(Wayitii 2)*** | Paatarni kenname itti fufuu fi ofii fis qopheessuu fi geemii paatarnii ofkeessaa qabu akka uumuu walgaafataa shaakalan haala mijeessuu. |

### *Horodooffii fi Madaallii*

Fakkiitti sassalphoo gurgaaramani waan guyyaa tokkotti hubatan akka ibsan gaafachuu.

Paatarnii kennametti akka fufani himan gaafachuu.